
In partnership with Canada

PLAN INTERNATIONAL
Until we are all equal

MOOJULII LEENJII, GORSAA FI AKEEKA DARGAGGOOTA HOGGANTOOTA TA'ANII



Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaa
Deggersa maallaqaa Gloobaal Afeyiris Kaanaadaa (GAC) irraa argameen piroojektii Sagalee fi Geggeesummaa Dubartootaatiin kan Qophaa'ee
Amajjii, 2016 A.L.I
Finfinnee, Itiyoophiyaa

MOOJULII LEENJII, GORSAA FI AKEEKA DARGAGGOOTA HOGGANTOOTA TA'ANII

Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaa
Deggersa maallaqaa Gloobaal Afeyiris Kaanaadaa (GAC) irraa argameen piroojektii Sagalee fi Geggeesummaa Dubartootaatiin kan Qophaa'ee
Amajjii, 2016 A.L.I
Finfinnee, Itiyoophiyaa

Qopheessitoonni

Pilaan Intarnaashinaalii Itoophiyaa (Plan International Ethiopia), Garee hooggantoota piroojektii (WVL Project management Team)

Pilaan Intarnaashinaalii Kaanaadaa (Plan International Canada/CNO/) fi

Leenjistootaa fi Gorsitootaa Ijoo (Core Trainers and Coaches (CTC))

Abiiy H/mikaa'el

Awaqee

Mahadar Daadhii

Sintaayyoo Taammiruu

Gulaallii fi Hiika Afaanii	Pango Consaltansii
Graphic Design	Agegnehu Alene

Galata

Pilaan Intarnaashinaalii Itoophiyaa (PIE) miseensota garee CTC fi garee hooggansa pirojektii Sagalee Dubartootaa fi hoggansa Itoophiyaa (WVL) akkasumas garee Pilaan Intarnaashinaalii Kaanaadaa tumsa taasisaniif galata fi dinqisiifannaa isaa ibsuu barbaada. Qophii moojuulii ijaarsa dandeettii kanaa keessatti galata addaa Global affairs of Canada /GAC kan qophii moojuulii kanaaf maallaqa gumaacheef galchina. kana malees, adeemsa kana keessatti deeggarsa ogummaa fi hoggansa kennuu keessatti gumaachi Plan International Canada /CNO fi PMT taasisan kan dinqisiifamudha.

Dinqisiifannaa fi galatni onnee irraa madde miseensota garee CTC fuula haguugduu moojuulii kanaa irratti armaan olitti tarreeffamaniif, carraaqqii cimaa fi itti fufiinsa qabu, hojii cimaa yeroo dhiphaa kenname keessatti hojii qophii moojuulichaaf barbaachisu raawwachuu isaaniif ni mala.

Gabatee qabiyyee

Galata 1

Gabaajeewwan 4

Seensa 5

Galmaa fi kaayyoo Moojulichaa 5

Mala itti fayyadamaa 6

Boqonnaa 1: Yaad-rimee Hooggansaa 7

Kutaa 1ffaa: Hooggansaa fi Hoogganaa 7

1.1: Hooggansa Dargaggoota Dubartootaaf 7

Kaayyoowwan Barnootaa:..... 7

Qabiyyee Leenjii: Hooggansa 7

1.1.1 Haalota Hooggansaan walqabatan. 9

1.2. Hooggansa Dhaabbilee Dubartootaaf 10

1.3. Yaad-Rimee Hooggansaa Dargaggoota Dubartootaaf 11

1.3.1 Amaloota Hooggansa Bu'a qabeessaa 12

1.4: Yaad-rimee Hooggansaa Dhaabbilee Dubartootaaf 14

1.4.1 Amaloota Hooggansa Bu'a-qabeessummaa Dhaabbilee Dubartootaaf 15

Kutaa 2: Hooggansa Dargaggootaa Hubachuu 19

2.1 Yaadrimee Hooggansa Dargaggootaa, Hooggansa Dargaggoota Dubartootaaf..... 19

2.1.1 Gahee Koorniyaa fi Hooggansa Dargaggootaa 19

2.1.2 Barbaachissummaa hooggansa dargaggootaa? 20

2. 2 Yaadrimee hooggansa dargaggootaa dhaabbilee dubartootaaf 23

Kutaa 3: Maloota Hooggansaa..... 25

Kutaa 4: Barbaachisummaa Hoggansii Feminiistii Dhabama Walqixxummaa hir'isuuf..... 28

Kutaa 5: Olaantummaa Ilaalchaa Barnoota Hooggansa Dubartootaaf 31

Kutaa 6: Ajandaa Dargaggootaa fi Misoomaa (SDGS, AGENDA 2063) 33

Kutaa 7: Hooggansa Dargaggootaa Hunda Haammatoo ta'e 34

Kutaa 8: Seera/Naamusa/ 36

Boqonnaa 2 38
Kutaa 1; Of hubannaa 38
Kutaa 2; Dandeettii Qunnamtii 40
Kutaa 3; Ofitti amanamummaan dubbachuu 45
Kutaa 4: Murtee Kennuu 49
Kutaa 5: Rakkoo-Furuu 51
Kutaa 6: Bulchiinsa Wal-dhabdee 55
Kutaa 7: Walta'iinsaa fi Hojii Garee 59
Boqonnaa 3 61
Kutaa 1: Hooggansa dargaggootaa fi Duudhaalee Misooma Jaarmiyaa 61
Kutaa 2: Jijjiiramaa hawaassumaa/Guddina dhaabbattaaf gahee Gorsaa Dargaggoota shammarranii irratti xiyyeeffate 63
Kutaa 3: Gahee hojii tola ooltummaa fi hirmaanna hiika qabeessa jaarmiiyaa dubartoota keessatti qaban 67
Kutaa 4: Akkaataa/tarsiimoo turtii shaakalaa hammataa ta'eefi dhaabbilee dubarttota giddu galeessa ta'an irratti guddisuu fi hojiitti hiikuun danda'amurratti 69
Leenjii hoggansaa dubartoota dargaggootaa 77
Unka madaallii leenjii duraa 77
Leenjii hoggansaa dubartoota dargaggootaa 77
Unka madaallii leenjii boodaa 77
Pilaanii Intarnaashinaal-Itoophiya 78
Piroojektii sagalee dubartootaa hoggansa irratti 78
Unka gaaffii marsaa lammaffaa leenjii duraa 78
Pilaanii Intarnaashinaal-Itoophiya 78
Piroojektii sagalee dubartootaa hoggansa irratti 78
Unka gaaffii marsaa lammaffaa leenjii Boodaa 78
Pilaan Intarnaashinaal-Itoophiyaa 79
Piroojektii sagalee dubartootaa hoggansa irratti 79
Unka madaalli leenjii hooggansaa dubartotaaf 79

Gabaajeewwan

SDGs	Sustainable Development Goals (Galmoota Misooma Itti Fufiinsa Qabuu)
WOs	Women Organizations (Dhaabbilee Dubartootaa)
WVL	Women's Voice and Leadership (Sagalee Dubartootaa fi Hooggansa)
UN	United Nations (Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii)
YFL	Young female leaders (Hooggansa Dargaggoota Dubartootaa)
GTMOD	Gender Transformative Model for Organizational Development (Moodeela Jijjiirama Koorniyaa Misooma-Dhaabbilee)

Seensa

Moojulli kun hirmaattotaaf dandeettii bu'a qabeessa shamarran hooggantoota ta'aniif akkasumas dhaabbileen dubartootaa WOs hojii fi sagantaa isaanii dargaggootaaf mijatoo fi hirmaachisoo akka taasisan gargaara. Moojulichis hiika, yaadaa fi haammattummaa hooggansaa ibsuun eegala.Itti fufuunis yaadota akka akkaataa ilaalchaa, mul'ata, gatii, hojii garee fi walta'umsa caqasa.Dandeettiin namoota waliin walii galuun jiraachuu kutaa biraa Moojulii kanaa isa ijooti.Walumaa galatti, moojulichi bu'aa wal harkaa fuudhinsi guuddina dhaabilee/jijjiirama hawaasaa irratti qabu dargaggoota shamarranii hooggantoota ta'an irratti xiyyeeffachuun of keessatti haammata. Itti dabaluunis, walitti hidhaminsa hooggansi dargaggootaa, ajandaa Afrikaa 2063 fi galma walqixxummaa saalaa shanan UN 17 SDGn keessaa isa tokko waliin qabu ibsa. Dhimmi hooggansa dargaggoo murteessaa akka ta'e fi dhimmi hanqina wal-qixxummaa saala lameen gidduu jiru Itoophiyaa keessatti maal akka fakkaatu ibsuun gaariidha.

Galmaa fi kaayyoo Moojulichaa

Moojulli kun kan qophaa'e Sagantaa Sagalee Dubartootaa fi Hooggansa (WVL) Itoophiyaa keessaa cimsuu fi dhaabbilee dubartootaa WOs fi sochiilee mirga, walqixxummaa saalaa , gahuumsa dubartootaa fi shamarran gahoomsuu irratti hojjetan deeggaruuf akkasumas ijaarsa poolisiiwwan dhugaa irratti hundaa'anii fi dhiyeessii sagantaa walqixxummaa saalaa deeggaruuf qophaa'e. Dabalataanis, Dhaabbilee dubartootaa WOs deeggaruu fi gahoomsuun, dargaggoota dhaabbilee keessa galchuun hirmaannaa dubartoota hooggantoota ta'anii, ofitti amanamummaan isaanii akka guddatu fi gahee hooggantuumaa dhaabbilee garaa garaa keessatti qodda fudhachuuni fi hojii hooggansaa tarsiimoo (GTMOD) yaada keessa galchuun hojjetan uumuudha.

Moodelli hooggansa dargaggootaa kaayyoowwan lama of keessaa qaba.Inni jalqabaa, dargaggoota shamarranii (YFLs) dandeettii hooggansaa isaanii cimsuun miseensoota ykn hirmaattota dhaabbilee dubartootaa fi sochiiwwan dubartootaa irratti taasisuudha. Hooggansi dargaggoota shamarranii kun piroojektiiwwan garaa garaa keessatti haammatamus, hedduun isaanii dhaabbilee dubartootaatiin wal qabatu.Dhaabbileen dubartootaa adda-durumaan akka argamaniif, dhaloota boruu hooggantoota dargaggoo dubartootaa ta'uun sochii mirga dubartootaa hawaasa gidduu itti fufsiisuuf hojjechuudha. Hooggansi dargaggoota dubaraa carraa hooggantoota dubartootaa dhaabbilee dubartootaa keessa jiran waliin, walqunnamuun adeemsa hooggansa isaanii cimsuuf karaa bana.Kunis, hirmaannaa namoota garaa garaa dabaluun, dubartootni dargaggoon dhaabbilee dubartootaatti akka makaman taasisa.Kunis, dhaabbilee dubartootaatiif hooggansa haaraa fi hunda caalanii argaman taasisuuf yaadameeti. Boqonnaa 1ffaa fi 2ffaa jalatti, hooggansa dargaggoo dubaraatiin wal qabatee, barbaachisummaa hooggansa dargaggootaa fi dandeettii hooggansaa dargaggoota dubaraa cimsuu irratti ibsa dabalataa ni kenna.

Kaayyoon lammaffaan moodela kanaa, dhaabbileen dubartootaa WOs waa'ee hooggansa dargaggootaa beekumsa akka argatanii fi tarsiimoo, hojii fi sagantaa isaanii keessatti dargaggootaaf mijatoo akka ta'an gochuudha.Moojulichi dhaabbileen dubartootaa WOs, ilaalcha koorniyaa bal'ifachuu fi beekumsa walqixxummaa koorniyaa fi hooggansa dargaggootaa irratti akka argatan gargaaruun, waliin ijaaruu fi waliin hojjechuu dhaabbilee dubartootaa fooyyessuun, hooggansa bu'a qabeessa fiduuf fayyada. Moojulli kun leenjisuuf, gorsuu fi akeekuuf ni gargaara. Yaada ijaarsa hooggansaa kanneen qaban akka leecallootti / riisoorsiitti/, dhaabbileen dubartootaas WOs leenjii hooggansaa kennuuf itti fayyadamuu ni danda'u. Boqonnaa 1ffaa fi 3ffaan, barbaachisummaa hooggansa dargaggootaa akkasumas dhaabbileen dubartootaa WOs irra caalaa dargaggootaaf mijatoo fi hirmaachisoo akkamitti ta'uu akka danda'an agarsiisa.

Mala itti fayyadamaa

Moojulichi maloota gara garaa fayyadamuun leenjii hooggansa dargaggootaa sagantalee dhimma koorniyaa irratti xiyyeeffatu mijeessuu gargaarama.Meeshaalee gara garaa, fakkii fi kaardiiwwan fayyadamuun, marii, of ibsuu fi muuxannoo walii qooduun gaggeeffama.sagantaleen leenjii tokkoon tokkoon isaanii malaa fi teekniika mataa isaanii qabu. Si'eessitoota gosoota leenjii akkanaa irratti fayyadamuun murteessaadha. Yaadni isaa hooggansi dargaggoota dubaraa YFLs leenjii akka fudhatanii fi dhaabbileen dubartootaa WOs leenjii xumuruun dargaggoota dubaraa hooggantoota ta'anii fi dhaabbilee dubartootaa walitti fiduun marii dhaloota gidduu fi yaada ofii ibsuun, karoora hojii waliin baasuu fi carraa dhaabbileen dargaggoo dubaraa YFLs, dhaabbilee dubartootaa WOs keessatti hirmaachuuf qaban mari'achuudha.

1
Boqonnaa

YAAD-RIMEE HOOGGANSAA

Kutaa 1ffaa: Hooggansaa fi Hoogganaa

1.1 Hooggansa Dargaggoota Dubartootaaf

Kaayyoowwan Barnootaa:

Dhuma kutaa kanaa booda, hirmaattonni:

- Hirmaattota yaadrimee hooggansaa ni beeku
- Barbaachisummaa hooggansaa ibsuu ni danda'u
- Waantota hooggansa irratti dhiibbaa qaban adda ni baafatu.

Qabiyyee Leenjii: Hooggansa

Hooggansi maal akka ta'e hunduu ni beeka, garuu hiika sirrii namoota muraasatu ibsuu danda'a. Hooggansi namoota garaa garaaf hiika adda addaa qaba. Hiikkaan jechaa ilaalcha, namummaa, falaasama, yaadaa fi ogummaa nama hiikuu irratti hundaa'a.salphaatti hooggansi akka armaan gadiitti ibsamuu danda'a.

"Artii namoota biroo dantaa waloof fedhiin dhimmamanii akka socho'an gochuuti. "

Hooggantoonni hundumtuu hooggansaaf hiikkaa mataa isaanii qabaachuun, akkaataa hooggansaa fi aadaa fi kallattii ittiin socho'an irratti dhiibbaa ni taasisa. Hooggantoonni jijjiiramuunis hiikkaa hoggansaa jijjiiruu ni danda'a. Hooggansa haaraa waliin haalota haaraa, dhiibbaa aadaa fi hordoftoota irratti qabaachuu danda'a.(Horan, 1999).

Jechi "Hooggansa" jedhu fakkii gara garaa sammuu keessatti uuma. Fakkeenyaaf:

- Hooggansa siyaasaa, sababa dhuunfaa mataa isaa kaka'umsaaf barbaadu.
- Namoota daawwatoota ta'an, namoota isa/ishii duuba hordofaa jiran, karaa agarsiisuuf bosona keessa karaa baasaa deemu.
- Hoggantuu, tarsiimoo dhaabbanni ishee dorgommii ittiin mo'atu uumuuf hojjetti.



Iteegee Xahaayituu Bixul

Mootittii Itoophiyaa (1889 –1913)

Ishee fi Menelik bara 1889tti Mootii fi Mootittii gonfoo ta'uu isaanii duras ta'e booda aangoo siyaasaa guddaa akka qabdu beekamaadha.Murna mormitootaa ammayyummaa fi fooyya'insa warra dhihaatiin itoophiyaa misoomsuu fi ammayyeessuuf dhufu morman dura dhaabattee hoogganteetti.



Abbabach Goobanaa

"Maazar Tireezaa Afrikaa" jedhamuun beekkamti

Hundeessituu dhaabbata daa'imman haadhaa fi abbaa hin qabne gargaaruu, Itoophiyaa keessatt isa hangafaa ta'eeti

Wareegama kaffaltee, maatiin didamtee hawaasa Itiyoophiyaa xiyyeeffannoo dhaban deggaruuf karaa dheeraa deemte.

Yaadrimeen hooggansaa dhimmoota sadii of keessaa qaba. Isaanis:- namoota, galmaa fi kaka'umsa dha. Hooggansi gocha kakaasuu fi waanta yaadame galmaan gahuu dha. Hooggansi namootaan kan raawwatamuu fi dandeettii namoota kakaasuun galma dhaabbileen kaawwatan galmaan gahuuf gargaaruudha (Daft & Kendrick & Vershinina, 2010). Hooggansi akka meeshaa yookiin adeemsa namoota ittiin kakaasaniitti ilaalamuu ni danda'a. Kaka'umsi kun galma yaadame hojii namoota kanaatiin galmaan gahuuf gargaara. Malli hooggansaa maloota ittiin namoota kaka'umsa uuman irraa fi amala / uumama/ dhaabbatichaa irratti hundaa'a (Hannagan, 2008).

Hiikkaalee hooggansaa adda adda kennaman hubannaan, yaadota hooggansa hin taane beekuun / hubachuun / salphaadha.

1. **Hooggansi sochii hawaasummaaf malee, olaantummaa yookiin aangoof miti:** Hooggansi battaluumatti sadarkaa yookiin iskeelii kaffaltii ta'erra yeroo gahan miti kan dhufu.Itti gaafatamummaa fi hooggansi namoota waliin hojjechuu fi galma wayii milkeessuuf hojjechuu irratti tokko ta'anis, dhimmoota ijoo irratti gar gar bahu.
    a. **HojiinBuulchiinsaa** inni guddaan adeemsa, kan akka karooraa, baajataa, gurmeessuu, humna namaa fi rakkoo furuutiin sirnaa fi walsimannaa fiduudha.
    b. Hojiin **Hooggansaa** inni ijoon sochii fi ijaarsa yookiin jijjiiramoota adeemsaan dhufan uumuun, mul'ata, namootaa fi hojii walsimsiisuun, kakaasuu fi onnachiisuuf kallattii kaa'uudha.
2. **Hooggansi namoota biroo ni barbaada, kunis "gabaasa kallattii" dhiyeessuun dirqama akka hin taane ibsa:** Hoogganuuf maqaa aangoo si hin barbaachisu. Bakka amantaa, naannoo jiraattu keessatti, maatii kee keessatti maqaa malee hoogganaa ta'uu ni dandeessa.
3. **Amala dhuunfaa, bartee yookiin aangoo ofii osoo hin ibsiin; malootaa fi kallattii hedduun hooggansa bu'a qabeessa gaggeessuun ni danda'ama:** Hoogganaa yeroo jedhamu namoonni olaantummaa qabaachuu yaadu, nama hawwataa ta'uutu dursa. Garuu hooggansi maqibsa miti. Hooggansa hubachuuf amala hawwataa ifaan ifatti dubbachuu qabaachuun dirqama miti. Hawwatoo ta'anis salphaatti hoogganaa hin ta'an.
4. **Galma qabaachuun, bu'aa dhumaa yaadameen ala argachuuf dhiibbaa hin taasisu:** Hooggansi gosa hariiroo /walitti dhufeenya/ ta'ee, namoota biroo kakaasuun kallattii qabsiisuu of keessatti haammata. Hooggansi hariiroo /walitti dhufeenya/ dhimmoota sosochii, kakaasuu fi akeeka galma yaadameen gahan of keessaa qaba. Hiikni kenname kun galmi kaa'ame hundaan fudhatamuu ykn sirriitti ifa ta'uu tilmaama keessa hin galchine. Jechi hawwii jedhu salphaatti namoonni hariiroo /walitti dhufeenya/ sana keessa jiran, tarii hooggansa warri ta'an, bu'aa murtaa'e tokko barbaaduu danda'u.

Hiikkaaleen jecha hooggansa jedhuuf kennaman hedduun isaanii namoota biroo hoogganuu yaada jedhuun wal qabatu. Garuu, yaada waligalteen jiru, osoo of hoogganuu hin dandeenye nama biraa milkaa'inaan hoogganuu hin dandeessu.

1.1.1 Haalota Hooggansaan walqabatan.

Hooggantoonni hunduu dhimmoota afur yaada keessa galchuu qabu: Hogganamtoota, Hoogganaa, Haalotaa fi qunnamtii dha. Dhimmoonni arfanuu hooggansa keessatti yeroo hunda yaada keessa galuu qabu, garuu haala gara garaa keessatti, kallattii adda addaan dhiibbaa walirratti taasisu. Dhimmi ijoon inni tokko yeroo ta'etti, barbaachisummaan isa tokkoof qabu hagas mara ta'uu danda'a. Yaadonni arfanuu hooggansa keessatti qajeelcha yookiin kallattii dalagaa murteessuu keessatti ni fayyadu. Hooggantoonni dhimmoota kana hunda galmaa fi hojii hoojjetamu keessatti, yaada keessa galchuu dhabuun dogoggoraaf saaxilamu. Arfanuu qophaatti hojii irra ooluu hin danda'an. bakka mataa isaanii qabaatanis, waliin hojii irra oolu. (Horan, 1999)

1. **Hoogganaa:** Hooggantoonni of hubachuu, maal akka beekanii fi maal hojjechuu akka danda'an beekuu qabu. Hoggantoonni kan isaan milkeessu mataa isaanii osoo hin taane, hordoftaata isaanii ta'uu beekuu qabu. Hooggantoota isaanii amanuu dhiisuu fi ofitti amanamummaan hordofuu dhabuun, kaka'umsa hordoftootaa gadi buusa. Milkaa'uuf hordoftoota isaanii malee, of yookiin warra isaanii olii miti kan amansiisuu qaban. Bateman, T.S, Snell, S.A and Konopaske, R. (2016) akka ibsutti hoggantoonni cimoon ija jabinaan mul'ata milkaa'ina waliinii uumuun, deeggartoota, mormitootaa fi warra callisanii taa'an adda baafachuu fi hordofuun, galma yaadan galmaan gahu.
2. **Hordoftoota:** Hooggansi namoota biratti hiika garaa garaa qaba. Kanaaf yaadrimee fi malli hoggansaa namoota ittiin hoogganan garaa gara. Hooggantoonnis namoota waliin hojjetan sirriitti beekuu qabu. Amala namummaa isaanii kan akka, fedhii, miiraa fi kaka'umsaa sirriitti hubachuu irraa eegaluun murteessaadha.
3. **Qunnamtii:** Qunnamtiin hooggansa keessatti dhimma murteessaadha. Galma yaadame milkeessuuf hooggantoonni ergaa hordoftoota isaaniif ni dabarsu. Akkaataan isaan yaada isaanii itti dabarsan waliitti dhufeenya hordoftoota isaanii waliin qaban ijaaruu irratti murteessaadha.
4. **Haalota:** Hooggantoota haalonni garaa garaa yeroo adda addaatti mudachuu danda'a. Malli haala tokko ittiin darban, haalota hunda ceesisuu hin danda'u. Yeroo akkanaa hooggantoonni malaa fi akeeka akkamii fayyadamuu akka qaban itti yaaduun murteessu. Haalonni amala uumamaa caala adeemsa hooggansaa murteessu. Sababni isaas, amalawwan yeroo tokko keessatti tasgabbii dinqisiisaa qabaachuu kan danda'an ta'us, haala hunda keessatti walsimannaa xiqqaa waan qabaniifi (Mischel, 1968 as cited by Clark, D. 2015 kan fudhatame). Sababa kana irraa ka'uun hayyoonni hooggansaa hedduun tiyooriin adeemsa hooggansaa, tiyoorii amala hooggansaa caala sirriidha jedhanii yaadu. (Clark, D. 2015).

Gocha Kutaa: Gaaffilee baninsaa /jalqabaa/ yaada kana irratti hubannoo qaban hubachuuf gaafachuu. Yaadoota ijoo lamaan haala ifaa fi dargaggoo dubartootaa hirmaachiseen, mala gaaffii fi deebiin dhiyeessuu. Marii fi ibsa Yaadoota akka amaloota hooggansaa, fakkeenyota hooggansaa fi akkaataa hoggansa jireenya guyyaa guyaa keessatti fayyadamnu irratti gochuu.

Adeemsa

- Tarkaanfii 1ffaa. Hirmaattota gareewwan nama sadii of keessaa qabanitti qooduu.
- Tarkaanfii 2ffaa.Gaaffiiwwan armaan gadii tartiibaan mariif dhiyeessuu.
  - ✓ Gaaffii 1ffaa. Waa'ee hooggansaa maal jechuu dandeessu?
  - ✓ Gaaffii 2ffaa. Garaa garummaa hooggansaa fi gaggeessummaa maal hubattan?
  - ✓ Gaaffii 3ffaa. Hariiroon qabatamaan haalota hoggansaan walqabatanii maali jettu?
- Tarkaanfii 3ffaa. Hubannaa Yaadoota kana irratti qaban baruuf akka mari'atan taasisuu.
- Tarkaanfii 4ffaa. Hojii guyyaa guyyaa isaanii keessatti haalota dhimma hooggansaan wal qabatan akka agarsiisan gaafachuu.

Mala itti fayyadamaa: Dubbii, dhiyeessii fi marii garee.

Yeroo kenname: waliigalatti sa'aatii sadii.

Meeshaalee barbaachisan: gabatee garagaltuu /flip chaarti/ fi maarkerii.

Ibsa gabaabaa/Ergaalee Ijoo: Yaad-rimee hooggansaa haala quubsaa ta'een ibsuu namni danda'e hin jiru. Akka Vance Packard jedhutti, "Hooggansi aartii wanta ofii itti itti amantee hojjetamuu qaba jette, namoonni biroos fedhiin si waliin akka hojjetan gochuuti." Harry Truman gabaabsee akka kaa'etti, "Hooggansi dandeettii waanta namoonni hojjechuu hin barbaanne hojjechiisuun, fedhii kessatti horuuti." Haala ifa ta'ee fi garaa garummaa maalummaa hooggansaa fi hooggansa hin taanee ibsuu fi agarsiisuu.

Yaadannoo Haala Mijeessitootaa:

- Hirmaannaan cimaa hirmaattotaa haalota hunda keessatti gatii guddaa qabaachuu hubachuu.
- Yaadrimee hoogansaa irratti xiyyeeffachuun maaltu hooggansa/ maaltu hooggansa miti isa jedhu adda baasuu irratti xiyyeeffachuu.
- Dhimmoota hooggansa irratti dhiibbaa qaban irratti xiyyeeffachuu
- Murtii malee yaada namoota hundaa kabajuu.

1.2.Hooggansa Dhaabbilee Dubartootaaf

Kaayyoo Barumsaa:

Dhuma kutaa kanaa booda hirmaattonni:

- Yaad-rimee hoggansa akeekkachiisuu ni danda'u
- Shaakala hoggansaa fakkeenyaan agarsiisuu ni danda'u
- Barbaachisummaa hoggansaa ifa gochuu ni danda'u

Qabiyyee Leenjii: Hooggansa

Hoggansi aadaan kan hidhu fi yeroon kan jijjiiramu waan ta'eef hiika walfakkaataa kan hoggansa hunda ilaallatu kennuun rakkisaadha. Yaad-rimeen kun hoggansa gama sadii of keessaa qaba; namoota, kaayyoo fi dhiibbaa. Hoggansi gocha dhiibbaa uumuu fi kaayyoo galmaan gahuuti. Hoggansi namootaan kan hojjetamu yoo ta'u, dandeettiin namoota kakaasuu galmoota dhaabbata tokkoo kaa'ame galmaan ga'uuf gargaara (Daft & Kendrick & Vershinina, 2010). Hoggansi akka meeshaa ykn adeemsa namoota kakaasuutti ilaalamuu danda'a. Kaka'umsi kun gocha namoota sanaan galma addaa galmaan ga'uuf kan akeekedha (Hannagan, 2008).

Hoggansi gaarii hin taane gara abdii kutachuu kan geessu yoo ta'u, kunis yeroo dheeraaf akka itti fufu yoo hayyamame dhaabbanni tokko guutummaatti akka hin hojjenne taasisa. Sana booda dhaabbatichi dhiibbaa qabatamaa jijjiirama hin tolle fidu ilaaluu qaba, garuu caalaatti, dhiibbaa hojjettoota abdii kutatan, akkasumas sirna irrattis ta'e dandeettii hoggantoonni dhaabbaticha fooyyessuuf qaban irratti amantaa hin qabne jalatti hojjechuu qaba, (Daft & Kendrick &Vershinina, 2010).

Ijaarsa Hojii Bass fi Alimo-Metcalf irratti hundaa'uun, maloonni hooggansaa sadan:

i. **Hooggansa waliin bobba'uu.** Mala haala olaanaan gahoomsuu fi hirmaachisummaa sirrii hundaaf ifa ta'e irratti hundaa'edha. Malli akkasii kun jijjiirama hundee qabu hirmaannaa fi kutannoo olaanaa dhaan oomishuuf kan xiyyeeffatedha (Daft & Kendrick &Vershinina, 2010).

ii. **Hooggansa Hirmaachisaa.** Mala dhaabbata ce'umsaa irratti hundaa'ee fi jijjiirama guddaa garuu jijjiirama bu'uuraa hin taane moodeela daldalaa isaa ykn "modus operandi" isa mudatudha.(Daft & Kendrick &Vershinina, 2010).

iii. **Hoggansa galma irratti xiyyeeffate.** Haala tasgabbaa'aa ta'e keessatti bu'aa dhiyeessuu irratti mala xiyyeeffatudha. Kun mala hogganaan durfamuu kan dhaabbata tasgabbaa'aa bu'aa ifatti hubatamu argamsiisu waliin walsimuudha. (Daft & Kendrick &Vershinina, 2010).

Gocha Kutaa: Hubannoo yaad-rimee kana irratti qaban ilaaluuf gaaffilee jalqabaa dhiyeessuu. Marii fi yaada yaad-rimee hooggansaa, fakkeenyota adda addaa hooggansa, akkasumas akkaataa hoggansi qabatamaan guyyaa guyyaan agarsiifamu irratti mariif dhiheessuu.

Adeemsa

- Tarkaanfii 1ffaa. Hirmaattota garee nama sadii of keessaa qabutti qooduun teessisuu.
- Tarkaanfii 2ffaa. Gaaffiiwwan armaan gadii tartiibaan gaaffiif dhiheessuu.

  ✓ Gaaffii 1ffaa. Waa'ee hooggansaa maal jechuu dandeessa?
  ✓ Gaaffii 2ffaa. Garaa garummaa hooggansaa fi bulchiinsaa akkamiin hubatte?
  ✓ Gaaffii 3ffaa. Garaa garummaa maloota hooggansaa sadanii maal hubatte?
  Hooggansa waliin bobba'uu
  Hooggansa Hirmaachisaa
  Hoggansa galma irratti xiyyeeffate

- Tarkaanfii 4ffaa. Akkaataa hoggansa qabatamaa dhaabbata keessan keessatti argamu isa kamtu sirriitti ibsa?Akkamitti ibsi?
- Tarkaanfii 5ffaa. Yaadrimee hooggansaa irratti hubannaa argatan akka mari'atan karaa banuu.
- Tarkaanfii 6ffaa. Hojii guyyaa guyyaa isaanii walsimsiisuun akka ibsan gaafachuu.

Mala itti fayyadamaa: Dubbii, dhiyeessii fi marii garee.

Yeroo kenname: wakiigalatti sa'aatii sadii.

Meeshaalee barbaachisan: gabatee garagaltuu fi maarkerii.

Ibsa gabaabaa/Ergaalee Ijoo: Yaadrimee hooggansaa haala quubsaa ta'een ibsuu namni danda'e hin jiru. Akka Vance Packard jedhutti, "Hooggansi aartii wanta ofitti itti amantee hojjetamuu qaba jette, namoonni biroos fedhiin si waliin akka hojjetan gochuuti." Harry Truman gabaabsee akka kaa'etti, "Hooggansi dandeettii waanta namoonni hojjechuu hin barbaanne hojjechiisuun, fedhii kessatti horuudha." Haala ifa ta'ee fi garaa garummaa maalummaa hooggansaa fi hooggansa hin taanee ibsuu fi agarsiisuu.

Yaadannoo Haala Mijeessitootaa:

- Hirmaannaan cimaa hirmaattotaa haalota hunda keessatti gatii guddaa qabaachuu hubachuu.
- Yaadrimee hoogansaa irratti xiyyeeffachuun hooggansa dhaabbilee irratti xiyyeeffachuu.
- Maloota/Akkaataa hooggansaa irratti xiyyeeffachuu
- Murtii malee yaada namoota hundaa kabajuu.

1.3. Yaad-Rimee Hooggansaa Dargaggoota Dubartootaaf

Kaayyoo leenjii:

Xumura kutaa kanaa booda hirmaattonni:

- Yaad-rimee hooggansaa ni hubatu;
- Amaloota gaarii hooggansa bu'a qabeessa ta'ee adda baasu;
- Geggeessummaaf maal akka barbaachisu gorsa kennuu, fi
- Hirmaattonni eessatti fi akkamitti hooggansi tokko akka tasaatti hooggansa ta'uu akka danda'u akka hubatan gochuu.

Qabiyyee Leenjii: Hooggansi eenyu?

Nama garee, dhaabbataa fi hawaasa isaanii keessatti jijjiirama qabatamaa akka fidaniif namoota biroo kakaasu, mormu, dhiibbaa uumuu, kakaasu fi jajjabeessu. Hooggantoonni mul'ata waan ta'uu danda'u qabatanii suuraa guddaa irratti xiyyeeffachuun namoota biroo egeree sana akka arganii fi ni danda'ama jedhanii akka amanan gargaaru. Namoonni tokko tokko kennaa uumamaa guddaa kanneen biroo caalaa qabaatanii dhalatan, garuu dandeettiin geggeessuu dhugumaa walitti qabama ogummaati, hundi isaanii jechuun ni danda'ama *baratamuu fi fooyya'uu* danda'u, garuu adeemsi sun halkan tokkotti waan ta'u miti. Hooggantoonni milkaa'an barattoota walitti fufiinsa qaban yoo ta'an, isaanis ciminaan fooyya'iinsa fiduuf kan carraaqaniidha (Ganta, and Manukonda, 2014).

Hooggansi gosa aangoo namni tokko dandeettii gatii, amantaa, amala fi ilaalcha nama biraa irratti dhiibbaa uumuu ykn jijjiiruu qabudha (Ganta, and Manukonda, 2014). Namni dandeettii hooggansaa cimaa qabu hojjettoota isaatiif fakkeenya gaarii ykn moodeela ta'a. Sababiin isaas hooggansi bu'a qabeessa ta'ee bu'aa gaarii ykn galma ga'iinsa gaarii tokko tokko galmaan gahuu kan danda'e amantaa fi dinqisiifannaa hojjettoota isaa iriaa argatuun, akkasumas osoo hin beekiin gatii, amantaa, amala fi ilaalcha isaanii jijjiira, kunis namni tokko gocha, amala ykn akkaataa nama biraa yommuu fakkeessu ykn koppii godhu, dinqisiifannaa fi kabaja itti argisiisudha (Grint, 2007). Ibsi kun yaada Northhouse (2009) kan deeggaramee yoo ta'u, hooggantoonni hooggantummaa cimaa qaban galmaa fi kaayyoo dhaabbatichaa galmaan ga'uuf namoota biroo irratti dhiibbaa uumuuf humna akka qaban ibsa.

1.3.1 Amaloota Hooggansa Bu'a qabeessaa

Hirmaattonni amaloota hamma danda'an adda baasuu fi hiika akka kennan gaafachuu (filiipchaartii irratti galmeessuu). Sana booda amaloota isaan osoo hin kaasin hafan kamiyyuu tarreeffama sanatti dabalaa.

1. **Carraa jijjiirama fi fooyya'iinsa barbaadaa:** Hooggantoonni haala amma jiruun yeroo muraasa qofaaf itti gammaduu danda'u argatu. Kanaa manna fooyya'iinsa ta'uu danda'u tilmaamuun xiyyeeffannoo isaanii gara fuulduraatti yeroo hunda qajeelchu. Hooggantoonni jijjiirama dammaqinaan kan oofan yoo ta'u, seera jirutti itti quufiinsa qabaachuu didu, carraaqqii tokko tokkoon wantootni haalaan guddachuu akka danda'an cimsanii amanu. Amantaa kana keessatti hundee kan qaban hooggantoonni namoota dhuunfaa haala kenname tokko guddisuuf yaada ykn hawwii maddisiisaniidha.
2. **Yaalii fi itti gaafatamuumaa fudhachuu:** Hooggansi tokko kufaatii hin sodaatu, kufaatiin gonkumaa dhuma daandii akka hin taane, garuu tarkaanfii milkaa'ina dhuma irratti geessu qofa akka ta'e amana.
3. **Egeree yaadaa:** Hooggantoonni egeree gaarii qofa hin hawwan. Kanarra egeree fooyya'aan sun maal ta'uu akka danda'u mul'ata uumuun akkamitti akka achi ga'an yaada waliigalaa qaba. Haalli gara fuula duraa hooggantootaaf bifa murtaa'aa qaba: haalli jijjiirame maal akka fakkaatu arguu ni danda'a; itti dhaga'amuu danda'a, haala fooyya'aa sana keessa jiraachuun maal akka fakkaatu sirriitti beeka.
4. **Namoota biroo akka isin hordofan taasisaa:** Namni dhuunfaa tokko hooggansa ta'uu kan danda'u namoota hooggansa isaa/ishee hordofuuf qophee ta'an yoo qabaate qofa. Kanaafuu, namni tokko hooggansa ta'uuf mul'ata egeree fooyya'aa uumuu qofa osoo hin taane namoota biroo amansiisuudhaan hiriira gara fuulduraa sanaatti akka waliin dhufan gochuu qaba. Kana jechuun gaggeessaan tokko gurgurtuu ta'uu qaba. Hordoftoonni ta'uu danda'an immoo maamiltoota. Egereen yaadame waan hooggansi gurguraa jiruudha.
5. **Walta'iinsa guddisuu:** Hoogganan tokko egeree yaadame ofuma isaatiin/isheetiin dhugaa taasisuu hin danda'u/dandeessu. Hooggansi tarkaanfii akkamii fudhachuu akka qaban hundi isaanii akka raawwatamuuf hordoftoota waliin mari'ata. Hooggansi kamiyyuu ofuma isaatiin//isheetiin egeree fooyya'aa hin fidu.

6. **Hojii garee guddisuu:** Hooggansi tokko gareen namoota dhuunfaa tokkoon tokkoon isaanii waan mataa isaanii hojjetan, akka garee namoota dhuunfaa waliin hojjetanitti akka hin milkoofne ni hubata. Hooggansi kanarra egeree ijaaruuf haala walta'iinsa hordoftoonni itti tumsan (waliin hojjetan) yaala.
7. **Hordoftoota /gahoomsuu/:** Hooggansi tokko namoonni of gargaaruuf quba isaanii gonkumaa hin kaafne waan namoonni biroo isaaniif godhan akka hin dinqisiifanne ni beeka. Haa ta'u malee, kan caalaa hammaatu, warri of hin gargaarre dhuma irratti of gargaaruuf dandeettii akka hin qabne of godhu. Hundi keenya ogummaa: "Nama tokkoof qurxummii yoo kennite guyyaa tokkoof nyaachifteetta. 'Nama tokkoof qurxummii qabuu barsiisnaan, nama sanas umurii guutuu akka of sooruuf humna kenniteetta." Jedhu irratti waliif galla.
8. **Hojjechuun hoogganuu:** Hoogganaan/tuun tokko waan lallabu/bdu; haasawa isaa/isheen taasifaman shaakaluu qaba/qabdi. Hooggansi tokko hordoftoonni waan inni/isheen dubbatu qofa osoo hin taane akkuma isaa/isheen akka hojjetan hubata/tti.
9. **Hojiif of kennuu guddisuu:** Hooggansi tokko amala namaa gama sadiin ni beeka: kan hubannoo, miiraa fi keessaa. Dimenshiniin hubannoo (cognitive dimension) yaada, amantaa fi odeeffannoo kan ilaallatu yoo ta'u, kunis akkaataa namoonni dhuunfaa haalawwan itti hiikanii fi murtoo itti kennan irratti dhiibbaa qaba. Dimshaashumatti miira, ilaalchaa fi gatii kan of keessatti hammate yoo ta'u, amala filannoo fi kaka'umsa irratti hundaa'uun boca. Gama dabalataan fedhii socho'uu, furuu fi raawwachuu wajjin wal qabata. Gama kanaan osoo hin jiraatin amala keenya itti fufiinsa hin qabu ykn jalqabuu illee dhiisuu danda'a. Jijjiirama fiduuf hordoftoonni jijjiirama yaadameef guutummaatti akka of kennan gochuun murteessaa ta'uu hooggansi ni hubata.
10. **Gumaachaaf beekamtii kennuu:** Hooggansi tokko hordoftoota isaa kakaasuuf carraaqqii hordoftoota isaa badhaasuu akka qabu ni beeka. Namoonni badhaasa maallaqaa caalaa beekamtii ummataa argachuuf yeroo baay'ee fi ciminaan deebii kennu. Hooggansi carraaqqii kallattii amala barbaadamuun (Bakka bu'aa ta'uu fi dhiisuu isaanii osoo hin ilaalin) tattaaffii hundaaf beekamtii kennuun barbaachisaa ta'uu ni beeka. Gama biraatiin, hooggansi tokko kufaatii hin adabu, sababiin isaas wanti sun hordoftoonni waan isaan milkaa'uu dhiisuu danda'aniif yoomiyyuu tola ooltummaa akka hin hojjenne dhorkuu akka danda'u waan beekuuf. Hooggansi bu'aa caalaa carraaqqii irratti xiyyeeffata.
11. **Furmaata Waldhabdee Guddisuu (win-win):** Waliigaltee dhabuu fi waldhabdee haala bu'a qabeessa ta'een ni ilaala. Rakkoo furuu irratti xiyyeeffachuudhaan falmii osoo ofummaa hin mufachiisin ni fura. Hooggansi Namoota bulchuu ilaalchisee gaggeessitoota biroof deeggarsa fi ogummaa ni kenna.
12. **Haala bu'a qabeessa ta'een walqunnamuu:** Yaadni fi yaad-rimeen keessan dhaga'amaa jira, kana malees namoonni waa ittiin gochaa jiru. Walqunnamtiin bu'a qabeessa ta'e odeeffannoo wal jijjiiruu qofa osoo hin taane waan caaludha. Miiraa fi akeeka odeeffannoo duuba jiru hubachuudha. Ergaa tokko ifatti dabarsuu danda'uu bira darbee, karaa hiika guutuu waan dubbatamu argatee fi namni biraatti akka dhaga'amee fi hubatame itti dhaga'amuun dhaggeeffachuu qabdu.

Hojiilee Kutaa: Viidiyoo hooggansa mixii agarsiisu fayyadamuun hordoftoonni gufuulee akka mo'atan kakaasu hiika hooggansa tokkoo ibsuuf gargaaru.

https://i.ytimg.com/an_webp/qTQJdGp4F34/mqdefault_6s.webp?du=3000&sqp=CMSviYwG&rs=AOn4CLD1mIdPCx-khk1Z762jgXE8oHJUtw. Kana malees, marii eeggannaa gabaabaa hirmaattota waliin muuxannoo mataa isaanii geggeessuu irratti.

Meeshaalee Barbaachisan

- Piroojektara, Ispiikarii, Laaptooppii, filiip chaartii, fi markarii

Adeemsa

- Viidiyoo imala gaggeessaa mixii fi rakkina isaanii yeroo imalaa agarsiisaa
- Tokkoon tokkoon hirmaattotaa hubannoo viidiyoo sanaaf qaban akka ibsan gaafadhaa
- Amaloonni fi gochaalee geggeessummaa gaarii maal akka ta'an waliin mari'adhaa

Mala barsiisuu : Sammuu keessa deddebisuun yaaduu, taajjabbii, marii garee, and dhiyeessii daree

Ibsa kennuu/Ergaawwan Ijoo

Yeroo baay'ee jechi "Hooggansa" jedhu yeroo baay'ee dogoggoraan itti fayyadama ykn dogoggoraan hubatama; gaggeessaa olaanaa ykn bakka filatame keessa jiru kamiyyuu jechuun ni danda'ama akka hammatuti ummataan bal'ateera. Ilaalchi hooggansa caalaatti hammate Sorenson & Epps tiin kan dhiyaatudha: dhuunfaa humnaa fi daayinamikii kan dhuguma fuuldura irraa geggeessu; arkiteektii fi hojiirra oolmaa tarsiimoo; haala waldhabdee keessatti giddu-galeessa; walitti makamaa haala dhaabbatichaa kan mirkaneessu; nama namoota jala jiran kakaasuu danda'uu fi amansiisuudhaan, dirqisiisuun ykn fakkeenya namoota birootiif; namoonni biroo fedhii hooggansaa akka hordofan gochuu irratti milkaa'a. Hiikni biraa Joon Siman Gaarns kenne "hooggantoonni namoota idilee kutannoo addaa qaban qofa" jechuudha.

Yaadannoo Haala Mijeessitootaa:

- Hirmaattonni viidiyoo ilaalan sana kaayyoo addaa kutaa sanaa wajjin walqabsiisuu isaanii mirkaneessaa
- Viidiyoo sana jireenya dhuunfaa fi dhaabbata isaanii wajjin walqabsiisuuf marii geggeessaa
- Viidiyoo sana amaloota hooggansaa fi of guddisuu akka hooggansa tokkoo wajjin walqabsiisuu hin dagatinaa
- Adeemsa tokkoon tokkoon keessatti hirmaataan dammaqinaan hirmaachuu isaa hubachuun barbaachisaa dha.
- Geggeessummaa dargaggootaa fi dhimmoota koorniyaa irratti xiyyeeffadhaa.

Yeroo: Sa'aatii sadi

1.4 Yaad-rimee Hooggansaa Dhaabbilee Dubartootaaf

Kaayyoo Barnootaa:

Xumura kutaa kanaa booda hirmaattonni:

- Yaad-rimee hooggansa tokkoo mirkaneessuu;
- Amaloota gaarii hooggansa bu'a qabeessa ta'e adda baasuu; fi
- Karaalee qabatamaa hooggansa bu'a qabeessa taasisuu danda'an qorachuu: ni danda'u.

Qabiyyee Leenjii: Hooggansi Eenyu?

Hooggantoonni hojii dhaabbata tokkoo to'achuu fi bulchuuf itti gaafatamummaa qabu. Hooggansi milkaa'aan galmootaa fi kaayyoowwan abdii qaban kan kaa'u yoo ta'u, tooftaalee bu'a qabeessa ta'aniin

dhaabbaticha gara galmaan ga'uutti qajeelcha. Akka Jackson fi Parry (2008) jedhanitti, hooggantoonni dandeettii fi beekumsa isaaniitti fayyadamuun hojjettoota galma dhaabbatichaa wajjin akka walimanitti geggeessuu fi qajeelchun kan hogganaaniidha. Kana malees, hooggantoonni bu'a qabeessa ta'an aadaa dhaabbataa gaarii guddisuu fi faayidaa hojjettootaa arjummaa kan akka inshuraansii eegumsa fayyaa, beenyaa hojjetaa, fi faayidaa boqonnaa dhiyeessuudhaan hojjettoota isaanii irratti dhiibbaa uumuu fi kakaasuuf dandeettii kan qabaniidha. Dabalataanis, dandeettiin hooggansaa cimaan amaloota murtaa'an kanneen akka quuqama, walsimannaa, wal amantaa fi mul'ata kan hammatu yoo ta'u, amaloonni kun hojjettoota gidduutti amantaa uumuu keessatti murteessoo waan ta'aniidha.

Hooggantoonni gahumsa qaban ogummaa fi hubannoo isaaniitti fayyadamuun dhaabbata isaanii ogummaadhaan egeree tilmaamamuu hin dandeenye keessa akka qajeelchan itti gaafatamummaa qabu. Dabalataanis, miira tasgabbii dhabuu hojjettoota isaanii gidduutti mirkanaa'uu dhabuu kana irraa kan ka'e uumamuu danda'u kamiyyuu furuu fi salphisuu qabu. Gaggeessaan tokko tarkaanfii dhaabbatichaa bocuuf aangoo kan qabu/duu yoo ta'u, hojjettoota isaanii irrattis dhiibbaa ni qaba, kunis dhaabbaticha gara bu'aa guddaatti akka ceesisan isaan kakaasa (Jackson and Parry, 2008).

1.4.1 Amaloota Hooggansa Bu'a-qabeessummaa Dhaabbilee Dubartootaaf

1. Tarsiimoodhaan yaaduu fi hojjachuu /Think and act strategically/

Bu'a qabeessummaan hooggansaa bu'aa tuuta qajeeltoowwanii fi dandeettiiwwan ijoo nama dhuunfaa tokko ibsan hordofuudha. Qajeeltoowwan akkasii keessaa tokko dandeettii tarsiimoodhaan yaaduu fi hojjechuu ti.Gaggeessaan egeree yaadu fi namoota biroos akkasuma akka godhan kakaasuuf yaadni tarsiimoo murteessaadha. Mul'anni tokko erga hundeeffamee booda, hooggansi mul'ata sana galmaan ga'uuf yaaddoowwan tarsiimoo ijoo barbaachisan adda baasee ibsa. Sana booda yaaddoowwan kana furuuf kaayyoowwan yeroo dheeraa kan uumaman yoo ta'u, galmoota kana milkaa'inaan hojiirra oolchuuf murtee kennuu fi xiyyeeffannoo faayinaansii bu'uura ni kenna. Baajata waggaa qofaan ykn walgahii tokko irraa gara walgahii biraatti socho'uun dandeettii sirna tokkoo fi egeree isaa daangeessa, akkasumas hooggansi haala deebii kennuudhaan akka hojjetu daangeessa.

2. Qaamolee garee fi hojii garee hubachuu fi agarsiisuu

Akka Carl Larson and Frank LaFasto, (1989) ogeeyyii damee garee fi hojii garee ta'an jedhanitti, "garee" jechuun walitti qabama namoota dhuunfaa lamaa fi isaa ol ta'anii kaayyoo addaa tattaaffii qindoomina qabuun qofa galma ga'uu danda'u tokkotti tumsuudha. Hundee isaatiin gareen tokko kaayyoo murtaa'e tokko galmaan ga'uuf kan ijaarame yoo ta'u, namoota dhuunfaa adda addaa kanneen sadarkaa dandeettii dhuunfaan hin argamne galmaan ga'uuf wal irratti hirkatan of keessaa qaba. Adeemsa kana haala mijeessuuf hooggantoonni gahee murteessaa qabu. Akka kaataalayistotaatti kan hojjetan yoo ta'u, tumsa guddisuu fi garee keessatti walta'iinsa uumuu. Walta'iinsi, kan anniisaa wajjin wal fakkeessuu danda'u, bu'aa carraaqqii walitti makamuudha. Hooggantoonni gareen kun bu'aa tattaaffii dhuunfaatiin hin danda'amne walootti akka galmaan ga'u kan dandeessisu ibsaa qabsiisu.

Miseensonni garee tokkoo bu'uuraalee hojii garee yoo hubatan, yoo qabatanii fi yoo agarsiisan malee walta'iinsa qabaachuu hin danda'an:

A. Kaayyoo fi galma ifa ta'e qabaachuu;

B. Raawwii garee gahee fi hariiroo ifatti ibsame irratti hundaa'ee dandeettii fi dandeettii kalaqaatokkoomsu;

C. Miseensoota dandeettii murtee kennuu bu'uuraa teeknikaa, namoota gidduutti, fi hubannoo qabu qaban walitti makuu;

D. Milkaa'ina garee fi raawwii qulqullina qabuuf kutannoo qabaachuu;

E. Haala wal amantaa, iftoomina, amanamummaa, walsimannaa fi wal kabajuu;

F. Tuuta ulaagaalee ifa ta'an kanneen milkaa'inaafi gahumsa raawwii hojii ibsan;

G. Milkaa'ina argachuuf deeggarsa, qabeenyaafi beekamtii; akkasumas hooggansaa seera bu'uuraa fi naamusa qabu.

3. Garee xixiqqaa irratti dandeettii murteessuu olaanaa qabaachuu

Garee walitti hidhame hundeessuuf hooggansi tokko dandeettii murtee garee xixiqqaa irratti hubannoo qabaachuu qaba. Akkaataa idileetti gareewwan namoota dhuunfaa lakkoofsaan murtaa'an kan of keessaa qaban yoo ta'u, yeroo baay'ee kudha lamaa gadi, kanneen amala addaa fi dandeettii walitti isaan hidhu agarsiisan. Gareen kunniin murtii kaayyoo waloo isaanii wajjin walsimu murteessuuf adeemsa tuuta hordofu. Badhaasni alaa kan akka bonasii, guddina sadarkaa fi onnachiiftuu namoota kakaasuu kan danda'u yoo ta'u, badhaasni keessaa garuu daran humna qaba. Fedhiin barbaachisaa fi kabaja akka argamtu itti dhaga'amuu namoota dhuunfaaf kaka'umsa cimaadha. Hiriyyoota isaanii fi hooggantoota isaanii irraa fudhatama kan barbaadan si'a ta'u, galatni isaan malu deebii gaarii argamsiisuu danda'a. Hojjettoonni dinqisiifannaa, gatii, amanamuu fi jaallatamuun yeroo itti dhaga'amu, gahee garee keessatti qabaniin ni boona, bu'aa ba'ii isaa keessattis miira abbummaa itti dhaga'ama. Fedhii xiinsammuu hojjettootaa guutuu fi gatii dhuunfaa isaanii wajjin walsimsiisuun oomishtummaa fi bu'aa dhaabbatichaa dabaluu fida. Dhumarratti raawwiin jaarmiyaa kan dagaagu namoonni dhuunfaa raawwii fi galma ga'iinsa dhuunfaa yeroo argatanidha.

4. Gahee hojii fi walitti-dhufeenya ifatti ibsuu

Dhaabbata kamiyyuu keessatti hooggansi bu'a qabeessa ta'e gahee fi hariiroo walitti-dhufeenya ifa ta'e uumuu danda'a. Gaheen hojii tokko qaamolee lama of keessaa qaba: dalagaa, kan eenyu iyyuu yoo ta'e itti gaafatamummaa addaa gahee sana ibsu, fi amala fi itti gaafatamummaa namni gahee sana keessa jiru irraa eegamu. Hooggantoonni hojii gahee tokkoon tokkoon isaanii irratti hubannoo sirrii qabaachuu qabu. Gama raawwii gahee hojii tokkoo garee keessatti tumsaan ibsamuu qaba, marii banaa fi waliigaltee waliinii amala fi gocha hoggantootaa fi namoota jala jiran irraa eegamu irratti. Daayinamiik garee gahee fi hariiroo eegamu akka hundeessuuf haala mijeessa, akkasumas miseensota isaaf yaada ijaarsa qabu kan isaan irraa eegamu kana hordofuu isaanii ilaalchisee ni kenna.

5. Walta'iinsa gaggeessaa fi jala jiru hundeessuu fi kabajuu

Imaammata baasuu/rawwii jechuun walitti fufiinsa yaadaa fi hariiroo yaadotaa fi abstraakshinii (mul'ata, imaammata, galma, karoora fi kkf) gara xumura ykn bu'aa ilaalamuu danda'u ibsametti (bu'aa, sagantaa, gamoo, daandii, tajaajila dhiyaachuu danda'u fi kkf) jijjiirudha. . Hooggantoonni fi jala jiran walitti fufiinsa kana akka michuutti qooddatu, milkaa'ina walii isaanii mirkaneessa.Tokkoon tokkoon namaa imaammata sirrii ta'e uumuu fi hojiirra oolmaa isaa bu'a qabeessa ta'e mirkaneessuu keessatti hojimaata bulchiinsaa fi raawwii amanamaa ta'een gahee olaanaa qaba. John Carver, (1990) barreessaan bal'inaan dinqisiifame kan waa'ee hojjettoota jijjiirama fidan barreessu, walta'iinsa kana irratti mari'ata, walta'iinsa kana kan hooggantoonni barbaachisummaa maaltu guutamuu akka qabuu fi xumura (bu'aan) maaltu galma ga'uu akka qabu kan ibsan ta'uu isaati. Carver, hooggantoonni hojjettoonni (daangaa gaggeessaa tokko kaa'e keessatti) malawwan kaayyoowwan kana galmaan ga'uuf gargaaran akka ibsaniifi walitti hidhamiinsa gaggeessaa fi hojjettootaa hojjettoonni hojii isaanii akka hojjetaniifi bu'aa oomishame irratti akka madaalaman dandeessisu akka hundeessan hayyamuu qabu jedhee amana.Hooggantoonni walta'iinsa kana fudhatanii fi kabajan mul'ataa fi galma, imaammata gaarii, fi raawwii hojjettootaa bu'a qabeessa ta'e irratti xiyyeeffatu. Warri walta'iinsa gaggeessaa fi hojjettootaa keessatti hin hirmaanne karooraa fi sochii hojjettootaa keessatti hirmaachuu ykn to'annoo eeguun barbaachisaa ta'ee itti dhaga'amuu irraa kan ka'e boojuu micromanaging ta'u.

6. Madaallii Imaammata/poolisii haala sirna-qabessaan hojii irra oolchuu

Walta'iinsi gaggeessaa fi hojjettootaa dandeettii madaallii imaammataa sirnaan hojiirra oolchuu irratti kan hundaa'e yoo ta'u, kunis amala hooggansa bu'a qabeessa ta'an keessaa tokkoo dha. Hooggantoonni bu'a qabeessa ta'an bu'aa imaammataa fi fooyya'iinsa imaammataa ta'uu danda'u irratti yeroo yeroon duubdeebii akka barbaachisummaa isaatti ni eegu. Duubdeebiin kun gabaasa adeemsa hojii, gamaaggama adeemsa keessaa, gamaaggama imaammataa fi gamaaggama hojii boodaatiin kennamuu danda'a.

7. Yeroo/humna hooggansaa haala sirriin ramaduu

Dhugaa jiru yoo ilaalle, hoogganaan/tuun tokko yeroo tokkotti bakka hunda ta'uu akka hin dandeenye ni beeka/ti. Hooggansi tokko yeroo sirrii ta'etti bakka sirrii ta'etti argamuuf yeroo/humna hooggansaa haala sirrii ta'een ramaduu danda'uu qaba/di, kunis amala torbaffaa gaggeessitoota bu'a qabeessa ta'aniiti. Hooggantoonni haalawwan ykn dirreewwan/arenas" baay'ee keessatti "taphachuun" raawwii waliigalaa, ol'aanaa galmaan ga'u. Dirreewwan afran armaan gadii bu'a qabeessummaa ergama tokkoof kaayyoo fi gumaacha mataa isaanii qabu:

A. Galma kaa'uu (ibsa addaa ykn walgahii).

B. Qorannoo fi xiinxala (kutaa qo'annoo).

C. Miira qabaachuu /bocuu (walgahii garee idilee).

D. Hawaasa (walqunnamtii maatii fi dhaabbilee biroo waliin).

8. Seera fi hojimaata walga'ii ifa ta'e kaa'uu

Hooggansi tokko yeroo fi humna ogummaadhaan akka itti fayyadamuuf seeraa fi hojimaata ifa ta'e walgahiidhaaf kaa'uu danda'uu qaba/qabdi. Seerri fi hojimaatni galtee hojjettootaa, kabaja, ykn yaaddoo fi ilaalcha nama hundaaf miira qabaachuu hin dhorku. Hojii sirna, naamusa, oomishaa ta'een gaggeessuun alatti wantoota kana hunda ni kabaju.

9. Akka hooggansaatti itti fufiinsaan barachuu fi guddachuu

Guddinni hooggansaa of qo'achuu, barnoota, leenjii fi muuxannoodhaan dagaaga. Hooggansi tokko akkuma guddachaa deemuun raawwiin nama dhaabbaticha keessa jiru hundaas guddachaa deema. Akka Peter Drucker (1993) jedhutti, bu'a qabeessummaa raawwachiisummaa guddisuu irratti yeroo mari'atu, dhiphina namoonni rakkoo irratti qaban gara mul'ata carraatti jijjiiruu akka barbaadu, dadhabina yaaddoo irraa gara cimina fayyadamuutti jijjiiruu akka gaafatu ibsa. Rudy Giuliani (2002) kitaaba isaa "Leadership" jedhu keessatti boqonnaa mata duree: "Study. Read. Learn Independently." Hooggantoonni gaheen isaanii maal akka ta'e murteessuu, dandeettii gahee sana keessatti bu'a qabeessa ta'uuf barbaachisan adda baasuu, achiis LEENJI'ANII ARGAMU! Hooggantoonni bu'a qabeessummaa olaanaa qaban dhugaadhaan waan hunda akka hin beekne beeku; kanaaf, dandeettii isaanii babal'isuun akka gaariitti geggeessuu fi bulchuuf jecha, koorsii, konfiraansii, workshopii fi waltajjii hunda dubbisuu fi hirmaachuudhaan carraa barachuu fi dandeettii isaanii fiixaan baasuuf carraa hedduu ta'etti fayyadamu.Hooggantoonni bu'a qabeessummaa olaanaa qabanis akka hooggantootaatti baratu.Raawwii hojii qajeeltoowwan sagal tokkoon tokkoon isaanii haala qabatamaa ta'een madaalu. Bakkeewwan fooyya'iinsi itti godhamuu danda'u filatu, sana booda namoonni ogummaa barbaachisaa ta'e karaa workshopii akka argatan carraa uumu.

10. Miira qoosaa qabaachuu

Qoosaan waldhabdee fi dhiphina hir'isa, namoota biroo biratti nus isaanis nama ta'uu isaanii akka beekan kan taasisuu fi boqonnaa hubannoo fi kutannoo keenya kan haaromsudha. Hariiroo uumuu fi eeguuf barbaachisaa dha.

Gocha kutaa: Hubannoo yaad-rimee irratti qaban ilaaluuf gaaffilee saaqiinsaa dhiyeessu. Marii fi dhiheessi yaada hooggansaa, amala hooggansaa bu'a qabeessa dhaabbilee keessatti, fi gaggeessaan bu'a qabeessa ta'e akkamitti hojii guyyaa guyyaa keessatti akka agarsiifamu.

Adeemsa

- Tarkaanfii 1. Hirmaattota gareen kaa'uu
- Tarkaanfii 2 Waa'ee hubannoo yaad-rimee sanaa akka mari'atan isaan geggeessaa
- Tarkaanfii 3. Shaakala guyyaa guyyaa isaaniitti akka agarsiisan gaafachuu

Mala: Sammuu keessa deddebisuun yaaduu, Dhiyeessii, fi marii garee

Dheerina hojii: Waliigalatti sa'aatii sadi

Meeshaalee Barbaachisan: Flip chaartii fi Markerii.

Ibsa kennuu/ Ergaa Ijoo:

Haala quubsaa ta'een yaadrimee hooggansaa namni ibse hin jiru.Yeroo hedduu jechi "hooggansa" jedhu haala hin taaneen faayyadamuu fi hojiirra oolchuu tu jira.Akka maqaa bulchiinsa olaanoo ykn aangoota filatamiif kennamuutti ilaalamaa ture. Yaadni fooyyaa'aan hoggansaa caalaatti hammate Sorenson & Eppsn dhiyaateera: humnaa fi haalota dhufan waliin jijjiiramuun fuuldura dhaabachuun kan hoogganan; caasessitoota fi hojiirra oolchitoota tarsiimoo; gidduu buutota yeroo walitti bu'insaa; haala dhaabbataa mijeessuun tokkummaa kan cimsan; namoota biroo kakaasuu kan danda'anii fi amansiisuun, diqisiisuun yookiin faakkeenya ta'uun; hawwii isaanii warra kaan hordofsiisuun kan milkaa'anidha. Hiikni biraa John Seaman Garns kenname "hoggantoonni namoota idilee kutannoo addaa qabanidha" jedha.

Yaadannoo Haala Mijeessitootaa

- Gatii hirmaannaan hirmaattotaa adeemsa hunda keessatti qabu hubachuu.
- Yaadrimee hooggansa bu'a qabeessaa hooggansa dhaabbilee irratti xiyyeeffachuun, mudaawwan/ daanqaallee/ akkamii ijoolluummaan walitti dhufeenya hawwaasummaa fi hariiroo shamarranii irratti mudate?
- Amala hooggansa bu'a qabeessaa irratti xiyeefffachuu.
- Murtii (Non-judgmental) malee yaada namoota hundaaf bakka/gatii kennuu

Kutaa 2: Hooggansa Dargaggootaa Hubachuu

2.1 Yaadrimee Hooggansa Dargaggootaa, Hooggansa Dargaggoota Dubartootaaf

Kaayyoo Barnootaa:

- Hirmaattotaaf yaada hooggansa dargaggootaa ibsuu.
- Gatii hoggansa dargaggootaa ifa gochuu
- Wantoota hoggansa dargaggootaa irratti dhiibbaa geessisan adda baasuu.
- Hariiroo gahee koorniyaa fi hooggansa dargaggootaa gidduu jiru beeksisuu.

Qabiyyee Leenjii: Hooggansa Dargaggootaa

Dargaggootaaf hooggantoota ta'uun baay'ee ulfaataadha jettanii yaaduu dandeessu.Muuxannoo, beekumsaa fi dandeettii hedduun akka sin barbaachisutti yaaduu dandeessu.Waanta hunda sirriitti adda baafachuun akka isinirraa eegamutti yaaduu dandeessu.Namni hundi dandeettii hooggansaa akka qaban gaafa bartan garuu ajaa'ibsiifachuun keessan hin oolu.Hooggansa cimaa ta'uun itti gaafatamummaa waliin wal qabata.Hojii hojjenneef, namoonni nuti hooggannu hojjetaniif akkasumas hojii hojjetameef itti gaafatamummaa fudhachuudhaani. Hooggansi wanta hojjetuuf/hojjettuuf kaka'umsa kan qabuu/qabduu fi waanta sirriidha jedhuun amananitti cichuun hojjechuun namoota biroos kan kakaasanidha. Yeroo jijjiirama: hiriyoota kee irratti; dhaabbata kee keessatti, hawaasa kee keessatti, faayidaa namootaaf, gammachii dhuunfaa kee fi addunyaa fooyyofte fiduuf yaadde irraa kaastee ati hooggansa taateetta. Tarkaanfiin itti aanu mul'ata kee ibsuu fi namoota yaada keetti amananii fi galma yaaddeen si gahuu danda'an walitti qabuu dha.Waliigalatti hojii jalqabde irratti cichuu, akkasumas hojiin sun akka raawwatamuu fi mul'anni kee akka raawwatamu itti gaafatamummaa fudhachuu qabda (Erwin, 2016).

Hoggansi hoggansa guddaa, wanta hunda beekan, isa hunda caalu kan ta'uu qabuu fi namoota kaan akka caalan nama hundatti agarsiisuu kan barbaadan miti. Namoota biratti hunda caaluu kee agarsiisuuf osoo hin taane kaayyoon kee jalqabaa namoota biroof waanta bu'aa buusu hoojjechuudha.Akka hooggansa gaariitti tarkaanfii mataa keetii fudhachuun namoota biroo tarkaanfii akka fudhatan kakaasuu barbaadda. Hooggansa ta'uun miseensa garee itti gaafatamummaa dabalataa garee sana gurmeessuu fi akka gaariitti akka hojjetu gochuu qabu. Bakki kun fedhii garee fi namoota walitti dhufeenya waliin qabaniif miira itti gaafatamummaa fi yaaduufii si gaafata. (Erwin, 2016).

2.1.1 Gahee Koorniyaa fi Hooggansa Dargaggootaa

Akka Dhaabbata Fayyaa Addunyaa(WHO)tti "Saalli" haala baayoolojii fi amaloota fiizikaalaa dhiirotaa fi dubartoota ibsan bakka bu'a. "Koorniyaan" gahee hawaasaan ijaaraman, amaloota, gochoota fi yaadota dhiirotaa fi dubartootaaf hawaasaan qoodaman bakka bu'a.Koorniyaan amala dhuunfaa akkaataa namoonni itti of ilaalan, akkaataa namoonni biroo itti ilaalan, akkasumas haala adda addaa keessatti akkaataa isaan itti mul'atan irratti dhiibbaa geessisuudha. Kanaaf koorniyaa, akkamittiin hooggansa bu'a qabeessa waliin walsimuu danda'u yaada keessa galchuun barbaachisaadha(WHO, 2016).

Hooggansa dhiirotaa fi dubartootaa bu'a qabeessa hojiirra oolchuuf, saalaa fi yaadota dimshaashaa sasalphaa hooggansa dhiirotaa fi dubartootaa hooggansa dhiirotaa fi hooggansa dubartootaa milkeessuu danda'an yaada keessa galchuun barbaachisaadha. Koorniyaa fi hoooggansi akkamittiin wal simuu akka danda'u yaada keessa galchuun barbaachisaadha.(Ayman & Koranik, 2010).

Yaadrimeen hooggansaa xiyyeeffannoo hooggansi “eenyu” yaada jedhurraa hooggansi keenya “maal hojjete” gara jedhutti dhufuu isaa sirriitti hubachuun barbaachisaadha.Eenyummaa hooggansaa baruun barbaachisaa fi dhimma koorniyaa fi hooggansaa irratti mari’achuuf karaa bana. Xiyyeeffannaan hariiroo, dhiibbaa fi bu’aa irratti kennamu garaagarummaa dhuunfaa fi amala guddaa hoggantoota bu’a qabeessa ta’aniif kan hayyamu yoo ta’u, akkaataa hoggansa bu’a qabeessa ta’e itti galmaan ga’uu danda’an yoo beekan qofa. Hoggantoonni bu’a qabeessa ta’an hawwii fi kaka’umsa kan qabanidha.(Callahan and Grunberg, 2016).

Gocha Kutaa:

Suur sagalee **https://www.youtube.com/watch?v=pF1j22x-yU8**agarsiisuun dhiibbaa hirmaannaa koorniyaa shaakaluun hooggansaa bu’a qabeessa fiduu irratti gaaffiiwwan armaan gadii dhiyeessuun mari’achuu:

Gaaffii 1.Hariiroo gahee koorniyaa fi hooggansaa Itoophiyaa keessa jiru akkamiin ibsuu dandeessu?

Gaaffii 2.hariiroo badaa gahee koorniyaa fi hooggansaa gidduu jiruuf furmaata akkamii dhiheessita?

2.1.2 Barbaachissummaa hooggansa dargaggootaa?

A. Siif gaarii waan ta’eef

Jijjiirama xiqqaatu garaagarummaa guddaa uumuu danda’a.Jijjiiramoonni xixiqqoon ida’amanii jijjiirama guddaa hawaasa isaaniif buusuu danda’u. Keessattuu, dargaggoonni dandeettii hooggansaa qaban miira gaarii ofiif qabu,miira ofii gaarii, of to’achuu fooyya’aa, dandeettii murtoo kennuu caalaaatti qindaa’e, sirna ilaalchaa sirrii fi walitti dhufeenya hawaasummaa ni deeggaru. Rakkoowwan fuula dura dhufanii fi piroojektiiwwan haaraa, yaadota haaraa, fooyya’insaa fi kanneen birootiif nuti qophiidha. (Erwin, 2016)

B. Namooota si waliin jiraniif gaarii waan ta’eef

Qo’attoonni hojiiwwan barnootaan ala ta’anii fi tajaajila hawaasaa irratti hirmaatan carraan jeequmsaa fi yakka irratti hirmaachuu dhiisuu, naamusa hojii cimaa horachuu, sadarkaa barnootaa olaanaa irra gahuu fi qacarrii argachuu isaanii bal’aa akka ta’e walii galu.Carraan amala hin taane horachuu, qorichoota sammuu hadoochan fayyadamuu, ijoollummaan ijoollee argachuu, hidhamuu ykn yakka hojjechuu isaanii xiqqaadha. Dhaabbileen dargaggootaa waliin ta’uun hawaasa isaanii keessatti jijjiirama fiduu fi jireenya namootaas jijjiiruu ni danda’u.(Erwin, 2016).

C. Dhaabbata keetiif gaarii waan ta’eef

Dargaggoota ciccimoo qophaa’oo fi dursuuf of qopheessan qabaachuun dhaabbata keessatti wanta gaarii fidee dhufa. Yaadonni miseensotaan ka’an dhaabbatichi ifatti akka mul’atu fi galmi isaanii beekkamtii akka argatu ni gargaara. Dhaabbanni beekkamtii guddaa qabu humna namoota biroo yaada gaariif kakaasuu ni qabaata. (Erwin,2016).

D. Hawaasa keessaniif gaarii waanta waan ta’eef

Hawaasa fayya qabeessa ijaaruu keessatti gaheen dargaggootaa olaanaa dha. Hooggansi dargaggootaa, maatii fi qo’attoonni, dargaggoonni hawaasa bocuu fi hariiroo dargaggoonni hawaasa waliin haalota sirrii ofiifis ta’e hawaasa isaaniif uumuu akka danda’an ni beeku. Dargaggoota akka bu’uura hawaasaatti

ilaaluu dhiisuun ilaalcha hawaasni hedduun hin hubannee fi bakka hubannaan hin jirretti salphaatti barbaachisummaan isaa mul'achuu dhiisuu ni danda'a. Qorannoon akka ibsutti dargaggoonni dhimma hawaasaa irratti hirmaatan warren hin hirmaanne irra haalota jireenyaa gaarii fi ijaarsa hawaasaa dargaggoota si'aayinaan hirmaachisuun ebbifamtoota barumsa sadarkaa lammaffaa oomishuun, yakka irraas bilisa ta'u. (Erwin,2016).

E. Sabaaf gaarii waanta'eef

Dargaggoonni baratanii fi hooggansaaf humneeffamanii fi gocha ka'umsaa qaban jijjiirama fiduuf itti salphata. Akka dhuunfaatti humneeffamnaan, dargaggoonni kun haalota jijjiiraman dandamachuu fi raawwiifis qophaa'oo ta'u. Beekumsa fooyya'aa maaltu jijjiiramuu akka qabuu fi maaltu eegalamuu akka qabu ni qabu. (Erwin, 2016).

F. Jijjiirrama qabatamaa waan fiduuf

Karaa sochii dargaggootaatiin jijjiiramoota xixinnoon hedduun uumamuun jijjiiramoota guguddaa fi wanta haaraa fideera. Wanti xiqqaa fakkaatu jijjiirama fiduu ni danda'a. Ka'umsi isaa xinnaa fi namoota muraasa kan fayyadu ta'us jijjiirama guddaa uumuu danda'a. Namoonni waantota baran wallaaluu, waantota dhagahan immoo akka hin dhageenye gochuu hin danda'an. Nama tokko irrattillee haa ta'u dhiibbaa uumuu yoo dandeenye, nama sanaaf yaadni keenya jireenya isaa waanta jijjiiru ta'uu ni danda'a. Eenyu irratti karaa sirriin dhiibbaa gochuu akka dandeenyu hin beeknu akkasumas yaadni keenya xiqqoon bakka ta'etti jijjiirama guddaa uumuu danda'a.(Erwin, 2016).



Maqaan ishee Fantaaneshi, dargaggeettii waggaa 18 Itoophiyaa keessatti abukaatoo dargaggootaa fi barsiistuu dhimmoota fayyaa fi mirga saalaati.Guyyaan jalqabaa isheen laguu itti argite muuxannoo fi cimina dubbii ifatti dubbachuu akka kennuuf xiqqumallee hin shakkine.Waanti amma beektu kan ishee ta'uu, keessaa fi ala ishee hubachuu fi qaama ishee kunuunsuun dirqama akka ta'e ni dubbatti. Waanti akka dhimma mataa isheetti eegalte mirga dargaggota biroof illee dhaabachuuf ishee gahe.(Feven, 2019).

Kan fudhatame: https://rutgers.international/stories/fantaneshs-story-ethiopia/

Gochaalee Kutaa: Seenaa milkaa'inaa hooggansa dargaggootaa rakkoo hawaasaa hiikuuf hordoftoota isaanii kakaasanii haasa'uu. Dhimmoota walfakkaataa kunneen irratti muuxannoo jiru hirmaattota waliin walii qooduun marii gabaabaa taasisuu.

Seenaa Milkaa'inaa

Finfinnee keessatti guddachuun, Maahileet Alamaayyoo yeroo hunda dhuma guyyaa barnootaa, yeroo isheen adeemsa ishee hedduu haadha ishee waliin qooddattuu fi yeroowwan gurguddoo fi xixiqqoo guyyaa ishee bocan irra deebitee ilaaltu hawwiidhaan eeggatti turte."Yeroo hunda yeroo naaf kenniti turte," jetti Mahileet seeqaa, yeroowwan hedduu hanga har'aatti hin daganne keessaa tokko yaadachaa. Mahileet, amma doktora fayyaa fi bara 2018 hirmaattuu Mandela Washington ta'uun, namoota sagal biroo waliin sirna eegumsa fayyaa biyya kanaa fooyyessuu barbaadan waliin Mandela Ethiopia Doctors uumte. "Ogeeyyiin eegumsa fayyaa dhukkubsattootaaf iddoo nageenya qabu uumuuf humna kennuudhaan, yaada sanaaf dubbachuu fayyadamuun kunuunsa fayyaa hundaaf dhugaa taasisuun hawaasa tajaajilla," Hojiin gareen kun yeroo dhiyootti hojjete keessaa dhukkubsattoota kaansariif deeggarsa sassaabuuf sagantaa qopheessuu, barruulee waa'ee sababoota kaansarii harmaa waliin walqabatan raabsuu kan dabalatu akkasumas, marii ummataa jalqabaa Finfinneetti waa'ee miidhaa saalaa damee fayyaatiin walqabatan gaggeessuu fa'aati. Fedhiin Maahileet damee kanaaf qabdu, gartokkoon, hojii jalqabaa hospitaalota magaalattii keessatti hojjettee fi garaagarummaa saalaa guddaa achitti argite irraa madda.

"Hojii koo kutaa dhiirotaa keessatti kanan jalqabe yoo ta'u, yeroon gara kutaa dubartootaatti jijjiiramu, dubartoonni haala hamaadhaan akka rakkatan argeera, garuu haalawwan mataa isaanii osoo hin taane, aadaa jirutu rakkoo kana uume," jechuun Mahileet yaadatti; Keessattuu haasofni tokko ishee biratti hafe jira; isas Mahlet akkasitti kaasti: "Dubartii umuriin naan gittu fi ulfi si'a saddet irraa ba'e tokkoon wal arguu koo nan yaadadha. "Ulfa ishee saglaffaa irraa lubbuun kan haftu hin turre, abbaan warraa ishees, 'Ishee gargaaruun gatii hin qabu; mucaa naaf hin kennine'." Jechuusaa nan yaadadha.

"Yeroo sanatti mirga dubartootaaf akkan hojjedhu ofiif waadaan gale, ergasii kaasees akkuman jedhe godheera.



Mahlet Mandela Ethiopia bakka bu'uun bara 2019 waliin



Mahlet shaampiyoonota dargaggoota Rise Up

Doktooronni naannoo kibba Afrikaa

Walgahii Maandeellaa Waashingitan Feeloos

Kan fudhatame: https://yali.state.gov/shes-devoted-her-life-to-advocating-for-women-it-all-started-with-one-conversation/ irraa.

Meshaalee Barbaachisan

- Flip chaartii fi Maarkerii

Adeemsa

- Seenaa kanarraa maal akka hubatan akka dubbatan gaafadhu.
- Jireenya guyyaa guyyaa isaanii keessatti seenaan kun hangam murteessaa akka ta'e mari'adhaa.

Maloota barsiisuu: Ibsa ka'umsaa, haala hubachuu, marii garee fi yaada dhiyeessuu

Ibsa kennuu/ Ergaa Ijoo

Hooggansi dargaggootaa dandeettii galma yookiin jijjiirama barbaadamu(Waa'ee kosii mana barumsaa duubatti gatamuu wanti tokko godhamuu qaba jettee yaadda ta'a) fiduuf hojjechuu, jalqabbii ykn gocha galma sanaaf malu raawwachuu(akka qulqullaa'u barbaaduun mana barumsichaaf yaada dhiheessita), bu'aa dhufu irratti itti gaafatamummaa fudhachuu(hojichi eegalamuu fi xumuramuu isaa ni mirkaneeffatta) fi namoota biroo waliin qunnamtii sirrii fi bu'a qabeessa horachuu(Mana barumsaa qunnamuun, waa'ee yaada kanaa dura taa'aa fi barsiisota waliin mari'achuun itti gaafatamummaan akka itti dhagahamu gochuu) (Erwin, 2016).

Yaadannoo Haala Mijeessitootaa

- Hirmaattonni seenaa dhiyaate kaayyoo kutaa waliin akka wal simsiisan mirkaneeffadhu.
- Hirmaattonni seenaawwan dhihaatan jiruu idilee isaaniitiin akka walitti fidan karaa baniif.
- Gatii hirmaannaan hirmaattotaa adeemsa hunda irratti qaban hubachuun murteessaadha.
- Hooggansa dargaggootaa fi dhimma koorniyaa irratti xiyyeeffadhu.

Yeroo: Sa'aatii sadii

2.2 Yaadrimee hooggansa dargaggootaa dhaabbilee dubartootaaf

Kaayyoo barnootaa

Dhuma kutaa kanaa booda hirmaattonni:

- Murteessummaa hooggansa dargaggootaa ibsuu ni danda'u.
- Dhaabbileen dubartootaa dargaggoota hoogganoo milkaa'an akka oomishan ni gargaaru.
- Dhaabbileen dubartootaa akkaataa hooggansa dargaggoo bakka bu'uu danda'an oomishuu danda'an irratti gargaaruu ni danda'u.

Qabiyyee Leenjii: Hooggansa Dargaggootaa

Hooggansi dargaggootaa dandeettii galma yookiin jijjiirama barbaadamu(Waa'ee kosii mana barumsaa duubatti gatamuu wanti tokko godhamuu qaba jettee yaadda ta'a) fiduuf hojjechuu, jalqabbii ykn gocha galma sanaaf malu raawwachuu(akka qulqullaa'u barbaaduun mana barumsichaaf yaada dhiheessita), bu'aa dhufu irratti itti gaafatamummaa fudhachuu(hojichi eegalamuu fi xumuramuu isaa ni mirkaneeffatta) fi namoota biroo waliin qunnamtii sirrii fi bu'a qabeessa horachuu(Mana barumsaa qunnamuun, waa'ee yaada kanaa dura taa'aa fi barsiisota waliin mari'achuun itti gaafatamummaan akka itti dhagahamu gochuu) (Erwin, 2016).

Hooggansi dargaggootaa hoggansa gaheeyyii irraa kan adda isa godhu qabiyyee armaan gadii dirqama of keessatti qabachuu isaati.

- **Tumsa dargaggoo fi ga'eessotaa:** Muuxannoo addaa, qabeenya, dandeettii fi ilaalcha qabnuun malee umrii osoo hin ilaaliin hunduu walirraa barachuu ni danda'a. Dargaggoonnnii fi gaheeyyiin barnootaa fi hooggansa waliif qooduun hawaasa waliin ijaaruu danda'u.
- **Dargaggootaaf aangoo murtii kennuu fi waantota uumamaniif itti gaafatamummaa akka fudhatan gochuu:** gaheeyyiin yoom hojii dargaggootaa gidduu seenuu fi yoom itti dhiisuu akka qaban beekuu fi gocha isaaniif itti gaafatamoo akka ta'an gochuudha. Dargaggoonni yoo yeroo hunda sirreeffamanii fi gargaarsa argatan dhiibbaa jiru hin baran.
- **Bakka bal'aa barnootaa fi tajaajilaaf:** daree hawaasa hundaaf akkasumas dargaggoonni hariiroo fi dandeettii akka yaada sanaatti bocuu ni qabaatu.
- **Muuxannoo, beekumsaa fi dandeettii dargaggootaaf xiyyeeffannoo kennuu:** hundumtuu akka waa beekanii fi waanta garaa garaa hojjechuu akka danda'an akkasumas ilaalchi haaraan mala haaraa fi bu'a qabeessa rakkoo hawaasaa furuu ni danda'u.

Gocha Kutaa

Hirmaattonni mudannoo seenaa addunyaa irratti uumamuun dhiibbaa fi jijjiirama hin dagatamne karaa sirriis sirrii hin taanes fide haa yaadatan.Taateewwan uumaman keessaa maaltu adda akka godhee fi maaliif akka uumaman gaafadhu. Kanarraa ka'uun hirmaattonni akkataa aartiin hooggansaa namoonni waanta hin eeggamne akka hojjetan godhuu fi barbaachisummaa gochoonni kun jijjiirama fiduuf qaban ni hubatu.

Meeshaalee barbaachisan: flip chaartii fi Maarkerii

Adeemsa: Hirmaattota garee sadii ykn afur qabuutti qoodi. Seenaa addunyaa keessatti taateewwan murteessoo jedhan akka yaadan gaafachuun, maaltu taateewwan sana adda akka godhee fi maaliif akka ta'e akka mari'atan karaa baniif. Taatee seenaa addunyaa keessatti dargaggootaan durfamee fi raawwatame akka yaadan gaafadhu.Maaliif murteessaa ta'e?Ciminni hooggansa dargaggootaa, sosochii dargaggootaa fi hojiin walii galaa dargaggootaan walqabatu dhiibbaa akkamii fiduu danda'a?

Fakkeenyaaf:

- Malaalaa (Loltoota Taalibaaniin mana barumsaa deemaa waan turteef, rukutamuu isheetiin amma barnoota dubartootaatiif dubbachuun abukatoo taateetti.)
- Hooggansa Abrahaam Dabooc fi ------ bara weerara xaaliyaanotaan yeroo lammaffaaf Itoophiyaarratti gaggeeffamee.
- Sochii barattoota yunivarsiitii bara mootii Hayila Sillaasee.

Ibsa kennuu/ Ergaa Ijoo: Akkuma yaadrimee hooggansaa, hooggansa dargaggootaaf hiikkalee garaa garaatu jira. Akka Vance Packard jedhutti, "Hooggansi aartii waanta hojjetamuu qaba jennee yaadnu namoota ittiin hojjechiisuuti. Harry Truman itti fufuun akka kaa'etti "Hooggansi dandeettii hojii namoonni fedha hin qabne hojjechiisuun akka jaalatan gochuuti."

Yaadannoo Haala Mijeessaa

- Gatii hirmaannaan hirmaattotaa adeemsa hunda keessatti qabu hubachuu.
- Hooggansa dargaggootaa dhaabbilee dubartootaaf dargaggoota shamarranii hooggantoota ta'an irratti xiyeeffachuu.

Yeroo: **Sa'aatii lama**

Kutaa 3: Maloota Hooggansaa

Kaayyoo Barnootaa:

- Adeemsa tokkoon tokkoo hoggansaa keessatti amala adda ta'e adda baasuu.
- Maloota hooggansaa tokkoon tokkoon isaanii qorachuu
- Muuxannoo hirmaattotaa maloota hooggansaa waliin walsimsiisuu fi
- Dhaabbilee dubartootaatii malli hooggansaa kamtu akka murteessaa ta'e adda baafachuu.

Meeshaalee Barbaachisan:

- flip chaartii fi maarkerii

Qabiyyee Leenjii:

Akkaataan hooggansaa dalagaa amala dhuunfaa hoogganaa fi naannoo hooggansi sun itti raawwatamu dha.Robert Tannenbaum fi Warren Schmidt hoggantoota akka abbaa irree yookiin dimokiraatawaa ta'etti ibsaniiru (1958).

- **Hoggansa Abbaa Taayitaa/Authoritative Leadership/:** Hoggantoonni aangoo qaban kalaqa hojii fi ergama isaaniif quuqama cimaa ta'e kakaasu. Goleman (2000) "hogganaan aangoo qabu mul'ata kan qabuu fi hojiin isaanii mul'ata kana keessatti akkamitti akka walsimu ifa gochuudhaan namoota kakaasa" jechuun ibseera, kunis pirojektii kamiifuu seera qabeessa ta'a. Malli kun kan caalaatti hojjetu yeroo gareen haalli jijjiirameef mul'ata haaraa barbaadu, ykn qajeelfamni ifa ta'e yeroo hin barbaachifnedha (Goleman, 2000).
- **Hooggansa Dimokiraatawaa:** Hooggansi kun hirmaachisummaa irratti ijaarama. Fakkenyi gosa hooggansa kanaa miseensonni garee Waajjira Bulchiinsa Piroojektii (PMO) kaayyoo PMO madaaluu fi hiika itti kennuu irratti hirmaatanidha. Hooggansi dimokiratawaan yeroo hirmaattonni murtii kennuu, karoorsuu fi kaayyoo kennuu irratti akka hirmaachuun isaanii dirqama ta'e yookiin inni/isheen shakkii qabaachuun yaada haaraa namoota biroo gahumsa qaban irraa fudhachuu barbaadan bu'a qabeessa ta'a. Hooggantoonni dimokiraatawoon, "Maal yaadda?" jechuun yeroo hedduu gaafatu. (Goleman, 2000).

Harold Leavitt hooggantoota akka karaa bantootaa (namoota mul'ataa), rakkoo hiiktotaa (xiinxaltoota) yookiin hojiirra oolchitoota (garee irratti kan xiyyeeffate) kaa'a(1986).

- Karaa Bantoota (Namoota Mul'ata qaban) Pathfinders (visionaries): itti fayyadama mul'ataa cimsee ni ibsa; Amalli ijoon bakka gatiiwwanii fi amantaadhaaf kennamudha.
- Rakkoo Hiiktota (Xiinxala) /Problem Solvers (analytical): itti fayyadama sababaa, loojikii fi xiinxalaa ibsa: Amalli ijoon dhugaa fi daataa irratti irratti hundaa'uu isaaniiti.
- Hojiirra Oolchitoota (garee irratti kan xiyyeeffate) Implementers (team-oriented): itti fayyadama hojii karaa namootaa hojjetamu ibsa: Amalli ijoon miira namootaa fi amansiisuu irratti hundaa'uu isaati.

James MacGregor Burns hooggantoota dabarsoo (gochaa fi murtii irratti kan xiyyeeffate) yookaan jijjiiramaa (fedhii yeroo dheeraa garee fi dhaabbatichaa irratti xiyyeeffate) ibsa(1978).

- **Hooggansa Dabarsaa/Transactional Leadership/:** badhaasaa fi adabbiidhaan hojjettoota kakaasuu irratti hirkata. To'annoo, hordoffii, gurmaa'inaa fi hordoffii raawwii hojii barbaada. Moodeelli hoggansaa kun kalaquuf hin yaalu. Kanaa mannaa, waantota akka dhaabbiin itti fufsiisuu fi akka tilmaamametti tursiisuu irratti hundaa'a. Dogoggorri itti dhiyeenyaan kan qoratamu yoo ta'u, galmi waliigalaa hojimaata gahumsa qabu, kan idilee ta'e uumuudha. Akkaataan kun dhaabbilee

hojii idilee fi caasaa barbaadaniif baay'ee mijata —bakka jeequmsa ykn gahumsa dhabuu hir'isuun barbaachisutti itti tajaajilamuun ni danda'ama (Goleman, 2000).

- **Hooggansa Jijjiiramaa/Transformational Leadership/:** hojjettoota (bulchiinsa maayikirootiin) kalaqaa fi jijjiiramaaf cimsuun, kakaasuu fi onnachiisuun guddinaa fi boca milkaa'inaa piroojectii ykn dhaabbilee ni fida. Moodeelli kun hojjettoonni hordoffiidhaan kaka'umsa ni argatu yaada jedhu qabatanii hoggantoonni hoggansa cimaa, akka agarsiisan jajjabeessa (Goleman, 2000).
- **Fred Fiedler,** yaada tasaa, dandeettii hoggantoonni mala hoggansa isaanii naannoo wajjin itti walsimsiisan kaasa (1971). Hoggantoonni baay'een isaanii akkaataa hoggansa olaantummaa qabuu fi baay'ee isaaniif mijataa ta'e qabu.

Malli hooggansaa amala dhuunfaa fi muuxannoo jireenya namootaa calaqqisiisa.Piroojektii gaggeessuuf malli hooggansaa karaa baninsaa faayidaarra oolus (Leavitt's taxonomy fayyadamuun), hooggantoonni hedduun rakkoo hiiktota ykn hojiirra oolchitoota ta'uun akka haala keessa jiraniitti socho'u.Akkaataan hooggansaa adeemsa hooggansaa caalmaa fudhatu fi Yaada tasaa Fred Fiedler irratti xiyyeeffachuun naannoo piroojektii faana wal simsiisuuf tajaajila.

Piroojektii hoogganuuf malli hooggansaa murtaa'e qofti hojiirra hin oolu.Haalonni piroojektii hunda keessatti mudatan gargar waanta ta'aniif, adeemsi hooggansaa fi dandeettiin hooggansaa piroojekticha milkessuuf barbaachisu uulfaatina piroojektichaa irratti hundaa'a. Haa ta'u malee, Inistiitiyuutiin Hooggansa Piroojektii (Project Management Institute) qorannoo Shi fi Chen barteewwan hooggansa bulchiinsa piroojektii maxxansuun, qunnamtii gaarii fi hariiroo gammachiisaa qabaachuun, akkasumas namoota biroo kakaasuun murteessaa ta'uu ibsa.(2006). Dandeettiiwwan kana malees, malli hooggansaa milkaa'aan haala piroojektichaa irratti hundaa'a.Fakkeenyaaf, hooggansi piroojektii dabarsaa ta'ee hooggansa mala ajajaa fi to'annoo hordofu piroojektii ijaarsaa, bakka gaheen adda bahee beekkamuu fi naannoon piroojektii walitti dhufeenya sirrii qabutti milkaa'uu danda'a. Hoogganaan piroojectii kun piroojectii guddaa fi walxaxaa namoota hedduu fi hojii cimaa adeemsa hedduu hordofu keessatti carraan milkaa'uu isaa baay'ee gadaanaadha. Adeemsa hooggansaa sirrii ta'e filachuun milkaa'ina pirooktichaaf gahee guddaa qaba. Hooggantoonni piroojektii muuxannoo guddaa qabaniyyuu adeemsa isaanii haala piroojektichaatiin wal simsiisuu baannaan carraan milkaa'uu isaanii gadi bu'aadha.

Yoo piroojektiin piroofaayilii walxaxaa fi akkaataan hooggansaa walsimuu baate hoggansi piroojektii muuxannoo qabu carraa milkaa'uu dhiphaa qabaata.

Marsaan piroojektii tokkon tokkon isaa tooftaa hooggansaa garaagaraa barbaaduu mala.Yeroo marsaa jalqabaa piroojektichaa, yeroo jalqaba miseensoota garee haaraa gara piroojeekti kanaatti makaman, tooftaa hooggansaa ajajaa fi to'annoon piroojektichaa barbaachisuu danda'a.Booda, akkuma piroojectichi gara marsaa yaad-rimeetti siqu, kalaqni barbaachisaa ta'a, hooggansi piroojektii tooftaa hooggansa jijjiiramaa deema.Tooftaa hooggansaa marsaa piroojektii barbaarchisaa ta'eetti, hooggantoonni piroojektii muuxannoo gahaa qaban mijessuu danda'u.Yeroo tokko tokko, piroojektii walxaxaa fi baay'ee guddaa ta'e irratti, dhaabbanni muraasni hogganaa piroojektii garaagaraa marsaa piroojektii garaagaraaf ramaduu danda'u. Hoggantoota piroojektii geggeedaruun sadarkaa muxannoo kan sirri ta'e fidu fi tooftaa hoggansaa ni sirreessa garuu akkasuma piroojektiicha jeequu danda'a. Hoggansi olaanoo faayidaa mala hoggansa sirrii ta'e walsimsiisuu fi baasii hariiroo hundeeffame jeequuf bahu madaaluu qaba (Goleman, 2000).

Gocha Kutaa: Hoggantoonni hubannaa akka argatan gargaaruuf seenessa maloota hoggansaa tokkoon tokkoon wal qabatu dhi'eessuu. Seenaan tokkon tokkon isaa akka hirmatonni hubannaa fi qulqulqullina hoggansaa irra hubatan ni gargaara. https://cdn.we.org/wp-content/uploads/2016/05/Part-2-Activity_Four_Leadership_Styles_May271.pdf

Adeemsa:

- Marii gadi fageenyaaf gareewwan hirmaatoota 5 of kessatti qabataniin sirreessuu.
- Seenaa sadii kan akkataa hooggansaa sadeen jalqabaa waliin hidhata qabu dhiyeessuu.
- Xiyyefanno fi akkaataa amala seenaa tokkon tokkon isaanii irratti mari'achu.
- Haala hoggansaa tokkoon tokkoon seenaa ibsamee waliin walsimsisuu.
- Seenaa hafan sadan kan maloota hoggansaa sadeen dhumaa hafan waliin hidhata qabu dhiyessuu.
- Maloota hoggansaa tokkon tokkon isaa seenaa dhiyaatee waliin marii'achuu fi firoomsuu.

Ibsa kennuu/ Ergaawwan ijoo: Kaayyoon isaa marii jalqabaa amala hoggonsaa irratti gochuun, mala hoggansaa ofii xiinxaluudha. Jecha biraan, akkaataan hoggansaa amala nuti calaqqisiisnu agarsiisa. Akkaataan hooggansaa tokko muuxannoowwan hoggantoota biroo fakkeenya ta'uun tajaajilan irraa argamuun kan hojjetamu yoo ta'u, malli kunis muuxannoo Kanaan dhiibbaan irra gahuu ni danda'a. Akkataan hoggansaa kayyoo fi galma hogganaarratti hundaa'a.Hoggantoonni bu'a qabeessa ta'an gaaffii hordoftoota isaanii fi haala jiru irratti hundaa'uun amala isaanii jijjiruun itti baruu danda'u, kunis akka hogganaa milkaa'aa ta'uuf moodeelli tokko hin kaa'amneef sababa tokko ta'a.

Yaadannoo Haala mijeessitootaa:

- Hirmaatonnii seenaa akkataa hoggansaa tokkon tokkon isaati waliin hidhata qabachuu isaanii mirkanessi.
- Maricha, seenaa hoggansa dhuunfaa fi dhaabbata isaanii waliin hidhata akka qabaatutti gaggeessuu.
- Gatii hirmaataan adeemsa tokkoon tokkoon irratti dammaqinaan hirmaachuu beekuun barbaachisaadha.
- Hoggansa dargaggootaa kan irraa caalaa waa'ee koorniyaa irrattii fulleeffate irratti xiyyeffachuu.

Yeroo: sa'aatii sadii

Kutaa 4: Barbaachisummaa Hoggansii Feminiistii Dhabama Walqixxummaa hir'isuuf

Kaayyoo Barnoota kanaa: Dhuma leenjii kanaa booda dargaggonni:

- Walcaalmaa koorniyaa fi kan bifa biraa hir'iisuuf galma ifa ta'ee qabaachu.
- Dandettii akkataa hoggansaa tumsaa fi hunda hammachuu irrati hundaa'e guddisuu.
- Dhunfaan yookiin gamtaan humna qabanitti fayyadamuutti ofceesisuu.
- Caasaa fi akkaataa namoota biroo kessumaa dubartoota biro ajandaa waloo irratti sochoosan uumuu.

Qabiyyee Leenjii

Hoggansi Feminiistii Maaliif?

Dhaabbileen aadaa hundaaf qixa ta'uu irratti akka dhaabbataatti qaban fooyyessuun carraa hoggansa irratti hundumaaf kennuudhaan faayidaa guddaa argachuu danda'u jennee yaadna- bu'a qabeessummaa sagantaa alaa isaanii fooyyessuudhaan aadaa gurmaa'insaa isaaniis fooyyessuudha- dhugaa jiru keessatti, Hoggansi Feminiistii namoota dhuunfaaf maal fiduu akka danda'u qorachuudha.

Ilaalchi dubartoonni yaadota irratti qaban bal'aa waan ta'eef, wantootni dhiibbaa uumuu danda'an caalaatti tilmaama keessa galu.Dubartoonni akkaataa idileetti wantootni akkamitti akka walitti dhufeenya qaban waan hubataniif suuraa guddaa irratti hubannoo gadi fagoo qabu.Dafanii waa hubachuun isaanii saffisaan yaadicha akka argatan gargaara.Haala hubanna dubarummalle gadi bu'a qaba.Sababa baay'iina odeeffannoo fi ilaalcha garaagaratin, salphaatti qabamuu yookiin saffisa isaa hir'isuu danda'a. Haalli kun miidhaas qabaachuu ni mala. Sababa baay'ina yaadaa fi haalota gara garaa uumamaniin yaadichaan qabamuu fi saffisa hir'isuun ni mudata. Dubarummaaa keessatti galma yaadan milkeessuun murteessaa ta'us, akkataa itti galmaan gahan yaaduun walqixa murtessaadha. Muuxannoo, kalaqaa fi hubannoo gadii fagoon yaada ofii galmaan gahuuf adeemsa barbaachisaadha.(Palmu-Joronen 2009).

Sadarkaa bu'uuraa isaa irratti, hoggansi feminiistii hoggansa aadaa, hooggansa sadarkaa fi aadaa hooggansaa dhaabbilee keessa jiruuf filannoo ta'uu danda'an guddisuuf of kennuudha. Kunis bifa garagaraa qabaachuu danda'a, dhuunfaan gadi fageenyaan xiinxaluu irraa jalqabee hanga sirna haaraa murtii garee uumuutti ni deema. Hunda caalaa hoggansi feministii hiikkaa dhaabbataa fi qajeelfama tartiiba tartiiba hin qabu. Adeemsa barachu fi barachuu dha, dhuunfaanis ta'e namoota kaan faana adeemsa itti fufiinsa kan qabu ta'a.

Faayidaa Hooggansa Feminiistii

Gatii feminiizimii kee shaakaluuf

Itti gaafatamummaa qooddachuun bu'a qabeessummaaf hojjechuu

Gammachuu fi itti quufuu qoorannoo fi walitti hidhaminsa namoota biroo waliin.

Hoggansi Feminiistii fi dhaabbileen kan wal hin simne fakkaachuu danda'u.

Hoggansa Feminiistii yaadota armaan gadii waliin walsimsiisna: Walta'iinsa, namoota giddugaleessa goochu, hunda hammachuu, loogii balleessuu, of beekuu, iftoomina, itti gaafatamummaa, aangoo qooddachuu, waliigaltee ijaaruu, of kunuunsuu, fi garaagarummaa fayyadamuu.

Dhaabbilee yaadota armaan gadii waliin walsimsiisna: hir'ina itti gaafatamummaa fi iftoominaa, tasgabbii, caasaa jabaa, guddina dinagdee, paatriyariki, sadarkaa, fi sodaa aangoo dhabuu.

Dhaabbilee fi Hoggansa Feminiistii gidduutti qaawwi maaliif jiraate?

Sirnoonni hawaasummaa walqixxummaa kabajuu hin dandeenye aangoo garee murtaa'ee eeguuf oolu. Barteewwan qunnamtii, murtee kennuu fi kkf ijaaramani jiran, eenyu akka angoorra jiru kan calaqqisiisan yoo ta'u, namoonni seera kana irraa maquun adabamuu danda'u.

Dhaabbileen of tursuu waan barbaadaniif jijjiiramaaf fedhii hin qaban.

Kaappitaalizimii: Dhaabbileen muraasni kan socho'an guddina dinagdee, kaan immo gargaarsaani dha.

Meshaalee barbaachisan

flip chaartii, maarkarii, yaadannoo, qalama, suuraa, fi vidiyoo…

Adeemsa:

Hanga ammattii hoggantoonnii dhaabataa muuxanno dandeetti hojii dhaabbata isaani qoratanii jiru.Carraa garee qoodinsa ta'ee kennudhaan bu'uura jijjirama dhaabbata madaaluu fi madaaluu wajjin walqabatee rakkoo fi qormaata isaan qabatan gara leenjii dhufuu danda'u.yookiin immoo akka dhabbata isaanif dhugaa arguu danda'amu yaaduu dandesissa.kanaaf rakkoo jiru furuuf qophaa'aa.

Gocha Kutaa

Haala mijeessitoonni qabxiilee armaan gadii galmaan ga'uuf maal akka gaafatu yaada hirmaattotaa haa gaafatan.

- Hoggansa Feminiizimii jechuun siif maali? Jechootaa fi gatii akkamituu sammuutti si dhufa?
- Feminizimiin damee keenya keessatti hoggansaaf (fi faallaa kanaatiin) maaliif murteessaa ta'e?
- Qormannii guddaan hoggansa feminiizimii damee mataa keetii keessatti akka ijootti galchuuf yaltuu maali? Qormaanni si mudateera?
- Bu'aan dansaa akkamii argamsiiseera? Fakkeenyota qabatamaa tokko tokko nuuf qooduu dandeessu?
- Akkamitti walqixxumma koorniyaa deggaramu dandeenya? Akkasumas hirmaannaa garee gadi bu'aa mirkaneessuu?
- Hirmaannaa dubartootaa hoggansa idilee fi al-idlee irratti qaban akkamitti guddisuu dandeenya?
- Shamarran balaadhaaf saaxiliman irratti qoodinsa jiru hir'isuuf tumsaa fi tarkaanfii garee jajjabeessuu fi deeggaruuf tarkaanfiiwwan akkamii fudhachuu barbaachisa?

Ibsa kennuu/ Ergaawwan ijoo: Hirmaattonni maaliif hoggansii feeministii akka walcaalmaa hir'isuu fi walqixxummaa kooyrniyaa dabaluu irrattii mari'achuuf haa yaalan.

- Hoggansi martii waa'ee aangoo hojiirra olchuuti; haata'uu malee, hooggansi feministii alattis keessattis aangoo qooduu barbaadu.
- Jijjirama kessaatiif, kan baratamuu hin qabne inni ijoon miira walmorkii fi offitummaati.
- Kan beekuu qabnu aangoon dhuma qabaachuu isaati, garuu faallaa isaatu dhugaa dha: akkuma aangoo kee kaaniif qoodde aangoon kee dabalaa deema.
- Hoggansi feministii jijjirama adeemsa ofii keenyaa, hawaasa keenyaa, fi addunyaa walii galaa, muldhata feminiizimii haqa hawaasummaa hammachuudha. Addunyaa jeequmsa hin qabne, loogiin keessa hin jirre dhugoomsuudha.

- Hoggansi feminiistii yaadota hundee gadi fagoo qaban kan hoggansa nama tokkichaa mormu of keessaa qaba.

Yaadannoo: Akka koorniyaa adda baasuun qollifachuu, ilaalcha badaa dubartootaf qabaachuun, hawaasa duubatti hafaa kan barame dha. (Fellow, (1993) akka Terusew 2005 kessatti ibsame). Dubartoota qaama miidhamtootaa irra illee loogiin hamaan kun ni qaqqaba.

Hunda hammattoo: **Fakkeenyota qabatamoo**

Garee fi dhaabbata koo keessatti namoota maraaf walqixxummaan akka dhagahaman, kabajaman fi milkaa'an haala nan uuma/mijeessa. Garee adda addaa fi hunda haammate ijaaruu fi rakkoolee hirmaannaa adda addaa hubachuu fi deebii kennuuf of nan qopheessa.

Dabalata: Hooggantoota dhaabbilee, dargaggoonni dubartootaa shaakalaa fi dandeettii geggeessummaa isaanii akka guddifatan carraa haqa qabeessa ta'e akka kennan gargaaruuf qophaa'uu.

Yeroo tilmaamame: sa'aatii lamaaf

Kutaa 5: Olaantummaa Ilaalchaa Barnoota Hooggansa Dubartootaaf

Kaayyoo

- Hubannoo ilaalchaa barbaachisummaa isaa hoggansa dargaggoota dubartootaa waliin qorachuu. Hoggansa dubartoota dargaggootaatiin jijjirama ilaalchaa akkamitti akka dhufu hubachuuf.
- Hoggansa dubartoota dargaggoota irratti dhibbaa ilaalchi keenya amala fi tarkaanfii irrattii qabu hubachuuf.Hoggansa dubartoota dargaggootaa irrattis ta'e akkuma waliigalaatti ilaalchi keenya filannoo biroos akka qabnu agarsiisuuf.

Meshaalee Barbaachisan Suuraa abstraaktii/; haguuggii teeppii Flip chaartii, maarkarii.

Adeemsa Namni suuraa kana dursa arge yoo jiraate gaafadhu.Yoo jiraatan, hanga namoonni kaan suuraawwan jiran arguuf carraa argatanitti yeroo muraasaaf yaaada isaanii akka qabatan gaafadhu.

Hirmaatoota Gaafadhu:

Maal argitan?Hirmaatonni suuraawwaan jiran akka laalaniif yeroo fudhadhaa.Hirmaattonni suuraa tokkoo qofa arguu danda'an suuraa argan akka hirmaatan gaafadhu, akka hirmaattonni suuraawwan jiran haammataa, kabaja, walqixxummaa fi hirmaannaa hiika qabu irrattii arguu isaan dandesisuuf.

Kutaa Raawwii/ Qabxii Marii waantota argite akka argitu si goodhe fi warri kaan argan akka ati hin arginee si dhorkee maaliidha?

Video:-(41) Changing Perspective from Shame to Self-worth | Sue Bryce | TEDxPepperdineUniversity - YouTube

Taatee: Gamtaa Dubartootaa Jegnet

Dhabbanni GWU hoggantoota olaanoo muuxannoo guddaa dubartootaa fi hawaasa humneessuu irratti qaban of keessaa qaba. Garuu muraasni ilaalcha nama dhuunfaa tokkoo kabajuun yaada namoota biroo hedduu hin gammachiisu jedhu. Miseensoonni boordii fi daaarekteronnii hojii rawwachiftuu gochaa kammiyyuu ilaalcha mataa isaanii irrattii hundaa'uudhaan murtessu.Dargaggonni dubartootaa muraasni dhimma koorniyaa fi ilaalcha feminizimii karaa garaagaraan kaasuu malu.Amma dargaggoonni dubaraa dhaabbata irraa fagaatanii sagaleen isaanii dhageettii dhabuun hin kessummeeffamne.Sababa aadaa boodatti hafaa dhaabbileen qabaniin yaada qamolee dhaabbaticha deeggaran irra caalaan isaanii of keessatti hammachuu dhabuun carraan kufaatii mudachaa jira. Irra caalaatti, Piroojektoonni dhaabbaticha jalatti hojiirra oolan xiyyeeffannoon rakkolee ijoo hawaasaa kan bu'aa qabeessummaa fi gahumsaan furan miti, kessattuu fedhii dubartootaa. Egaa akkuma ilaalle kanatti dhalootatti qaawwi/danqaan uumame.

Dalagaa

1. Qawwii guddaan dhaabbata kanaa maali? Rakkoo kana haala gaariin akkamitti to'achuun danda'ama?
2. Olaantummaan ilaalchaa akka hooggansaatti maal jechuudha?
3. Ilaalchaa fi yaada haaraa yoo argatte maal goota?
4. Gaaffiin hin eegne hojjettootaa fi miseensota dargaggoo dubartotaatin ka'ee si mudataa?
5. Dhaabbata keessan keessatti mariin dhaloota gara garaa gidduutti godhamu jiraa?
6. Hoggansi yaada haaraa simachuuf fedha qabaa?

7. Dhaabbatni kessan muuxannoo dhabbilee biroo hunda caaluun yaadaa fi ilaalcha haaraa ofitti fudhata jettanii yaadduu?
8. Dhaabbatni keessan sagantaa hirmaannaa dhiirotaa fi muuxannoo qoodinsaa qabaa?
9. Turtii kana irraa maal baratte, keessattuu haala hooggansaa ilaalcha garaa garaa dargaggoo dubartootaa dhaabbilee dubartootaa irratti hundaa'uun hojjetan keessatti?
10. Hirmaanaa dhiiraa fi dubartootaa waa'ee dhabbatichaas ta'ee dhaabbatichaa alatti yaada mataa isaanii akka ibsatan maaltu rawwatamuuf karoorfame?

Mala leenjii:

- Muxxannoo qoddachuu
- Marii garee guutuu
- Suuraa abstraaktii fayyadamuu

Ibsa kennuu/ Ergaawwan ijoo:

Gaafii irrattii ibsa guutuu:

Ilaalcha jechuun maali?

Waanta tokko muxxanno fi enyuummaa isaa irratti hundaa'uun karaa adda ta'een hubachuu.

- Ilaalchi haala hubannaa waan tokkoti.
- Haala adduunyaa keenya ittin ilaaluu
- Odeeffannoo waliigalaa waa'ee ilaalcha ibsuu fi hubannoo argachuufi.

Yaaddannoo haala mijeessitootaa: Leenjitonni seenaa ilaalchaa jechuun maal akka ta'e dhiheessa, Hiikaa ilaalcha irratti bu'uura godhachuun seenaa waliin fakkenya ni kennu.

Yeroo 1:45

Kutaa 6: Ajandaa Dargaggootaa fi Misoomaa (SDGS, AGENDA 2063)

Kaayyoo Barnootaa

- Maloota gurguddoo addunyaa fi ardii/karoora gara fuula duraa beekuu.
- Ajandaa dhaabbata isaanii karoora gara fuula duraa addunyaa fi ardii, waliin walsimsiisuu.
- Ajandaan dargaggoonni akka addunyaa fi ardiitti xiyyeeffannoon haala biyyaalessaa kessatti hojirra oolchuuf danda'an maal akka ta'an adda baasi.
- Yaada ajandaa addunyaa fi ardii walsimsiisuu.

Gocha Kutaa/ Qabxii marii

Hojii keessan keessatti beekumsaa fi muuxannoo waa'ee labsii fi adeemsota idil-addunyaa fi ardilee argattan maali?

Ibsa kennuu/ Ergaawwan ijoo:

- SDGs fi ajanda 2063, WO waliin wal qabsiiftaa?
- Barbaachisummaa walitti hidhaminsa labsiiwwanii fi adeemsota idil-addunyaa karooraa fi gochaawwan dubartootaatiif qabu.

Yaadannoo haala mijeessitootaa

Ajandaan 2063 karoora Gamtaa Afrikaa bara 3030 eegalamee fi waggoota 50f, galmoota 20 fi yaadota muurtessoon kan karoorfamedha.Yuunaaytid Neeshiniin karoora gara fuula duraa hanga bara 2030tti SGDn turuun galmoota 17 qaba.

- Itti dabaludhaanis waa'ee CEDAW, CRC, SDG 5 mari'adhaa.

Yeroo: sa'aatii 1

Kutaa 7: Hooggansa Dargaggootaa Hunda Haammatoo ta’e

Kaayyoo barnootaa: Dhuma leenjii kanaa booda dargaggoonni

- Cimina hoggansaa isaanii adda baafachuu qabu.
- Dandeettii hoggansaa karaa gochaale hawaasaan hojiirra oolchuu. * Walta’iinsa dargaggootaa fi ga’eessotaa.
- Hunda haammatoon gaggeessuu,

Meshaalee barbaachisan: Gabatee poostaraa, gabatee garagaltuu, maarkerii

Adeemsa

Hirmaattota hiikkaa keenaman waliin walbarsiisuu: Hogganaan hammataa ta’ee hirmaattonni kamuu carraa hogganuu yoo argatan dandeettii qbu jedhee amana.

Gabatee adii, gabatee chookii, gabatee postari, yookiin yaadanno maxxanfamuu danda’an fayyadamuun suuraa uumamuu danda’u (suuraa dubartoota garaagaraa midhama qaamaa qabanii) gargaarsa garee keetiin uumi. Dargagoota gara hojii kanaatti gaaffilee hiikkaa tokko tokko isaarratti fakkenya akka kennan gaafachun hirmaachisuu ni dandessa Fakkenyaaf, yeroo waa’ee hiikaa hunda haammachuu gareef ibsituu, fakkenya hunda haammachuuf ta’u akka kennan gaafadhu. Marii eegaluuf xuqqaawwan armaan gadii fayyadamuu dandeessu.

Qabxiilee Marii

- Hoggansa dargaggoo hunda haammatoo jechuun maali?
- Hoggansa dargaggoo hunda haammatoo jechuun yeroo namoonni dargaggoo ta’an carraa hoggansaa mana baruumsaa fi hawaasa isaani kessatti argachuu danda’ani dha.

Seenaa: D

Dhaabbanii kuni dubartoota irratti hundaa’ee, Finfinnee keessatti argamuu fi bara 2000 irraa eegalee kan hoojjechaa ture dha. Xiyyeffannoo faayidaa dubartootaa irratti piroojektii waa’ee dinagdee ibsuun muuxannoo gaarii qaba.Dhaabbatichi bu’aa gaarii fidus irra caalatti milkaa’ina mul’ataaf, ergamaaf akkasumas galmaaf kennuun qaawwa guddaa uumame guutuu qaba. Waajjirri dhaabbatichaa darbii 5ffa mijaa’ina gaarii kan akka liiftii fi raampii hin qabne, dubartoota miidhaa qaamaa yookiin hanqina qabaniif hin mijannedha. Dabalatanis, dhaabbatichi yaada hunda hammataaf kan cufaa ta’ee fi aadaa haaraa, muxannoo, yaada bilchaataa, ilaalcha waloo kan hin fudhanne dha. Hooggantoonni garaa garummaa yaadaa fi hirmaattota garee gara garaa waliin yaada piroojektii irraa hanga madaalliitti irratti hirmaachuuf fedha hin qaban.Itti dabaluudhaanis, hoggantoonni yaada ajaa’ibaa hojjetaa dhaabbaticha kessaatiin yookiin alaatiin ka’u sammuu qajeelaadhaan hin fudhatan.

Calaqqee/Ibsa Kutaa

1. Dhaabbata keessan seenaa armaan oliitti dhiyaatee wajjiin kan wal fakkeessu jiraa?
2. Akka hogganaatti qaama midhamaa fi hunda hammatoo jechuun maali?
3. Ilaalcha hoggansaa keetiin hunda hammachuu fi koorniyaa akkamin hubatte?
4. Dhaabbanni keessan dhimma garaa garummaa fi dhibbaa gaarii hirmaattota misoomaa garaagaraa irratti fiduu akkamitti danda’a?

5. Dhaabbata dubartootaa irratti hundaa'e irratti mala hunda haammachuutiin hogganuun qoormaataa fi carraan qabu maali?
6. Kutaa haar'aa keessattuu qaama midhamtoota dubaraatiif aadaa dhaabbataa mijataa fi hawwataa ta'e ijaaruu irratti maal hubatte?
7. Dhaabbata dhiirotaa fi dubartoota dabalatee hunda haammattummaa irratti hunda'ee beksisuuf maal karoorfattee jirta?

Mala barsiisuu

Muuxannoo guutuu waliif dabarsu

Hiriyaa fi hiriyaan mari'aachuu

Marii garee yaada tokkorratti xiyyeeffate

Ibsa kennuu/ ergaa ijoo- qabxii marii irratti ilaalcha hirmaattotaa: hoggansa dargaggoo hunda hammataa jechun maali?

Kanaaf, yeroo ibsa hoggansa dargaggoo hunda hammataa irratti gaaffilee dabalataa kanneen itti fufuun gaafachu dandeessa:

Hoggansa dargaggoo

Helen Adams Keller (waxabajji 27, 1880- waxabajji 1, 1968) barreessituu lammi ameerikaa, Falmituu mirga qaama midhamummaa, aktivistii siyaasaa fi barsiistuu turte.

Kutaa 8: Seera/Naamusa/

Kaayyoo barnootaa:

- Hoggansa irratti sirrii fi dogoggora adda baasuu.
- Yaada Hoggansa seera qabeessaa hubachuu.

Galtee Leecallo/ meshaalee/ barbachisan

Pirojektarii, flip chaartii fi maarkarii

Qabiyyee leenjii

Hoggansi seera//*Naamusa*/qabeessaa maali?

Hoggansa seera qabeessa jechuun dandettii hoggansa namootaa kanneen akka haqummaa qabachuu, itti gaafatamummaa, amanamummaa, walqixummaa, fi kabajaan murtoo sirrii fi dhugaa kennuu dha. Dhugaa dubbachuuf kanneen armaan olitti ibsine hoggansa seera qabeessaaf bu'uura ijoo dha.

Hoogansi seera qabeessi gatii yookiin bu'uura seeraa irratti hundaa'uun kan sirrii ta'e dogoggora keessaa adda baasu dha. Bu'uura ilaalchaa ofiif yookiin dhaabbata ofiif ijaaruun hogganaa seera qabeessa ta'uun ni danda'ama.

Qajeeltowwan hoggansa seera qabeessaa: caasaa FATHER

Yaadota ijoo jahan qajeelfama hoggansa seera qabeessaa uuman:

Caasaa FATHER: F-A-T-H-E-R Loogiin ala (Fairness), Ittigaafatamummaa (Accountabilty), Amanuu (Trust), Haaqummaa (Honest), Walqixxummaa (Equality), Kabaja (Respect).

Loogiin ala (**F**airness)**:** qajeelfamni loogiin alaa namoonni hundi bu'uura ittiin ilaalamuu barbaannu dha. Akkuma nuti loogiin ala ilaalamuu barbaannu, nuti illee warra kaan haaluma kanaan ilaaluuf carraaquu qabna.Akka hogganaatti, garee, gosa fi hordooftoota kee haala kanaan ilaaluutu sirra jiraata.Namoota haala walfakkataa kessa jiran loogiidhan yookiin ijaa walcaalaan ilaaluun wal tuffii horuu danda'a. Loogii malee hoogganuun yeroo namoonni amala hin taane agarsiisanis seera eegsisuu ni dabalata. Hojjettoota haala walfakkataa kessa jiran wal caalchisuun ilaaluu balleessuun barbaachisaa dha.

Itti gaafatamummaa/Accountability**:** Murtoo badaa fi dogoggoraaf itti-gaafatamummaa fudhachuu danda'uun naamusa guddaa agarsiisa. Hundi Keenya dogoggora ni hojjenna garuu baay'een keenya dogoggora hojjatamee hin amannu yookiin hin fudhannu. Namoota komachuu, haala komachuu, fi waaqallee komachuun amala namaati. Garuu dogoggora ofii fudhachuun nama cimaa akkasumas hogganaa, kan waa hunda qabuu namoonni kabajan fi hoordofan si taasisa.

Amanuu/Trust: Walitti dhufeenyii fi garee cimaan kan ijaaramu amanamummaa irraati. Yoo miiltoo kee amanuu hin dandeenye, walitti dhufeenyi keessan addaan cituu danda'a. Yoo amanamumma garee keeti hin amaniin, dhumarratti ofii isaatif gareen kee ni diigama. Gareen kee, maatiin kee, fi hiriiyummaan kee guddachuu fi hiika qabaachuuf amanamummaa irratti hundaa'u. Gareewwan ga'umsa guddaa qaban, humna waraanaa, garee kubbaa miillaa, yookiin dhaabbata kee hundee amanamumma cimaa ni qabaatu.

Haaqummaa/Honesty**/:** Walitti dhufeenya keenyaaf waantota barbaabachisaa ta'an karaa ifaa fi haqummaan mari'achuu danda'uun hariiroo keenya guddisuuf ni gargaara. Haqummaan kallattiidhaan amanamummaa soora. Yoo nama tokko waliin ifaan haasa'uu hin dandeenye dhugaa jiru dhagahuuf isaan hin amantu jechudha yookaan dhugaa karaa kee jiruus dhoksuutu dhufa.

Walqixxummaa/Equality**:** qajelfamni walqixummaa ilma namaa dachee kanarra hundee gammachuu fi jireenya damdamachuuti. Addunyaa irratti walqixummaa dhabuun waan hedduu keessa jiraatus, sababa gara garaatiin namoonni namoota biroo qollifachuun wal caalchisu. Bifa, amantii, koorniyaa, saalaan, dheerina, ulfaatina, yookiin bifa rifeensaatin; yoo cunqursaa fi walcaalchisuu barte, ati nama gaarii, hayyuu fi amanamaa miti.

Kabaja/Respect**:** kabajni hiikkaa baay'ee qaba, garuu hiikaan ijoo kabajaa ilaalcha hawwii, miira, fi mirga namoota biroo agarsiisuu dha. Miiraa fi fedhii namoota biroo waliin walii galuu dhiisuu dandeessa garuu immo fedhii isaanii kabajuu qabda.Namni biraa sababa mataa isaani waan qabaniif haala itti jiran dinqisiifachuu qabda.Garaagarummaa nu gidduu jiru hubachuun dhugaa namuummaa irraa maddu dha. Garaagarumma jiranitti waliigaluu dhiisuu malta garuu sababa garaagarummaan kun akka jiraatan godhe hubachuu qabda.

Kabaja waliin dinqisifannaatu dhufa. Namni kamuu waan ittin dinqisiifatumu ni qaba; yeroo fudhachuu mala ta'a. Seera qabeessummaa ykn safuu kee yeroo ijaartu, amala kee yeroo agarsiiftu namoonni baay'een akkaataa daldala kee, filannoowwan kee fi jireenya kee itti gaggeessitu ilaaluun akka si kabajanii fi akka si dinqisiifatan ni hubatta.

WAAN SIRRII HOJJACHUU MITI, WAAN SIRRII KARAA SIRRII TA'EEN HOJJECHUUDHA.

Amma, mala FATHER fayyadamuun yaadota bu'uuraa irratti of ijaaruu qabdu ni yaadatta.

Yeroo: Sa'aatii tokko

2 Boqonnaa

INTERPERSONAL SKILLS FOR YOUNG FEMALE LEADERS

Kaayyoo:

Dargaggoota dandeettii hooggansaa akka horatan gargaaruudhaaf. [Hub: Dhaabbileen dubartootaa odeeffannoo dabalataa fi dandeettii qunnamtii/miidiyaa irratti argachuuf moojulii walqunnamiti wabeeffachuu ni danda'u].

Dheerina: Guyyaa 3/Sa'aatii 18-20(tilmaamaan)

Kutaa 1; Of hubannaa

Kaayyoo Barnootaa

- Of hubannaaf hiika kennuu
- Of hubannaa gaarii fi gaarii hin taane ibsuu fi;
- Karaalee guddina of hubannaa eessatti gargaaran ibsuuf.

Gocha Kutaa/ Qabxii Marii

- Of hubachuu jechuun maal jechuudha?
- Of hubachuu gaarii fi gaarii hin taane jiraa? Fakkeenya kenni.
- Jechamoota armaan gadiitti kaa'ame irraa waa'ee of hubachuu maal baratta?

Qabiyyee

Dandeettii haala, miiraa fi kaka'umsa, akkasumas dhiibbaa isaan namoota biroo irratti qaban adda baasuu fi hubachuu"

Duudhaa, fedhii, galma, dandeettii fi kaayyoo ofii irratti hubannoo ifa ta'e qabaachuu" (Hall, 2002)

Adeemsa itti fufiinsa qabu ta'ee; dhuunfaa keenyaaf hubannoo ifa ta'e ni qabaanna: Cimina keenya, dadhabina keenya, amantaa keenya, yaada keenya, miira keenyaa fi waan nu kakaasu.

890-Haala keessoo keenyaa fi walqunnamtii fi hariiroo namoota biroo wajjin qabnu hubachuudha (Trapnell and Campbell, 1999).

Akkamtaa fi sirrummaa hubannaa ofiif qabnuu baruuf, akka meeshaa madaalliitti ilaalamuu danda'a.Kunis, of hubanna qabnu dammaqinaan baruu danda'uudha.

"Jalqaba ogummaa." Soqiraaxis

"Of beekuun dogoggora dhabamsiisuu miti, dandeettii dogoggora sana baruu fi sirreessuuti". Daniel Chidiac

Gocha 1: of beekuu isaanii madaallii dhuunfaa tokkoon tokkoon leenjifamtootaa, gaaffii madaallii dabalataa irraa argachuu.

Barbaachisummaa of hubannaa

Viidiyoo barbaachisummaa hubannaa dhuunfaa http://www.youtube.com/watch?v=aOumKfJBjGQ

Guddina Dhuunfaa fi Of Fooyyessuun amala, dandeettii, galma kaa'uu fi murtee kennuu ni fooyyessa.

- Hariiroo namoota biroo waliin jireenya dhuunfaa fi bakka hojiitti qabnu fooyyessuun ofitti amanamummaa bakka hojiitti qabnu ni dabala.
- Gitoota hojii fi dandeettii/bakka fooyya'aa jiru walsimsiisaa deemuu danda'uu ni agarsiisa.
- Fedhii guddina ogummaa keenyaa guutuu.
- Murtii hojii bu'a qabeessa murteessuu/ qacarrii irrattis murtii adda ta'e akka murteessinu
- Ogummaa qabnu ni beekuu
- Adeemsa afgaaffii keessatti gargaara- cimina keenya haala gaariin dhiyeessuu danda'a.
- Itti gammadoo hojii olaanaa
- Of madaaluuf nu gargaara, akkasumas naannoo sanatti akkamitti akka wal simnu nu gargaara
- Yeroo anniisaa:- daqiiqaa 5-10

Of hubannaa fooyyessuuf

- Yaada gaafachuu
- Ciminaa fi dadhabbii kee hubadhu
- Of calaqqisiisuu
- Haasaa kee madaali
- Lakki jechuu shaakaluu- gammachuu yeroo gabaabaa hin yaadiin
- Kufaatiin koo maaliifi jedhi
- Sodaa kufaatii mo'adhu
- Nama galateeffatu ta'i

Gocha 2:

Namoota fakkeenya ta'an filachuu

Namoota biyya keessaa, keessaa akka fakkeenyaatti eenyu ilaalta?Dhiibbaa akkamii sirratti uume?

Amaloota waa'ee nama fakkeenya siif ta'ee dinqisiifattu ilaalchisee diraamaa agarsiisi.

Yaadota ijoo/Ergaa ijoo

- Dandeettii fi dadhabina kee qoratteettaa?
- Dubbii booda of hubachuuf carraa/ yeroo kenniteettaa?
- Barbaachisummaa of hubannaa beekumsa argatteettaa?
- Cimina dhuunfaa, dadhabbii fi fedhii kee hubatteettaa?

Yaadannoo Haala Mijeessaa

- "Dandeettii haala, miiraa fi kaka'umsa, akkasumas dhiibbaa isaan namoota biroo irratti qaban adda baasuu fi hubachuu".

Yeroo kenname: Sa'aatii 1 fi daqiiqaa 15

Kutaa 2; Dandeettii Qunnamtii

Kaayyoo Barnootaa

- Walqunnamtii afaaniin alaa bu'a qabeessa ta'e ibsuu fi agarsiisuu.
- Dandeettii qunnamtii bu'a qabeessaa ibsuu fi;
- Dandeettiiwwan dhaggeeffachuu tarreessi.
- Dandeettii deeggarsa, barachuu fi qooduu karaa, marii – dhaggeeffachuu.
- Ilaalcha adda addaatiif iddoo kennuu

Gocha yaada baninsaa 1ffaa

Barbaachisummaan qunnamtiin bu'a qabeessaa hariiroo namoota waliin qabnu irratti qabu maali?

Namoota waliin hojjettu, hiriyoota fi hawaasa waliin akkamitti walii galuun dandeessaa?

Qabiyyee Leenjii/ Yaadannoo Haala Mijeessaa

Koomunikeeshiniin (qunnamtiin) jecha Laatiin Koominiketis irraa maddedha – qooduu, beeksisuu, kanaaf waanan beeku namoonni biroo beekuu danda'u. Qunnamtiin gosa adda addaatu jira: Walqunnamtii barreeffamaa keessatti mallattoo barreeffamaa fayyadamuun wal qunnamna, fakkeenyaaf karaa email, xalayaa, gaazexaa, barruulee ykn kitaabaa. Walqunnamtiin afaanii mallattoo afaaniin (waan jennu) fayyadamuun qunnamtii taasifamudha. Yeroo afaaniin ala wal qunnamnu mallattoolee afaaniin hin taane fayyadamuun wal qunnamna: sagalee baasnu, sagalee dhageessisuu , sochii qaamaa, afaan qaamaa, malattoo qaamaan kennuu fi kkf. Akkaataa hirmaattotaatiin qunnamtiin dhuunfaadhaan ykn namoota gidduutti ta'uu danda'a.Walqunnamtiin dhuunfaa qunnamtii nu keessaa fi nu waliin taasifamuudha, kanaaf, walqunnamtii miira dhiphoo ta'een qofa ibsuudha.Walqunnamtiin namoota gidduu jiru kallattiin 'gosa walqunnamtii tokko tokkoon kan namoota lama gidduutti ykn garee xixiqqoo gidduutti guddatudha.

Gocha 1: Taphoota gahee cimdii

- Namni tokko Nama A yoo ta'u namni tokko immoo Nama B dha
- Namni An waa'ee rakkoo ykn yaaddoo qabuu daqiiqaa 2f haasa'uu. Fakkeenyaaf,
    - Shamarreen tokko waa'ee jaalallee ishee walqunnamtii saalaa akka raawwattu dhiibbaa gochaa jiruu hiriyaa ishee waliin haasa'uu dandeessi.
    - Namni tokko waa'ee fedhii guddaa inni dhugaatii dhaabuuf qabu obboleessa isaa wajjin haasa'uu danda'a.
- Namni Bn osoo hin dubbatiin karaa barbaadeen fedhii, hubannoo fi gargaarsa dabarsuudhaaf yaalu qaba.

Qabxiilee Marii

- Daqiiqaa lamaaf osoo hin jeeqamiin haasa'uun maaltu itti dhaga'ame?
- Akka hin haasofne dhorkamuun maaltu itti dhagahame?
- Hiriyaan kee akka si hubate sitti dhaga'amee? Akkamitti beekte?

Dandeettiiwwan walqunnamtii namoota gidduu adda addaa kanneen namoota biroo wajjin walqunnamtii milkaa'aa ta'eef faayidaa qaban jiru.

Qunnamtii afaanii fi Afaaniin alaa

Qunnamtii/Walii galteen afaanii ifaan ifatti.Jechoota afaanii bahaniin akkasumas mallattoolee ergaa nuuf dabarsan fayyadamuun haasofna. Afaan/Qooqa walfakkaataa haasofna taanaan, hiika jechootaa fi mallattoolee akkamii akka bakka bu'an ni beekna.

Walqunnamtii afaaniin ala ta'e keessatti mallattooleen kun akkasitti qajeeloo ykn ifaan ifatti ta'uu dhiisuu danda'u. Sababoonni kanaa muraasni namoonni mallattoolee afaaniin ala ta'aniif bakka gahaa kennuu dhiisuu danda'u. Walqunnamtiin afaaniin ala ta'e hangas barbaachisaa miti jennee yaaduu dandeenya, garuu qorannoon ergaa nuti erginu keessaa %7 qofti afaaniin, %93 ammoo afaaniin ala akka ta'e agarsiisu jira.

Qaamolee qunnamtii afaaniin alaa


Ibsi fuulaa akka waliigalaatti aadaa fi saba hunda keessatti waaltawaadha. Fuulli ergaa fudhachuuf dafee deebii kan kennu yoo ta'u, sadarkaa hubannoo ykn hirmaannaa haasawa keessatti qabnu kan agarsiisuu fi miira ibsuuf karaa salphaadha. Miira bu'uuraa ja'a suuraawwan armaan gadii irratti ibsaman tilmaamuuf yaali.



Fakkii 5: Ibsa Fuulaa

Sochii Qaamaa fi Dhaabbii – Ejjennoo kee, haala dhaabbii kee, akkaataan ati deemtu, wantoota xixiqqoo kan akka akkaataa mataa kee qabdu illee ergaa hin dubbatamne dabarsu. Sochiin qaamaa fi dhaabbiin qaamaa yaada, miiraa fi hariiroo namoota haasaa sana keessatti hirmaatan waliin qabnu ibsa.

Mallattoolee qaamaan kennuu – ibsa fuulaatti aanuun, qaama qunnamtii afaaniin ala ta'e keessaa isa sirriitti ibsudha. Ergaa afaanii malee of danda'ee itti fayyadamuun ni danda'ama. Miira ibsuuf ykn ergaa afaaniin dhiyaatu akka cimsuuf itti fayyadamuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, yeroo wal falminu ykn sochii qaamaatiin dubbannu harka keenya ni raasna, quba ni qabna, harka keenya ni fayyadamna. Yeroo baayyee osoo hin yaadin sochii qaamaatiin of ibsina.Haa ta'u malee, hiikni sochii qaamaa aadaa fi naannoo hunda keessatti gargar ta'uu waan danda'uuf, hiika dogoggoraa irraa of eeggachuun barbaachisaadha.



Fakkii 6: Haasaa sochii qaamaa

Ijaan Wal qunnamuu – Ijaan wal qunnamuun bifa barbaachisaa walqunnamtii afaaniin alaati. Akkaataan ati nama tokko itti ilaaltu fedhii, jaalala, diinummaa ykn hawwatummaa akka qabdu ibsa. Adeemsa haasawa eeguu fi deebii nama biraa madaaluufis ijaan wal qunnamuun barbaachisaa dha.

Tuttuqaa – Tuttuqqiin kutaa barbaachisaa biraa walqunnamtii afaaniin alaati.

Tuttuqqiin miira keenya ibsuu danda'a – kan ofii ta'uu, aarii, kunuunsa, jaalala, sodaa fi kkf, namoota biroo gochaaf kakaasuu danda'a ykn fageenya namoota gidduu jiru hir'isuun qunnamtii cimsuuf itti fayyadamna. Wantoonni armaan gadii maal akka dabarsan yaadi: harka walqabachuu cimaa, gateettii suuta harkaan rukuchuu, haala ho'aan wal hammachuu, dugda rukutuun nama tasgabbeessuu, mataa kee rukutuudhaan ykn harka kee to'achuuf qabachuu.

Fageenya eeguu– Hundi keenya fedhii fageenya eeguu qabna, fedhiin sun aadaa, haalaa, fi walitti dhiyeenya nama sana waliin qabnu irratti hundaa'uun garaagarummaa ni qaba. Walitti dhiyeenya, aggaammii, ol'aantummaa ykn jaalala dabalatee ergaawwan afaaniin alaa hedduu dabarsuudhaaf fageenya gidduu jiru fayyadamuu ni danda'ama.

Sagalee – mallattoolee afaan walfakkaataa kanneen akka haala sagalee,humna sagalee, olka'umsa sagalee, garagalchuu, dhahannaa sagalee, fi saffisni dubbii qaamolee qunnamtii barbaachisoodha. Yeroo dubbannu namoonni kaan dubbii keenya dhaggeeffachuu bira darbee sagalee keenya 'dubbisu'. Sagaleewwan dubbii afaaniin alaa kun miira keenya isa dhugaa fi dhuguma maal jechuu akka barbaannu ragaa dhokataa ta'e, garuu humna guddaa qabu nuuf kennu. Fakkeenyaaf, sagaleen akkamitti qoosaa, aarii, jaalala ykn ofitti amanamummaa argisiisuu akka danda'u yaadi.

Namni dhuunfaa kamiyyuu adda waan ta'eef haala adda addaatiin (afaanii fi afaaniin ala) walqunnamuu danda'a.Qajeelfamni waliigalaa armaan olitti kenname tokko tokkoof dhugaa ta'uu danda'a, aadaa fi

namoota dhuunfaa biroof immoo ta'uu dhiisuu danda'a. Mallattoolee afaaniin alaatiif xiyyeeffannaa akka kenninu nu yaadachiisuuf kan fayyadan ta'us, isaan sun yeroo hunda haala hundumaa keessatti hiika tokko qabaachuu dhiisuu akka danda'an yaada keessa galchuun barbaachisaadha. Mallattoolee afaaniin alaa namni biraa nuuf dabarsu sirrummaa fi sirrii ta'uu dhabuu isaa mirkaneeffachuuf xiyyeeffannaa kennuu kee mirkaneessi (fakkeenyaaf namni tokko osoo si haasofsiisuu tarkaanfii tokko duubatti yoo deebi'e, fageenyi sin gidduu jiru akka itti hin tollee fi kana caala walirraa siquu akka qabdan ibsaa jiraachuu danda'a). Fedhii dhuunfaa namootaa kabaji, yeroo hunda wanta 'hubadhe' jettee yaadde sirrii ta'uu isaa nama sana gaafachuun mirkaneeffadhu.

Dandeettii Dhaggeeffachuu

Dhaggeeffachuun dandeettii adeemsa walqunnamtii keessatti ergaawwan sirritti fudhachuu fi hiikuuti. Walqunnamtiin yeroo namni tokko ergaa sana dhaga'ee, dhaggeeffatee fi hubatee, mallattoolee afaaniin alaa ergaa sana waliin jiran argu qofa. Dandeettii dhaggeeffachuu jechuun dandeettii ergaa afaanii fi afaaniin alaa namoota biroo irraa dhufu dammaqinaan fudhachuu fi hiikuti. Wanta namni tokko dubbatu xiyyeeffannaa kennuu, hiika dubbii isaa duuba jiru hubachuu fi deebii sirrii ta'e kennuu ni dabalata. Walqunnamtii bu'a qabeessa, hariiroo cimsuu, fi waldhabdee furuuf dandeettiin dhaggeeffachuu cimaan murteessaadha.Walqunnamtii namoota biroo wajjin qabnu keessatti dhaggeeffachuun ogummaa murteessaadha.Mammaaksa durii keessaa tokko akka jedhutti 'Gurra lama qabna, garuu afaan tokko qofa, kanaaf hamma dubbannu dachaa lama dhaggeeffachuu dandeenya'.Si'aayinaan dhaggeeffachuun yaadaa fi qalbiidhaan dubbii afaanii fi afaaniin alaa namoota waliinii hordofuudha. Ergaa sana hubachuu, hubannoo kana mirkaneessuu fi waan dhaga'ame irratti yaada kennuu ergaan darbee fi hubatame walfakkaataa ta'uu mirkaneessuu gaafata.

Dandeettii si'aayinaan dhaggeeffachuu

Jecha biraatiin ibsuu– jechoota mataa keetii fayyadamuun waan namoonni biroo dubbatan irra deebi'uu. Qabiyyee jedhame sana akka hubattetti hiika isaa nama biraatti 'deebi'uudhaan' qulqulleessuuf kan ooludha. 'Jecha biraatiin...', 'Kanaaf, ati...' jechaa jirta, 'Yoo akka gaariitti si dhaga'eera ta'e...' jennee jalqabnee, ergaa sana akkamitti akka hubanne jecha keenyaan ibsuu dandeenya.

Miira calaqqisiisuu – miira namni biraa yeroo haasa'u ykn afaaniin ala agarsiisu dhageenye hunda kaasuudhaan, Akkas jechuu dandeenya: 'Sababa…wanta aarte natti fakkaata', 'waanti sitti dhaga'ame waan jiru natti fakkaata...' jechuu dandeenya. Nama dhaggeeffanne, akkasumas miira isaa, fi waan inni/isheen/isaan keessa darbaa jiraniif akka bakka kenninu ni agarsiisa.

Gaaffii gaafachuu – waan dubbatame caalaatti qulqulleessuuf itti fayyadamna.Suuraa haalaa/taatee/seenaa guutuu ijaarree akka jirru mirkaneessuuf itti fayyadamna. Fakkeenyaaf, namni tokko haala ta'e tokko yeroo ibsu: 'Waan biraa maaltu ta'aa ture?', 'Namni biraa achi turee?', 'Amma maal gochuuf karoorfatte?' fi kkf gaafachuu dandeenya.

Walumaagalatti –jechoota keenyatti fayyadamnee waan namni biraa dubbate gabaabumatti ibsuu dha. Haasawa kutaa tokko booda ykn namni biraa erga yaada ibsee xumuree booda itti fayyadamna.Qabiyyee isaa hubachuu keenya mirkaneeffachuu fi qabxiilee barbaachisoo ta'an walitti qabuuf gabaabsinee fayyadamna.

Gocha 2: Dhaggeeffachuu sadarkaa sadiitti



ADEEMSA (Moojulii Biriitish kaawunsilii lammilee hirmaattotaa)

- 1. Gocha kana keessatti yaada fi gatii dhaggeeffachuu sadarkaa sadiitti akka ilaallu qoodaa: – dhugaa jiru – miira – kaayyoo.
- 2. Kunis sammuun (dhugaa), onneerraa (miira) fi miilaan (kaayyoo) dhaggeeffachuu jedhamuun beekama.
- 3. Garee nama afuriitti qoodi. Namni tokko fedhiin seenaa isaanii haa qoodan; dhimma ykn haala furmaata hin argatiin, bu'aa eeganii osoo hin argatiin hafan ta'uu danda'a.Gareen sun wal beeku yoo ta'e, muuxannoowwan miira gad fagoo ta'an irraa akka fagaatan itti himi.
- 4. Hirmaattonni sadan hafan gahee hojii armaan gadii keessaa tokko filachuun, waan dhaga'an boodarratti akka qoodan itti himi: – garee keessaa namni tokko dhugaa jiru qofa dhaggeeffachuu qaba.

QABXIILEE BARNOOTAA

Hirmaattonni karaa adda addaatiin dhaggeeffachuu yaalanii fi shaakalan hayyamuu.Hirmaattonni seenaa taatee akka barbaadanitti hin deemneef qoodu. Karaa adda addaatiin kan dhaggeeffataman yoo ta'u, yaadni adda addaa seenaa sanaa ni mul'ata.

Meeshaalee barbaachisan

Waraqaa fi qalama

Dubbii baninsaa/ Ergaa ijoo

Dhaggeeffachuun sadarkaa sadiitti maalidha?

Qunnamtiin sirriin dhabbileen dubartootaa jijjiirama akka fidan taasisa.

Kutaa 3; Ofitti amanamummaan dubbachuu

Kaayyoo Barnootaa

- Hoggantoonni dargaggootaa fi waldaaleen dubartootaa dandeettii ofiif dhaabbachuu ni guddifatu
- Hawwii, fedhii, fi yaada hojii isaanii keessatti qaban adda baasuu fi hojii irra oolchuu
- Ofiif dhaabachuu, dubbii dabarsuu fi amala ori'uu adda baafachuun beekuu.
- Ofitti amanamummaa bu'a qabeessaa fi dandeettii marii ibsuu

Qophii fi Meeshaalee

- Qalama, gabatee garagaltuu, yaadannoo maxxanfaman, maarkarii fi waraqaa

HAALA ADEEMSAA

- Dubartoonni haala jaarmiyaa keessatti yaada dhuunfaa fi marii garee keessatti akkamitti ofiif dhaabachuu akka danda'an ilaalchisee gaaffii gaafadhu. Ibsa gareetiin waa'ee furmaata rakkoo fi qormaata dubartoonni gama dinagdee, hawaasummaa fi siyaasaatiin sadarkaa dhuunfaa fi gareetti isaan mudatu bal'inaan mari'achuu. Walqunnamtiin kallattii lamaaniin jiraachuu mirkaneeffadhu.

Qabiyyee Leenjii

Jireenya keessatti faayidaa kan qabu ta'us, bakka hojiitti mirga ofiif dhaabachuun barbaachisaa dha. "Hojii irratti mirga keef dhaabachuu yoo dandeesse, guyyaa hojii kee guutuu haala siif dhiyaatu kamiyyuu dandamachuu akka dandeessu beekuun ofitti amanamummaan sitti dhaga'ama" (Banks, 2020).Ta'us, yeroo waldhabdee dubbii ofiif qofa dhaabbachuun qormaata ta'uu danda'a, keessumaa yeroo shakkiin dubbatamu ulfaachuu danda'a (Molinsky, 2017).Yoo siif uumamaan hin taane – tarii mala al-kallattiin ta'e – dhiphina ykn gara jabeessa ta'uun mul'achuutu mudata.

Gufuuwwan idilee namoonni hojii irratti ciminaan walqunnamuuf yaalan mudatu keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti (Baankii, 2020 irraa fooyya'e):

- Maal akka barbaadan hin beekan.
- Miirri isaanii mirkanaa'aa waan hin taaneef waanti hundi aariidha jedhanii fudhatu.
- Fedhiin isaanii faayidaa akka hin qabne itti dhaga'ama.
- Haala hundumaa keessatti jaalatamuu barbaadu.
- Dhiphachuun, qunnamtii bu'a qabeessa qabaachuurraa danqamu.
- Dandeettii, dandeettii qabaachuu fi ogummaa isaanii irratti ni shakku ykn ofitti amanamummaa hin qaban.
- Qeeqni ulfaataan kana dura isaan mudachuu.
- Waan dogoggora ta'e dubbachuu sodaatu.
- Nama miina ykn mufachiisna jedhanii ni yaadda'u.
- "Ni argamna" jedhanii sodaatu. (imposter syndrome).
- Nan qoramaa jedhanii sodaatu.
- Haaloo bahamna jedhanii ni sodaatu.
- Namoonni maal yaadu jedhanii sodaatu.

Tokkoon tokkoon armaan olitti gufuu ta'uun ibsaman irratti xiinxaluu fi kanneen kamtu siif dhugaa akka ta'an adda baafachuun shaakaluun gatii guddaa qaba.Dammaquun xiyyeeffachuu, barachuu fi dandeettii ofitti amanamummaa guddisuuf si gargaaruu danda'a. Keessattuu yeroo ulfaataa ta'e keessatti ofitti amanamummaa qabaachuun faayidaa hedduu qaba, kanneen armaan gadii dabalatee:

- Ofitti amanamummaa, of jaallachuu fi of kabajuu ni dabala.
- Yeroo waldhabdee ykn walmormii bu'a qabeessummaa walqunnamtii ni dabala
- Hiriyoota isaanii irraa kabaja ni argatu
- Namoota biroo osoo hin hirkatiin waan si barbaachisu akka argattu si dandeessisa.
- Murtee ofitti amanamummaan dabaluu irraa dhufu ni fooyyessa.
- Mariisisaa fooyya'aa akka taatuuf si gargaara.
- Hogganaa fooyya'aa akka taatu si gargaara.
- Hariiroo gaarii namoota wajjin hojjettu waliin qabduni fooyyessa.

Ofiif amanamummaan dubbachuun, haalawwan rakkisaa ta'anii fi namoota rakkisoo ta'an wajjin ogummaadhaan akka wal qunnamtu si dandeessisa.Keessumaa "lakki" jechuun akka hin danda'amne yeroo hubattutti barbaachisaa dha.Yeroo hunda "Tole" jechuun siifis namoota wajjin hojjettu irratti miidhaa geessisuu danda'a. Yeroo tokko tokko: *Kun gahaadha* jechuun homaa miti, g*uyyaa keessatti sa'aatii mutaa'e qofatu jira hojiin ani hojjechuu danda'us hamma kana qofa jechuun barbaachisaadha*. Mallattoo dadhabinaa ykn dandeettii dhabuu miti.Yoo kana hin taane, hojicha nuffuu, bu'a dhabeessummaa fi hariiroo gaarii dhabuutu dhufa. Namoota miira sitti dhaga'amuu fi maal akka si barbaachisu beeksisuun fedhii kee hubachuu fi akkaataa itti hojjetan akka sirreessan carraa ni kenna (Banks, 2020). Qormaanni akkuma jireenya keenya hundaatti madaalliidha.Garmalee dadhaboo ta'uu – rakkoo hojiin itti fe'amuu fi dhageettii dhabuu – fi garmalee aaruu – hariiroo namoota waliinii miidhuu fi seera ogummaa gatuu gidduutti yeroon gammachuu qabu jira. Ogummaa ofiitti amanamummaa qabaachuun bakka hojiitti milkaa'uu fi milkaa'uu dhabuu ni murteessa.

Tooftaalee Hooggantootaaf

Ofitti amanamummaan yeroo dubbattu waantota armaan gadii yaada keessa galchuuf yaali:

- Namoota waliin wal qunnamuu fi yeroo dabarsuu.
- Yaada gaarii, yaada gaafachuu amansiisaa, yaaduu fi haala haqa qabeessa ta'een kennuu.
- Murtee kennuu keessatti murtoo sirrii fayyadamuu.
- Jijjiiramaaf qophaa'aa ta'uu.
- Hariiroo gaarii qabaachuu.
- Carraa tumsuu barbaaduu.

Amala haala dubbii wajjin walsimsiisuu

Haala dhaggeeffattootaa fi haala dubbiitiin ofitti amanamummaa kee agarsiisuu qabda.

Haala jiru hubachuu fi tarkaanfiiwwan armaan gadii fayyadamuun ofitti amanamummaa fi amala kee haala sirrii ta'een mijeessuu kee mirkaneessuun ni danda'ama(Gallo, 2012):

- Haala qabiyyee hubachuu: Haala keessa jirtu hubadhu. Amalli ofitti amanamummaa akkamitti ilaalama?
- Ofitti amanamummaa kee madaali: Malli kee milkaa'aadhaa? Ofitti amanamummaan kee humnaa oli moo xiqqaadha? Namoota yaada isaanii amantu gaafadhu.

- Galma kaawwachuu fi itti cichuu: Yeroo dubbachuu qabdutti maaliif hin dubbattu? Maaliif of qabda? Haalonni addaa ati gara fuulduraatti akka hin baane si dhorkan jiruu?
- Hariiroo ijaaruu: Namoota biratti yeroo haalli mijataan nutti hin dhaga'amne, namoonni maal yaadu kan jedhu yaaddoo nutti ta'a. Yeroo buna dhuguu ykn hojiin alatti namoota sirriitti baruuf yaali. Dhiibbaaleen hawaasummaa waliigaltee kee daangessuu danda'u.
- Ofii keetiif nama dhugaa ta'i: Amala ofiif dhaabachuu cimaa qabaachuun sirrii akka hin taanetti namatti dhagahamuu danda'a, garuu miti. Hiriyummaa osoo hin gatiinii fi namaaf gadduu osoo hin dhaabiin irra caala nama dursa ofiif kennu ta'uun ni danda'ama. Sadarkaa fi akkaataan isaa haala dubbii wajjin kan walsimu ta'uu qaba.

Tarii kana caalaas, namoota hin doorsisiin.Ofitti amanamummaan ofiif dhaabachuun gonkumaa loluudhaan ta'uu hin qabu; furmaata fedhii lamaanii guutu argachuuf yaaluu, to'annoo fi tasgabbiin ta'uu qaba.

Tooftaalee dubbii afaanii

Walqunnamtiin afaaniin nuti goonu ofitti amanamummaa qabaachuu keenya ifatti argisiisuu danda'a. Dandeettii tasgabbaa'uu, yaadotaaf banaa ta'uu fi waldhabdee furuuf qabdu agarsiisuuf carraa ni kenna. Banks (2020) tooftaalee afaanii hedduu nu gargaaruu danda'an kenna:

1. **Daangaa kaa'i:** Waan fudhatama qabu ilaalchisee ofii keetiifis ta'e namoota biroof ifa gochuun barbaachisaa dha. Daangaa kaa'uu fi eeguu jechuun atii fi namoonni ati waliin hojjettu gosa hariiroo ati qabduu fi maaltu fudhatama akka qabu hubachuu jechuudha. Fakkeenyaaf, miseensa hojjetaa haaraa tokkoof leenjii kennuudhaaf qophaa'uu dandeessa garuu yeroo murtaa'eef akka ta'ee fi walgahii miiltoowwan hojii qeequuf qophaa'e akka hin taane ifa godhiif.
2. **"Lakki" jedhi:** Irra caalaa keenyaaf "lakki" jechuun qormaata ta'us, keessumaa yeroo ofitti amanamummaa hin qabnetti rakkisaadha. Ta'us akkuma tooftaalee kana hunda shaakaluun fooyyessuu dandeenya. Waan sitti hin tolle akka hojjettu gaafatamte – tarii amantii kee isa ijoo irraa faallaa ta'uu danda'a – yookaan waan gaafatamte tole jettee deemuu dandeessa yookaan lakki jechuu filachuu dandeessa. Inni lammaffaan filannoo nama ofitti amanamummaa qabuuti. Maaliif lakki akka jettu yaadadhu, sababoota murtoo kee duuba jiran ifa godhi.
3. **Himoota "Ani" fayyadami:** haala kamiyyuu keessatti bu'aan gaarii kan jedhamu, yeroo qaamoleen lamaan itti gammadani, haa ta'u eega ta'ee osoo hin jedhiin adda ba'anidha. "Ati kana goota" ykn "Ati akkas hin goone" jechuun aggaammii fakkaachuu danda'a. Haala sana ilaalchisee maaltu akka sitti dhaga'amu ibsuun, mariif karaa banuun dhimmicha irratti ejjennoo qabdu ibsa. Jechoota akka: Kun mala sirrii ta'uu isaa natti dhaga'ama YKN filannoowwan biroo ilaaluu akka qabnu natti dhaga'ama jedhan yaali.
4. **Fedhii fi miira kee ibsi:** Tooftaalee yaada kee ibsachuu fudhachuu fi nama dhugaa ta'anii itti fufuuf of ibsuun murteessaadha. Waan barbaaddu ykn waan siif ta'aa hin jirre namootatti himi. Ibsa akkasii malee, akka nama komatuutti ykn waan barbaaddu akka hin beekneetti ilaalamta. Nama si'aayina hin qabne, si'aayina nama hin qabne - lolu ykn baay'ee nama lolu ta'uu irraa fagaachuuf yaali; haalotatti ifaa fi dippilomaasiidhaan dhiyaadhu. Kun karaa hunda caalaa dhaga'amuu fi hubatamuuf mijataa ta'edha. Gaaffii kan qaban ykn gara jabeessa ta'anii mul'achuun warri kaan battalumatti akka yaada isaanii cufan ykn haala walfakkaatuun deebii akka kennan taasisa.
5. **Namoota maqaa isaanii fayyadamuun haasofsiisi:** Yeroo maqaa namoota wajjin hojjettuu fayyadamuun haasofsiistu ofitti amanamummaa guddaa akka qabdutti mul'atta. Maqaa isaanii waamuun kee eenyu akka ta'an akka beektu agarsiisa. Dhaggeeffataan kallattiin isaan waliin akka haasa'aa jirtu hubachuu fi hojiif hawwiin socho'a.
6. **Walqunnamtiin kee baay'een isaa yeroo ofitti amanamummaan waa mirkaneessitu afaaniin ala ta'a (Banks, 2020).**

Waliin Dubbii Sagaleen Alaa

1. **Ofitti amanamummaa qooqa qaamaa qabaachuu:** qooqni qaama keenya akkaata nuti wantoota hubannuu irrattii dhiibbaa guddaa qaba. Ibsi fuula yeroo waliin dubbii goonuu walitti dhufeenya dhimma dubbannuu sanaa wajjiin qabnu agarsiisu, dhaabbii tolu fi waltajjii offii to'achuun fakkeenyoota waliin dubbii sagaleen alatti. Yeroo ofitti amanamummaa qabannuu namoonni biroo dandeettii fi eenyummaa ofitti amanuu haasawaa/dubbii keenya duraa nu keessatti arguu. Yaad-fakkiin namonni ofitti amaanan fakkaatan kaasii ilaali harki, fuulli, bocni qaama isaanii kan daamaqee, kan itti tolee fi waan isaan jedhan kan hordoffudhaa. Fuulli isaanii kan hin dhiphanne,kan namatti toluu fi ifa kan ta'eedha. Wanta dhoksaan tokko malee ofitti amanamummaan dhiyaatu. Namoota waliin yeroo dubbii goonuf ofitti amanamummaa keenya ijaaruuf shaakkala gochuu qabna. Dhaabbii gaarii ta'ee qabachuu gateetti kee duubatti, ceestii fulduraatti fi mataa keenya ol qabne akka jibbisisaa hin taanetti dhiyaachu qabna.
2. **Haasaa kee sirreessuu:** Namonnii ofitti amanan haasaa taasiisan sagaleen isaanii kan sodaa hin qabneedha, tasgabaa'oodha dhiphina wanti jedhamuu isaan irraa hin mul'atu. Sagaleen isaanii iyya osoo hin qabaatiin akka gaaritti dhaagahama. Shaakalaa fi yaada gaarii namoota irraa argannuu akkaa bu'aatti fudhachuu dandeenya. Haala haasaa keenya sirreessuuf ofii keenyaa manatti sagalee warraaba wantoota barbachiisoo hin taane qulqulleessuun ofirraatti hojjechuu qabna.
3. **Ogeessa fakkaachuu:** Wanti nutti fakkaannu miira keenyaa fi akkaata itti hubannuu ni murteessa. Uffannaan yeroo hundaa naannoo akkasitti ulfaataa waan ta'uuf, uffannaa naannoo itti argamnuu, namoota waliin walitti dhufeenya fi haasawaa taasisnuu wajjin wal-simuu uffaachun irraa caala ifni akka mulannu nu goodha. Uffaana godhanuuf yeroo bal'aa fi of-eeggannoo gochuun erga dabarsinu fi wantoota nutti dubbanuu namoonni akka hubanaan caaqasan nu gargaara.

Garaagarummaa Harkifannaa, Ofitti -amanamummaa fi Diddaa

Harkifannaa	Ofitti-amanamummaa	Diddaa
■ *Fedhii namoota birootti kennuu.* ■ *Waan barbaadan tokkoo dubbii malee argachuu dandeenya jedhanii abdachuu.* ■ *Dhimmaa isaanii namni kan biroo akka murteessaniif carraa kennuu.* ■ *Ajaajamoo ta'anii jiraachu barbaadu.* ■ *Walii galtee dhabuu irraa of qusachuu.*	■ *Haala nama hin dallansiifneen waan barbaadde sirriitti namatti himuu* ■ *Mirga namoota biroo osoo hin sarbiin mirga kan isaanii eegsifaatu.* ■ *Waan barbaadduu fi si barbaachisan haalaan beekuu.*	■ *Miira fi feedhii kee karaa nam-biroo balaaf saaxiluu dandaa'un ibsachuu.* ■ *Mirga namaa haaluun mirga ofiif falmachuu* ■ *Olaantummaa fudhachuu, fudhatama argachuuf iyyuu,hundinuu kan dhunfaa isaanii akka ta'uu barbaadu.* ■ *Namootatti akka isaan dogoggoraa ta'an himuu jaalatu.* ■ *Doorsiisuu, namoota-kan biroo waliin wal-loluu.*

Gocha Kutaa/Qabxii Marii

1. Garaagarummaan ofitti-amanamummaa fi diddaa maali?

2. Garaagarummaan ofitti-amanamummaa fi Harkifannaa maali? (gahee taphachuu)

Erga Ijoo/Gabaabaa

- Ofitti amanamummaa fi Diddaa gargar baasi.
- Dandeettiiwwan ofitti amanamummaa bu'aa qabeessa ta'an agarsiisii.

Yaadannoo Qindeessitootaa

- Ofitti-amanamummaan ogummaa barbaachisaa namoota wajjin walii galuudha.
- Ofitti-amanaa ta'uu jechuun ofiif dhaabbachuu jechuudha.
- Waa'ee wanta barbaadduu fi si barbaachiisuu ofii kee fi namoota kan biroof ifaa fi amanamaa ta'uun
- Ofii kee haala rakkisaa fi mijataa hin taane irraa akka of-eegnu nu gargaara.

Sa'aatii: Daqiiqaa 45

Kutaa 4: Murtee Kennuu

Kaayyoo barumsichaa:-

- Qaamolee/Eeleementii dandeettii murtee-kennuu tarreessu.
- Adeemsa murtee kennuu ibsuu fi qabxii gurguddoo ifa baasu.

Meeshaalee fi Qophii: gabatee garagaltuu, yaadannoo maxxanu,waraqaa, kobbee,qubeessaa….

Adeemsa: Marii si'aawaa,muuxxannoo waliif qoodu,gochaalee fi kan kana fakkaatan.

Gocha Kutaa/Qabxii Marii

- Murtee kennuu jechuun maal jechuudha?
- Yeroo namni tokko "Murteessaadha" kan biroo immoo "mamaadha(Shakkaadha)" jechuun maal jechuudha??
- Murtee kennitee beektaa?? Dhimma akkamii irraatti?? Bu'aan isaahoo maal ture?
- Murtoon milkaa'aa ta'e malawwan biroo irraa akkamitti adda ta'a?

Qabiyyee Leenjii

"Adeemsi murtee kennuu filaannoowwan baay'ee dhiiyaate keessaa isaa hundaa irraa gaarii ta'ee filachuudha."(BiirookMaan, 2016).

Haala filannoowwan si mudatan kamiyyuu keessatti murtoo gochuu qabda.Dhugaa dubbaachuudhaaf guyyaa guyyaan murtee ni kennitaa, Fakkeenyaaf:

- Yeroodhaan hojiitti galuudhaaf sa'aatii meeqatti manaa ba'uu qabda?
- Gaaffii maamila murtaa'e ykn nama wajjin hojjettu tokkoof deebii akkamii deebifta?
- Gochawwan barnoota isaan kam filattaa?
-  Qoobii cuquliisa: namoota dhuunfaa walgahii duraa taa'aa ta'anii, garee tokkoo to'achuu ykn haaloota to'achuun akka fakkeenyatti uffatamuudha. Seera bu'uura haala bifa ajandaa, galma fi bal'inaa hojittin dhiyyeessu.
- **Fakkeenyaaf:** Hojii-gaggeessaan piiroojeekitti tokkoo piiroojeektichaa xumuruuf qabiyyeewwan adda addaa baay'ee walitti fida, kun kan jedhamuu Qoobii cuquliisa uffatudha. Piroojeektii tokko gaggeessuu keessatti inni yookiin isheen ofii isaan dhimmoota adda addaa keessatti of galchu. Kanneen akka

- Rakkoo akkamii hiikuuf yaalaa jiraa?
- Rakkoo furuuf yaalaa jiruu kan keessatti maal galman gahuuf yaalaa jira?
- Bu'aan rakkoo kana furuu maali?
- Adeemsi gaarii fi bu'aa qabeessaa rakkoo sana hiikuu kaamii?

-  Qoobii Adii: Turtii jalqabaa fi xumuraa waan tokkoo irratti fayyadamna. Turtii jalqabaa irratti dhugaawwanii fi odeeffannoo funaanamee jiruu irraatti xiyyeffachuuf gargaara. Turtii xumuraa irratti immoo yaadota Qoobii biroo irraa dhufanitti yaad-gaafii uumuuf fayyaada.
-  Qoobii magariisa: Yaadota haarawwa fi kalaqaan guutaman jajjabeessuuf fayyada. Iddoo wanti kamiyyuu lakkaa'amutti sanduuqaan ala yaaduu/ ilaalu. Yaada nagatiiva kennuu fi yaaduun sadarkaa kanatti hin dandaa'amu.
- Qoobii keelloo: Abdiidhaan kan guutameedha, bu'aa yaadotaa ta'uu dandaa'an kan adeemsa Qoobii magariisattin uumaman yaada keessa galche ilaala.
-  Qoobii Diimaa: Kun qoobii hubannoo (intuitive hat) kan miiraa fi miira kan akka sodaa fi jibbaa itti ibsamuu danda'udha. Garaacha miira qofa waan adda baasaniif mirkaana'u/ sirri taa'un hin barbaachisuu.
-  Qoobii gurrachaa: Qoobii nagatiiva garuu loojiiki qabudha, sababni isaa furmaata yookiis yaadota bu'aa qabeessaa ta'an ilaalun deebii ta'uu ykn dhiisuu isaanii murteessa. Sababa malee nagatiiva yaadun faayidaa Qoobii Diimaa waan ta'eef dhiisamuu qabu.

Gosonni Murtoo Adda Addaa Maali? : Murtoon ramaddii adda addaatti ramadamuu danda'a.

Murtoo guyyaa guyyaa	Murtoo idilee/guyyaa guyyaa hin	Murtoo baraama
Irraa deddeebiidha Tilmaamamuu danda'a	*Deebii oggummaa barbaada.*	*Jijjiiraama muraasa barbaada.*

Murtoo kalaqaa
Jijjiiraama ijoo taasifamaa

Murtoo gaarii	Murtoo gadhee
Sababeffaanna irraatti hundaa'a *Odeeffaannoowwan/daataa jiruu hundaa ilaala.* *Filannoo ta'uu dandaa'u hundaa xiyyeeffanaan ilaala.* *Haala dhiiyyaana kuwaantiitetivii fayyadama* *Murtoon gaarii yeroo tokko tokkoo bu'aa hin eegamnee fiduu, garuu adeemsa sirri ta'een yoo rawwatamee, murtoo gaariis jedhama.*	*Sababeffaanna irraatti hin hundaau* *Odeeffaannoowwan/daataa jiruu hundaa hin ilaalu.* *Filannoo ta'uu dandaa'u hundaa xiyyeeffanaan hin ilaalu.* *Haala dhiiyyaana kuwaantiitetivii hin fayyadama* *Murtoon gadhee yeroo tokko tokkoo milkaa'ina hin eegamnee fiduu, carra qabeessa yoo taate garuu, murtoo gadhee jedhamu.*

Fakkii 8 : Gosoota Murtoo

Murtoo kennu gaarii yaadu fi wal-qunnamtii/waliin dubbii fayya-buleessa, qoodaa fudhatoota isaa waan jiru beeksisa.
Filannoo filattame akkamiin hojiirraa oolchiita?
Akka milkaa'u akkamiin beeku dandeessa? ….
Kan barbaachisu:-
Raawwiidhaaf karoora baasu
Adeemsa ittin bu'aa madaaluufi murtoo keenname booda itti gulaalu nu barbaachisa.
Yeroo murtoo kenninu, daangaawwan jiran qalbiitti qabatamuu qaban
Ulaagaa seeraa
Sadarkaa Aangoo
Jiraachuu qabeenya fiizikaala/qabatama
Faayinaansii
Yeroo/sa'aatti
Aadaa fi duudha Dhaabbataa
Immaataa/Tarsiimoo dhaabbataa
Kaayyoo/Galma Dhaabbataa

Figure 9: Murtoo gaarii fi gadhee

Tarkaanfiiwwan ijoo murtee kennuu gaarii

1. Rakkoo, haala ykn dhimma addaa ibsuu.
2. Filannowwan ykn tarkaanfii ta'uu dandaa'an hunda addaa baafachu.
3. Bu'aawwan ykn milkaa'ina wal duraa duuba hunda isa sirrit ilaalcha keessa galchuu.
4. Duudha dhuunfa ofii ilaalcha keessa galchuu: Amantaa sirrii fi dogoggoraa amanuu.
5. Murteen kee namoota biroo irraatti dhiibbaa akkamii akka geessisu ilaali.
6. Tarkaanfii gaarii beekumsaa, duudha,safuu fi amantii kee rratti bu'uureffatee filadhu.

Erga Ijoo/ Gabaabaa

- Dargaggoota murtoo kennuu keessatti hirmaachisuun Murtoon akka lubbuu horatu fi akka caalaatti hundaa of-keessatti qabatu godhaa, akkasumas dhaabbilee dubartootaaf gumaacha guddaa taasisa.

Yaadannoo Qindeessaa

- Rakkoo furuu fi xiyyeeffannoon yaaduu admeesi walitti fidu jira?
- Dandeetti namni filannoo filachuu fi wanta filatee sana immoo galmaan gahuuf dhaabachuu muli'sa.
- Murtoo sirri ta'ee murteessuuf,jireenya mijaawa fi bu'aa qabeessaa jiraachuuf oggummaa ittin jireenyaa keenyaa gaggeessinu dagaggsuun baay'ee murteessadha.

Sa'atti:Daqiiqaa 45

Kutaa 5:Rakkoo-Furuu

Kaayyoo Barumsichaa:-

Xumura leenjii irratti leenjifamtoonni kan beeku qaban:

- Hiika rakkoo,addumaan rakkoo dhaabbilee dubartootaa WO fi kalaqaa rakkoo beekumsaa akka gabbifatu.
- Rakkina isaaniif furmaata qopheessuu.
- Tarsiimoowwan ittin rakkoo furuun danda'amu dizaayinii gochuu.
- Rakkoo fi madda isaa ibsuu.
- Rakkoo adda baafachu fi tooftaalee fayyadamuun shaakalu.

Meeshaalee Barbaachisaan : Maarkerii, Gabatee garagaltu,kobbee fi waraqaa

Qabiyyee Leenjii

Rakkoon dhaabbata yookiin garee kamiyyuu keessatti mudaachu danda'a.Gaaffiin garuu gaggeessaan rakkoowwan kanaan maal hojjetaa?kan jedhudha. Gaggeessan rakkoolee mudateef deebii kennuun,rakkoo kalaqaatiin fuula duraa/egeree isaanii ilaalu. Gaggeessitoonni bu'a-qabeessaa ta'aan rakkoo mudaate tilmaamuun, akkamitti akka to'aatanii fi jijjiiramaaf mijeessaa yaadu.

Rakkoon kan uumamu yeroo qaawwaan wanta akkaa ta'uu barbaadnufi ta'aa jiru gidduutti uumamuudha. Waan tokko isaa rawwatamaa jiru irraa gargaar ta'uu yookiin waan tokkoo dogoggoraa ta'uun uumama. Rakkoolee naannoo hojitti uumamuu guddinaan, walxaxiinsaa fi ciminaan garaagarummaa qaba.**"Rakkoo seera eessatti,akkamitti fi maaliif akka uumamee adda baasanii beekuun tarkaanfii jalqabaa furmaata argachuuf godhamudha."(keepneer fi Tiiregoe,2013)**

Rakkoo Hiikuu


Rakkoon dhalli namaa fedhii fi/ykn hawwii isaa akka hin guunne waan gufuu itti ta'u dha.

- Garaagarummaan umurii, koorniiyaa, sanyii fi sadarkaa barnootaan otoo addaan hin baasiin yeroo hunda rakkoon dhala nama mudachuu ni danda'a.
- Haata'u malee, akaakuu fi hammeenyii/ciiminni rakkoo, akkasumas tarsiimoon itti rakkoo keenya furuu garaagarummaa qaba.

Naannoo hojitti maalummaa dhugaa fi sababa rakkoo mula'atu ilaalanii dogoggoraan hubbachuun salphaadha. Kun yeroo baay'ee gara:

- Hubannoo waliin nama dhahuu.
- Rakkoo dogoggoraa ilaaluu.
- Mallattoo rakkoo sana bahuu danda'aa garuu bu'uurri rakkoo buqqa'ee baduu dhiisu danda'aa
- Carraa barachuu jala darba.

Bu'uura rakkoo adda baasun tarkaanfii isa baay'ee barbaachisa rakkoo furuutti.Kana gochuuf haala jiru sirriitti adda baasuu qabda.Haala kanaan mallattoo isaa osoo hin taane rakkoon dhugaa sirriitti adda baafama.Rakkoo kee akka gaariitti adda baaftee yoo ibsite, furuuf salphaa fi baasii xiqqaa akka gafatu goota.Rakkoo kee yeroo ibsituu fi haalli ati itti hubattu lakkoofsa, qulqullinaa, kalaqummaa fi gosa furmaata qophaa'u irratti dhiibbaa guddaa fida.



Fakkii 8 : Rakkoo adda baasu

Gaaffiillee hubannoo qaban garee kee gaafachuun gadii-fageenyaan dhimmaa isaa akka hubattuu fi bu'aa inni qabu argatta.

- Rakkoon maali?
- Qaawwaan wanta ta'aa jirufi ta'uu qabu gidduu jiru maali?
- Maal arguu, dhaga'uu, sitti dhaga'amuu, ykn dhandhamuun rakkoon akka jiru beektaa?
- Rakkinni kun yeroo jalqabaaf yoom argamee? Yoom hin mul'anne? Yoom mul'achuu qaba ture? Garuu hin mul'atiin hafee?
- Hangam guddaadha? Baayinni isaaniihoo? Meeqatu jiraachu osoo qabu hin jiraannee? Eenyuu irratti dhiibbaa uumu danda'a? Eenyu irratti dhiibbaa uumuu hin danda'uu? Meeqa ta'uu danda'a ture? Garuu hin tannee?

Rakkooleen Akkamiin Furaamu dandaa'u?

Adeemsa rakkoolee furuu keessaatti tarkaanfiiwwan saddeet armaan gaditti ilaala:

1. **Rakkoo ibsuu:** maaltu akka dogoggoramee qoraana gaggeessi, namoota furmaata qophaa'a fudhatani gaafa rakkinni gara keettii kaatan duuka hin bu'iin.Hiika sirri argaachuun gaaffii hin gaafatamneef deebii barbaada oolu irraa nama oolcha. Ibsi rakkoo gaariin ibsa rakkoo ifaafi sirri ta'ee irratti xiyyeeffatamedha. Waa'ee furmaata yaada nuuf hin dhiyyeessu, rakkoo tokkoo qofa irraatti fuulleeffata.

2. **Odeeffaanno barbaachisa walitti qabuu:** odeeffaannoo bal'aa namoota, hojiillee, adeemsalee, meeshaalee fi haalawwan akkamii keessatti rakkoon uumamu akka dandaa'u walitti qabuu.

3. **Uumamuu rakkoof wantoota sababa ta'an adda baasu**: Namoonni, sirni fi meeshaalee yeroo baay'ee uumamuu rakkoof sababa ta'uu. Hojjettan kompiitaara haala gaariin hin leenjiin yoo ta'ee kompiitaara komaachuu hin dandeenyu sababni isaa waan itti kenname dalaaga jira. "Maaltuu duudha baramee irraa jijjiirame? Gaaffii jedhu gaafachuun sababoota rakkoo adda baasuf sirritti nu gargaara.

4. **Furmaata sirri ta'ee adda baasu:** wanti barbaada jirtu maal akka ta'eefi daandii sirri irraa jirachuu kee akkamiin akka adda baaftu irratti qorannoo gochu qabda.

Sababoota ta'uu danda'an qorachuu

5. Odeeffaannoowwan tarkaanfii 1-4 keessatti walitti qabde irratti hundaa'uun sababoonni argatte gaaffiiwwan rakkoo akkamitti, eessatti fi yoom, eenyuu irratti dhiibbaa uumu akka danda'u fi bal'inni rakkichaa hangam akka ta'ee sirriitti qoradhu.

6. **Furmaataf Hojjedhuu:** Furmaatoota hedduu rakkoo keenyaaf mijaata ta'an argaachu dandeenya (kanneen immoo rakkoo keenyaaf furmaata daangeffamaa ta'anillee).

7. **Murtoo kennuu:** furmaata akka filannootti rakkoo keenyaaf dhiyyaate hundaa adda baasu fi madaaluu. **Odeeffaannoo dabaalataaf "Leadership Essentials Fuula:33 Murtee kennuu "jedhuu ilaali.**

8. **Bu'aa argamee Madaaluu/Hordofuu:** Furmaanni keenya rakkoo uumamee hangam akka furee fi Adeemsa furmaata barbaadu kan irraa maal akka barattee madaaluu/hordofuu.

Xiinxaala Qaawwaa

Xiinxalli qaawwaa karoora hojii dura fedhii murteessuu fi rakkoolee adda baasuuf hojimaata waliigalaa dha. Haala amma keessa jirtu irraa gara fuulduraatti haala barbaaddutti ce'uuf tarkaanfiiwwan maal fudhachuu akka qabdu murteessuuf si gargaara.

Garee kee gargaaruu:

- Rakkoolee addaan furamuu qaban addaan baasuu.
- Sababoota rakkoo uumaan sirritti akka hubannuu taasiisa.
- Rakkoon furaamuf jiru rakkoo sirri furmaata barbaadu ta'uusa nuuf mirkaaneesa.
- Karaa/daandii sirri gara-fuulduratti nu tarkaanfachiisu adda baasa.
- Tarkaanfii hunda caalaa barbaachisaa ta'e fudhadhu - gochoota qaawwa jiru cufuuf gargaara jettee yaaddu murteessuu

Adeemsa xiinxaala qaawwaa keessatti fudhaataman sadan

1. Jechoota adda ta'aniifi qabatamaa dhaan haala yeroo amma keessaa jirtu madaali.
2. Haala gara fuula duraa barbaaddu adda baasuu – kaayyoo galmaan gahuu qabduu fi yeroo dabalatee;haala gara fuula duraa barbaaddu sirriitti yoo ibsite, bu'aan dhumaa kee fooyya'aa ta'a.
3. Qaawwa jiru adda baasuun ibsi.wantoota gumaachan madaaluu; fageenya qaqqabamuu qabu; kaayyoo kee galmaan ga'uuf hangam fi saffisa hangamii deemuun si barbaachisa.

Rakkoo furuu kessatti gahee hubannoo

Adeemsa sammuu kanneen akka daataa fi dhugaa wantoota osoo hin fayyadamiin battala miira ofii irrattti hundaa'un haala wantotaa hubachuu jechuudha.

Akkaataa rakkoo ittin furuu gurguddoo lama:-

1. **Furmaata rakkoo Xiinxaala/Raashiinalii:** rakkoo furuuf ni yaada, tarkaanfiiwwan adda xiinxaltee ilaalta akkasumas, Kayyoo keef furmaata gaarii ta'ee filatta (keepneer fi Tiirego'ee,2013).
2. **Furmaata rakkoo hubannaa miira:** Haalota battala madaaluufi tarkaanfii fudhachuuf muxannoo, dandeettii murtoo kennuu kee irratti hundoftee,furmaata kennita(Cholle,2011).Namoonni rakkoof furmaata batttala fidan dandeettiwwan armaan gadii qabu:-

- Rakkoon uumamuu ykn carrawwan argamuu duraan dursaanii beeku
- Haalota dafanii hamma gahan fi faakkii guddaa haalota duuba jiraa argu.
- Bu'aa carra gaarii ta'uu dandaa'an hundaa saffiisaan madaalu.
- Xiinxaala tokkoo malee hojjettu ykn murtoo kennu.

Hubannaan miira furmaata rakkoof tahuu hundaa yeroo osoo hin gubiin maddisiisuu fi ilaaluuf fayidaa guddaa qaba.

Garee/Gurmuu Qulqullinaa: garee hojjettotaa xiqqoo rakkoo furuu fi gochaa sirrii ta'ee fudhachun qulqullina hojii naannoo isaanii fooyyeessuu irratti xiyyeeffataniidha. Miseensi Gurmuu qulqullinaa feedha miseensa irratti hundaa'efi Hoggannaan isaanii immoo miseensootan filattamun muxxannoo gaariidha

Rakkoo furuu keessatti kan hojjettamuu fi hin hojjettamnee

Kan hojjettamuu	Kan hin hojjettamnee
Gaaffiiwwan ijoo maal,yoom,eessaafi eenyuun jedhu gaafachu. *Odeeffannoo barbaachisoo ta'an hanga dandaa'ame walitti qabu.* *Maalumma sirri rakkoo ifaan ibsuu.* *Odeeffannoo walitti qabamee akka irraa deebi'amee sakkata'uuf mijatutti galmeessu.*	*Gaaffiiwwan nagatiiva/gadhee gaafachuu dhiisu.* *Daataa sababa uumamuu rakkoo walitti qabamee qorachuu tuffachuu.* *Osoo ragaa qindaa'a tahee hin qabattin utaalanii furmaata bira deemu.* *Yaadota xiinxaala malee gulaaluu.*

Faakkii 4: Rakkoo furuu keessatti kan hojjettamuu fi hin hojjettamnee

Gocha Kutaa/Qabxii Marii

- Rakkoo jechuun maal jechuudha fi Jaarmiiyaa Dubartoota keessahoo rakkinni jiru maalidha?
- Maddoonni rakkoo maaliifadha?
- Rakkoowwan uumamee akkamii furuu dandeenya?

Ergaa Ijoo

- Yeroo gochoonni godhaman maaltu sitti dhagaa'ame? Maaliif?
- Gochoota kanarraa maal baratte?
- Ilaalchi adda addaa jiraa?

Yaadannoo Qindeessitootaa

- Rakkoon dhalli namaa fedhii fi/ykn hawwii isaa akka hin guunne waan gufuu itti ta'u dha.
- Garaagarummaan umurii, koorniiyaa, sanyii fi sadarkaa, Barnootan otto addaan hin baasiin yeroo hunda rakkoon dhala nama mudaatchuu ni danda'a.
- Uumamnii fi ulfaatinni akkasumas tarsiimoon itti furamu garuu gargar ta'uu dandaa'a.

Kutaa 6: Bulchiinsa Wal-dhabdee

Kaayyoo Barumsichaa:

- Karaalee adda addaa itti wal-dhabdeen hiikamu adda baasu.
- Tooftalee bu'aa-qabeessa wal-dhabdeen ittin hiikamuu agarsiisuu.

Akkaata: Wal-qunnamtii/waliin dubbii karaa lamaniin

Qophii fi Meeshalee barbaachisaan

- Barruu yaadannoo, kobbee, qubeessa, Gabatee garagaltu, waraaqa

Gocha Kutaa/Qabxii Marii

- Wal-dhabdeen maali?
- Wal-dhabdeen si'aa/yeroo meeqa si mudatee? Gahee taphachuu.

Qabiyyee Leenjii

Wal-dhabdee ibsuu

- Wal-dhabdeen qaama walitti-dhufeenya baraatama, akkasumas fayya-buleessa ta'eedha.
- Waliti-dhufeenya keessatti wal-dhabdeen kan hin olleedha, kanaaf karaa fayya-buleessa ta'een walii-galanii hiikuunis baay'ee barbaachisadha.
- Wal-dhabdeen haala-qabeessan yoo hin gaggeefamnee walitti-dhufeenya gaarii miidhuu dandaa'a, Garuu haala gaariin yoo gaggeefamee immoo carraa guddina fi hariiroo namoota lama gidduu jiru daraan dabalu dandaa'a.



Fakkii 7: Wal-dhabdee ibsuu

Jecha **Wal-dhabdee** jedhuu yeroo dhageenyu Walitti dhufeenya/hariiroo nagatiiva/gadhee kanneen akka badiinsa, jeequmsaa fi garaagarummaa araara hin qabneetu sammuutti dursee nutti mul'aata.

Wal-dhabdeen namoota gara miira gadhee horachuuf balleessitee kan gessuu ta'uu ni dandaa'a, akkasumas garaagarumma fi wal-qoodiinsaa gareewwan ykn namoota giddutt jabbeessus ni dandaa'a.

Wal-dhabdeenni ijaara, qilleensa faalame, cinqii fi miira gadhee ni balleessa, keessumayyuu namoonni wal-dhabdee sana keessa jiran wal-dhabdee sana gara carraa gaarii ittin wal-qabattanii guddinaa daran guddaa ta'etti akka bahan dandeessisa.

Dandeetti Bu'aa qabeessummaa dabaluu, kutaa barbaachisa walitti-dhufeenyaa gaarii fi hidhata garee kalaqaan rakkoo furuu of keessaa qaba.Feedhii fi hawwii namoota adda addaa irraa uumamaa, feedhiif hawwiin wantoota wal-hin siimnee ta'iinille wal-dhabdee uumu.Feedhiin gatii namaa, qajeelfamaa namoonni itti jiraataniif hawaasa keessa ittin deddeebi'an walii walitti dhiyeenya qaba.Feedhii fi gatiin yeroo hunda wantoota mula'taniif ibsamaan mitii. Kanaaf namoonni amala isaanii muraasa mulattu,bifa fi karaalee itti namoota waliin walitti dhufeenya uumataniin ibsuu. Gara keessatti darbinee yoo deemne garuu wantoota baay'ee dhokattantu guute argiinaa. Yeroo wal-dhabdeen uumamuu feedhiiwwan kun iddoo dhokattanii turanii miiran marsaamanii gara-fuul-duratti bahuu. Wanti guddaan wal-dhabdee hin furamnee uumu namonni baay'een xiyyeeffannan isaanii Eejjennoo jabbeeffachuu irraa waan ta'eef feedhii isaanii haala gaariin adda baasanii beeku dhiisu isaanitti.Tilmaama kee gulaalitti hawwii waliin wal-qabsiisi.

Eejjennoo: Rakkoon ejjennoo yeroo hunda jechuun kan danda'amu mormii ofumaan uumuu isaaniiti; waldhabdeen sadarkaa ejjennoo irratti kan jiraatu yoo ta'u, achitti yeroo muraasaaf furmaata argata. Sadarkaa kana irratti kutaan tokko ykn inni kaan guutummaatti ejjennoo mataa isaa dhiisuu qaba, ykn lamaan isaanii bakka tokkotti wal arguu qaba, kunis tokkoon tokkoon miira isaan araarama keessa galan godha.

Tilmaama: Ejjennoon namootaa yeroo baay'ee tilmaama bu'uuraatiin soorama. Isaan kun yeroo baay'ee waa'ee akeeka qaama biraa tilmaama hedduu of keessatti qabatu. Tilmaama kee ilaali.Tilmaama kee ilaaluu yoo jalqabde, hunduu dogoggora akka qabdu hubachuu dandeessa. Fedhii fi akeeka nama biraa sirritti tilmaamuun rakkisaadha. Tilmaamuun osoo hin taane, isaan waliin sakatta'uun murteessaadha.

Hawwii: Hawwiin wanta ijoo eejjennoo keenyaa sooruun kennaa wal-dhabdee nu gonfaachiisudha. Uumaman dhalli nama eejjennoo namoota biroof deebii jabaata keennina. Hawwii keenya waliin falmuu/haasa'uuf rakkisaaniif deebii hin eegamnee laatna. Namonni baay'een keenya haawwii nama biroo mo'uuf ni saffiisna. Fakkeenyaaf wantoota haarawwa ykn hin beekne yeroo irraa deddeebinne kitaaba dubbisnuu, fiilmii ilaalu hawwii baay'ee gadii fagaate godhaaf. Sadarkaa hawwiitti ilmi nama wantoota bu'uura walfakkaatu qaba.

Bulchiinsa Wal-dhabdee: Namoonni baay'een waldhabdee fi haalawwan dhiphina uumuu danda'an irraa fagaachuu barbaadu. kun uumama namaati. Wal-dhabdee fi wal-qunnamtii badaa ta'ee osoo hin furiin yeroo biraf beellamuun miira sodaa,yakka/balleessaa, ofitti aaruu,ofitti- amanamummaa hir'isuu, baay'ee dhiphachuu fi yaadda'uu uumuun gara fuul-duratti wal-dhabdee cimaa fida. Wal-dhabdee osoo eejjennoo fi miiri gadhee gadii fagatee hin dagaagiin battalummaa furun baay'ee salphaa ta'a.Mariin karaa ijoo ittin wal-dhabdee battalaa/yeroo uumametti ittin furaamudha.

Tarsiimoowwan Wal-dhabdeen Ittin Furaamu

1. **Dorgommii:** Falaasama "Zero-sum game" jedhamuu hordofaa, kana jechuun argaachun gam-tokkoo dhabuu gam-biroo waliin qixxeedha kanaaf bu'aan isaa qabeenya ykn duwwaa jechuudha. Akka bulchiinsa wal-dhabdeetti eenyummaa ofitti- amaanu gamni qabullee harkaa kenna/ni mo'aama. Waa'ee gam-bira yaaddoo xiiqqoo waliin ykn ala tokkoon tokko isaanii wal-dhabdee furmaata gaarii waliin mo'uuf ariifattuu.

2. **Yaada biroo keessummeessuu:** Tarsiimoon keessummeessuunis haala mo'achuu/mo'amuudha, garuu faallaa dorgommiiti. Gama faallaa ta'eef waan barbaade kennuu of keessaa qaba. Yeroo keessummeessinu mataa keenyaaf yaadura caalaatti namoota biroof yaadna. Tarsiimoon kun kan rawwattamu yeroo nagaa jiruu akka itti fufuu fi dhimmi mudaata xiiqqoodha jenne yaadnudha. Namoonni yaada keessummessuu akka tooftaa bulchiinsa waldhabdee isa jalqabaatti fayyadamu. Garuu, fedhiin isaanii akka hin guutamne, ejjennoo isaaniis akka hin dhaga'amne waan itti dhaga'amuuf, hordofuu fi aarii uumuu danda'u.

3. **Dhorkuu/Balleessuu:** Tarsiimoon ofirraa ittisuu waldhabdee yeroo hin murtoofneef tursiisuu barbaada. Asitti qaama biraa galma isaanii akka ga'u gargaaraa hin jirru, akkasumas kan keenya cimsinee hordofaa hin jirru.Yoo carraa mo'uu hin qabneedha kan hojjetuu. Bu'aa qabeessa kan ta'uu dhimmichi gatti guddaa kan baasisu, naannichi miiran kan guutamee fi akka tasgabba'uuf yeroo kennun yoo barbachisa ta'uudha. Yeroo tokko tokko dhimmoonni ofumaan ni furamu, walumaa galatti garuu irraa fagaachuun tooftaa yeroo dheeraa gaarii miti.

4. **Waltumsuu**: Waltumsuun yaadota namoota hedduudhaan kaa'aman walitti fidun hojjeta. Kaayyoon isaas furmaata kalaqaa nama hundaaf fudhatama qabu, tooftaa mo'achuu/mo'achuu argachuudha. Walta'iinsi, faayidaa kan qabu ta'us, yeroo guddaa kan waldhabdee hundaaf hin malle kan gaafatu yoo ta'u, yeroo tokko tokko gosoota waldhabdee murtaa'an keessatti haalli 'vaaniila' qulqulluu, mo'ataa-mo'ataa salphaatti galma ga'uu hin danda'u.

5. **Ilaalcha taasiisu**: fudhatama argaachuuf gam-lachuuf qabiyyee eejjennoo isaanii keennaaf, yoo walii galaamu diidee garuu gam-lachuu feedhii isaanii hanga tokko akka guutamuf godhama.

Milkaa'inni wal-dhabdee hiiku dandeetiiwwan inni irratti hundaa'u

1. **Dammaqinaafi tasgabbiin dhiphinaa to'achu**u: tasgabbiin wal-dubbii sagalee fi sagaleen ala rawwatamee haala sirrri ta'een akka hubannuuf hiiknuu nu gargaara.

2. **Amala fi miira kee to'achuu:** miira kee yeroo to'annuu waliin-dubbii osoo nama hin sodaachisiin, humnaa malee feedhii kee ibsachuu dandeessa.

3. **Miira ibsama jiru irraatti xiyyeffana gochuun dhaggeeffachu:** Jechoota nama biroo dubbataman illee hubbachuu.

4. **Garaagarummaa jiru kabajuufi hubbachuu:** Wal-dhabdeen dafee akka furaamuf jechootafi gochaa kabaja hin qabnee dhorkuu.

Karaalee ittin wal-dhabdeef deebii kenninu fayya-buleessa fi fayya-buleesssa hin taane

Deebii Fayya-buleessa hin taane

- Wanta namoota biroof baay'ee barbaachisa ta'eef deebii kennuu fi hubachuu dhiisu.
- Gochaa Aarii guddaa fi nama miidhu hojjechu
- Jaalala ofirraa baasuu, bu'aan isaas diduu, adda baafamuu, salphisuu fi sodaa gatamuu fida.
- Bu'aa gadhee/ badaa tilmaamuu.
- Sodaa fi wal-dhabdee irra fagaachuu.

Deebii fayya-buleessa ta'ee

- Dandeettii dhimmoota barbaachisoo ta'an adda baasuu fi deebii kennuu.
- Dhiifamma gochuu fi wal-dhabdee uumame dafanii irraanfachuu.
- Dandeettii araarama barbaaduu fi adabuu irraa fagaachuu.
- Yeroo wal-dhabdeen hiikamu feedhii fi hawwiin garee biroo akka barbaachisu amaanu.

Yaada gorsaa wal-dhabdee hiikuu fi bulchuuf nu gargaaran

Wal-dhabdee hiikuuf bulchuun bilchinaa miira, of-to'aachu fi miira namoota hubachuu gafata. Kan nama aarsu, sodaachisufi kan nama gowwomsuu ta'uu dandaa'a. Qajeelfama furmaata waldhabdee armaan gadii irratti xiyyeeffannoo kennuudhaan adeemsichi hanga danda'ametti gaarii ta'uu isaa mirkaneessuu dandeessa:

1. Walitti dhufeenyaaf dursa kenni.
2. Haala amma jiru irratti xiyyeeffadhu.
3. Iddoo wal-dhabdee kee adda baasi.
4. Dhiifama gochuuf qophaa'a ta'i.
5. Yeroo itti wantoota dhiisu qabduu beeki.

Gocha kutaa/Qabxii Marii

- Jaarmiiyaa dubartoota keessatti akkamiin wal-dhabdee furaa?

Erga ijoo/Gabaaba

Waldhabdeen waan hin oolle ta'us osoo waldhabdeen hin hammaatin akkamitti akka bulchan **Yaadannoo Qindeessaa/ituu**

- Wal-dhabdeen qaama walitti-dhufeenya baraatama, akkasumas fayya-buleessa ta'eedha.
- Wal-dhabdeen haala-qabeessan yoo hin gaggeefamnee walitti-dhufeenya gaarii miidhuu dandaa'a, Garuu haala gaariin yoo gaggeefamee immoo carraa guddina fi hariiroo namoota lama gidduu jiru daraan dabalu dandaa'a.
- Dandeettiiwwan waldhabdee milkaa'inaan furuuf barbaachisan barachuudhaan hariiroon dhuunfaa fi ogummaa cimaa fi guddachuu danda'a.
- Wal-dhabdeen garaagarummaa irraa uumamuu dandaa'a.
- Yeroo namonnii gaatii,miira,yaada fi feedhii isaanii irratti waliigalu dhiisan uumama.

Yeroo : Daqiqaa 50

Kutaa 7: Walta'iinsaa fi Hojii Garee

Kayyoo Barnootaa:

- Hirmaatonnii Hiika hojii garee fi walta'iinsa irratti akka ibsa godhan gargaaruuf.
- Sababa akka garee fi walta'iinsa hojjennu qorachuuf.
- Namoota waliigalteen fi gareen hojjechuu hin barbaadne garee fi walta'iinsa akka hojjettan akkamitti akka jajjabeessinu agarsiisuuf.
- Qabiyyee barbaachisoo garee fi walta'iinsa ijaaruuf gargaaran beekuuf.
- Ilaacha gaarii jabinaa fi dadhabinaa nama dhufaa irratti waan qabaniif milkaa'inni isaanii ni saffisaa.
- Dandeettiiwwan kanneen akka waliin-dubbii, wal-dhabdee hiikuu, rakkoo furuufi karoora tarsiimoo akka dagaagfatamuuf gargaara.
- Qorannoon haala jireenya dhugaa gamaaggamuu fi muuxannoo isaanii irraa barachuu.

Meeshaalee barbaachisan: barruullee suuraa fi halluu walqixa qaban 8-12 kan ta'an.

Adeemsa

- Tokkoon tokkoo gareef barruullee uwwiftu xalaaya keessa galchu.
- Barruullee lama uwwiftuu xalaaya keessa fudhuun, gara uwwiftuu xalaaya garee birootti galchuu gareen hundii barruu isaaniif kan barruulle suura biroo qabu argatuu.
- Baayinna miseensa irratti hundaa'un garee uumuu
- Hojii garee barruu irraa jiru daqiiqaa saddeetti keessatti fiixu qabu.

Gocha Kutaa/Qabxii Marii

- Gareedhaan akkamitti hojjechuu dandaa'ama? Miseensi hundii irratti hirmaatamoo?
- Wanti gumaachite jira sitti fakkaataa? Namni garee sanaa hoogganaa ture jiraa?
- Furmaata gara gareewwan biroo akka laaltu maaltu sikakkaasa? Akkasumas akka furmaataf hin ilaale maaltu sidhorka?
- Yaada qabeenya waliif qooduu dhiyaate irratti deebiin kee maal fakkaata?
- Yaada adda ta'e fakkaatu akkamitti kesumsiftee? Barumsa maalii barattee?

Erga Ijoo


- Walta'iinsifi hojiin garee wal-amantii guddaa fi wal-qunnamtii gaarii barbaada.
- Waltumsuu jechuun hiriyyoota hojiif eergaamafi hojjiwwan isaaniif beekamtiif deeggarsaa kennuudha.
- Waltumsii dhugaan waa'ee kallatti waligalaa fi kaayyoo hojii isaanii marii fi waliigaltee of keessa qaba.
- Hojii garee fi waltumsaa keessatti wantii nutti goonu baay'ee barbaachisadha. Feeedha keenya cinatti dhiifnee kaayyoo keenya galman gahutti deebiina.

Yaadannoo Haala Mijeessitootaa

- Leenjisaan seenaa hojiin garee fi tumsi maal jechuu akka ta'e agarsiisu, hiika lamaan isaanii bu'uura godhachuun fakkeenya ni kenna.

Yeroo : Daqiiqaa 50

3 Boqonnaa



Barumsaa muxxannoo irraa ga'eessotaaf GTMOD moodeela waliin

Dhaabbata/jaarmiiyaa dubartootaa mata-duree armaan gadii kennina yoo ta'ee ,Moodeelli GTMOD guutummaa kutaa/leenjii keessatti akka keennamuttu gorfaama. Gaarummaan jaarmiiyaa dubarttoota waa'ee moodeela kana leenjiisu/gorsuu duuba jiru hoggansaa muxxaanno jiruu agarsiisufi.

Kutaa 1: Hooggansa dargaggootaa fi Duudhaalee Misooma Jaarmiyaa

Kaayyoo Barnootaa:

- Leenjiitootaaf beekumsaa duudhaan waltaawa, kan ibsamuu fi sadarkaa kan qabu, dhaabbataa osoo hin taane yeroodha gara yerootti akka jijjiiru hubachiisu.
- Duudhaan dhuunfaa akkasumas jaarmiiyaa jechoota,yaada fi gochaa keenya kan agarsiisu ta'uu agarsiisu.
- Duudhaan egeree nutti barbaadnuu akka uumnufi gudifnuf barbaachisa ta'uu.
- Murtoon kenninu, filannoo taasiisfnu duudha irratti akka hundaa'u xiyyeeffachisu.

Meeshaalee barbaachisaan: Kaardii duudhawwan jaarmiiyaalee baay'ee keessatti gatii qaban ofirraa qabu.

Adeemsa:

- Duudhaa hoggansa barbaachisoo ta'an qopheessuun hirmaattotaaf ibsuu.
- Dhugummaan beekuu yoo ta'ee waa'ee duudhawwan kana gaaffii gafaachu.
- Duudhawwan tarreeffaman kan yeroo hundaa gatii guddaa qaban, yeroo tokko tokkoo fi tasumma jedhanii akka ramaddan taasiisu.
- Duudha yeroo hundaa gatii guddaa qaban keessa 3 qofa akka filatan gafaadhu.

Gocha Kutaa/Qabxii Marii

- Shaakalli armaan olii akkam ture?
- Maal irraa hubatte?
- Duudha ijoo shan filattanii namoota biroo waliin yaada akka waliif qoodan taasiisi.

Haala agarsiisuu:"Moon" dinagdee jaarmiyaa Dubartootaaf Cimsu

Dhaabbanni/jaarmiiyaan kun duudha fi aadaa dhunfaa isa qaba. Hojjettoota fi hojjetaa hawaasummaa lakkofsaan 70 ta'an qaba.Fayyadamtonni jaarmiyaa harkaa guddaa qabattan dubartoota. Duudhawwan jaarmiiyaan kun qabu kanneen akka qindoominaa hawaasa,neetwoorkii uumu, iftoominaa faayinaansii fi hirmaanna hawaasa.Muraasni isaanii garuu duudha dhaabbatichaa kan mormaniidha. Kanaaf akkumma hubattanitii dhaabbata/jaarmiiyaa kan keessa duudhawwaan barreeffamanii jiraa shammarran gara hoggansattii akka dhufaan dandeetti/humna ta'aaf. Dargaggoonni shammarranii baay'een gara dhaabbatichatti dabalamaan, duudha dhaabbata/jaarmiiyaa keenyaa irratti hundaa'un shammarran dargaggoo akka murtoo kennuu fi hoggannsaa hawaasummaa kessatti akka hirmaachistan siin jajjabbeesina.

Dhaabbatichi waa'ee duudhaa isaanii hojjettoota haarawwafi ta'ee kan turanii hubbanno kennuuf bakka hin qabu. Hojjettoota hundaa jechuun ni dandaa'ama hubbanna duudhalee fi aadaa dhaabbaticha hin qaban kannen akka toofta yeroo hojii irraa jiruuf/heeyyaama,woorkiishoppii,fi walgahii sakkaata'insaa. Hoggaanan illee hubbanna qabattama ta'ee waa'ee duudha qoodaa fudhattoota fi shiirkaa deegaraa hin qabu.Akkasumas haala hojjimaata piiroojeektii fi sagaanta irraattti duudha ifa ta'ee hin jiru.

Shaakala/gilgaala Garee

1. Akka hoggannatti duudha jaarmiiyaa/dhaabbatta jechuun maal sittti fakkata?

2. Haala agarsiisuu armaan olitti dhiyaatan dhaabbata kee keessatti simudaataniiruu? Eeyyee yoo ta'ee, akkamiin furmaata laattef?

3. Tooftaaleen ittin hojjettoota haarawwaaf duudha dhaabbata keessanii itti ibsitaan jira? Eeyyee yoo ta'ee, karaallee akkamiin?

4. Jaarmiyaan keessaan sagantaa/piiroojeektii haarawwaa duudha dhaabbata kooriinyaa irratti xiyyeeffatee qaba? Eeyye yoo ta'ee akkamiin walitti fida?

5. Duudha dhaabbataa/jaarmiiyaa keessaanii fayyadmtoota/hawaasaaf akkanii beeksiiftuu/ ibsituu?

6. Barumsaa har'a irraa maal barattee,keessumaayyuu waa'ee duudha dhaabbataa keessanii akkamitti akka dargaggoota shammarraniif hubbanna keennitan?

7. Waa'ee duudhaa Dhaabbataa keessaanii hojjettoota dhiiraa fi shammarranii, fayyadmtoota fi qoodaa fudhatootaf akkamiin beeksiisuf karoorsitee?

Tooftaalee Leenjii

- Muxxaannoo walii galaa waliif qooduun
- Hojii/shaakala dhuunfaa
- Marii hiriyaa waliin

Erga Ijoo

- Duudhaan hoggannsaa baay'ee barbaachisaadha,sababiin isa haala itti kaayyoo keenyaa galmaan geenyuufi hoggaana nutti ta'uuf barbaadnu nuf mirkaaneessa/adda baasa.
- Duudhan ijoo hoggannsaa keenya akkaata nutti murtoo keenninu irratti gahee guddaa qaba akkasumaas,hojii hoggannsaa guyyaa guyyaa dargaggoota maal akka ta'ee beekuf gargaara.
- Ogummaa fi jireenya dhunfaa keenyaan akka guddanuuf duudhaan hoggannsaa gahee olaanaa taphaata.
- Akka hoggaanatti Duudha ijoo haalaan qindaa'e qabaachuun kabajaa fi amantii gareewwan keenya giddutti akka qabanu nu godhaa. Kun immoo dhiibbaa gaarii ta'ee kan gara ga'umsaa guddaa fi olaanaa ta'eetti isaan geessa.

Yaaddannoo Haala Mijeessitootaa: Leenjiisaan seenaa waa'ee Duudhaa ibsuu seenessu fi fakkeenya kennuun maal akka ta'aan beekumsaa waliigalii hubbachiisa.

Kutaa 2: Jijjiiramaa hawaassumaa/Guddina dhaabbattaaf gahee Gorsaa Dargaggoota shammarranii irratti xiyyeeffate

Kaayyoo Barnootaa:

- Gahee gorsaa bu'aa qabeessa dubartoota irratti xiyyeeffaate jaarmiiyaa dubartootaf mirkaneessu.
- Waltajjiiwwan tajaajila gorsaa dargaggoota shammarranii jajjabbeesuufi uumuu.
- Naannoo fayya-buleessa fi mijaata hirmaanna dargaggoota shammarranii caalaatti dabalu sadarkaa dhaabbatafi jaarmiiyaalee dubartoota Itiyoophiattii fi seenaa olaanaa hojjechuu.
- Haala amma hirmaanna dargaggoota shammarranii irraa jiru madaalu sababni isaa ilaalchi hogganntoota fi gahee si'aa gara hoggannsaatti fidu waan dandaa'uf.
- Hubbanna waa'ee gorsaa, adeemsa fi muddannoo akkasumas, tooftaalee gorsaa mijaata dargaggoota shammarranii jaarmiyaa dubartootaf uumuu.
- Hirmaanna dargagggoota shammarranii bulchiinsa/hoggannsaa keessatti qaban hubbachaa milkaa'ina karoora dhaabbata dubartoota, muddannoo fi carraawwan uumaman madaalu.

Kutaan kun of beeksiisuuf wantoota akkamii leenjiina jedhanii akka yaadanni eegalaa. Sana booda leenjisaan/haala mijeessituu sammuu, marii garee akkasumas walgahii qaamaanii uumuun barumsi gaariin hoggansa dubartootaa irratti akka uumamu yoo ta'u hirmaattonni adeemsa hoggansa isaanii keessatti sana hojiirra akka oolchan taasisa.

Meeshaalee Barbaachisaan: Gabatee garagaltu, maarkeerii, yaadannoo maxxantuu hoggannsaa dargaggoo.

Yeroo: Sa'aatii 3

Qabiyyee Leenjii

- Gorsii Adeemsa deggaarsaa namonni muxxannoo olaanaa qaban namoota muxxannoo xiiqqaa/ lafaa dhimma tokko irratti taasiisanidha.
- Karaa daandii sirri bu'aa fi hojii gaarii argamuu itti agarsiisaniif qajjeelchanidha.
- Dhaabbata mootummaa/miti-mootummaa keessayyuu jaarmiiya dubartootaf,qajeelfama fi gorsaa deggaaru dargaggoota muxxaanno muraasa qabaniif dhiyyeessudha.
- Gorsuun adeemsa mataa isaa qaba garuu dhimmaa tokko irraa tokkotti gargaari. Hiikaan isaa garuu tokkoodha muxxaannoo gorsaa irraa gara gorfaamatti tooftalee adda addaa fayyadamanii qoodu/ dabarsuu dha.
- Walitti dhufeenya/Marii garee tokkoon qofa gaggeeffamu miti, garee lamaanu garaagarummaa tokkoo malee itti hirmaatannidha.

Gahee Gorsaa

- Qajeelfama kennuu.
- Odeefffannoo qoodu.
- Gorsa fi yaada dhiyyeessu
- Bakka bu'aa
- Fakkeenya Gaarii
- Leenjisaa
- Deegaraa/Ispoonsar
- Iccitii eeguu

Dandeettii Ijoo/ Amaloota Gaarii Gorsaa

- Dhaggeeffaataa gaarii.
- Haala hundaaf mijaata
- garaagarummaaf gatii kenna
- Beekaadha/beekumsaa qaba
- Kan hin Murtiif hin aariifannedha
- Hoggansa dargaggootaayaada gaarii ijaarsaa kennuu kan danda'u
- Amanamaa fi ifaan ifa kan dubbatudha
- Namoota waliin wal-baruu fi wantoota hojiif gargaaran sirrritti kan barbaadu.

Rakkoowwan Gorsaa dargaggoota Muddatan

- Maalummaa Gorfama kan duraa madaalu
- Kaka'umsaa Gorfama beeku
- Gorfama waliin wal'ansoo yaada qabu
- Yaadota dogoggoraa waliin hiiku
- Kaayyoo madaalawaa ka'uu/kaayyeessu

Yaada namaa walitti qabuu

1. Gorsuu/Gorsa kennu jechuun maal jechuudha? Dargaggoota shammarranii jajjabbeesuuf Gorsaa akkamiin hojjitti hiikna?
2. Gorsa kennuu/Gorsuun shammarranii fi dargaggoo jajjabbeessuf bu'uura jette yaada?
3. Gorsa kennitee/Gorffaamte beekta? Eeyyee yoo ta'ee , akkam ture?
4. Adeemsonni Gorsuu maal fa'ii? Akkamiin Hojjiirraa olchinaa'oo? Kabajamaa hirmaata yaada kee Gorsuun maal akka ta'ee calaqqisiisteeta jedhee abdaadha Amma yeroogahee guddaatti yaada kee sirritti calaqqisiisu qabda.

Gahee hojjii taphaatamu: Namoota shan filaachun kutaa leenjii keessa qofa qofaa akka ta'an godhi, nama bakka bu'uus akka filattan taasisi. Shanan isaaniin mata duree Gorsa jireenya isaanii keessatti muddatee filattan godhi.Mata-duree filattan irratti qophaa'anii Leenjiitootaf/Gorffamtoota Gorsaa/ Leenjiisaan itti himi.Namoota hayyaamtoota lama filaachun nam-tokko Gorsitoota 5'n akka ilaalu, isa kan-biroo immoo tajaajila namoota lama qofa akka ilaalan godhi. Ergaa Adeemsi kun dhumee iddoo ta'umsa isaanitti akka deeb'ian taasiisi.Namoota/Leenjiitoota lama tajaajila fudhatan sana gara fuulduratti bahanii gorsaa dhaabbataa fi hawaasa fayyadu akka argatan yaa ibsani. Adeemsa Gorsaa sana irratti leenjiitoota laman maal akka itti dhagaayame gaafadhu. Leenjiistoota shanan saniis yeroo gorsa kennan sana maaltu akka itti dhagaayamee gaafadhu. Wanta haarawwa akka beektan abdii qaba.

Marii Garee: Kabajamtoota hirmaattotaa kutaan keenya itti aanu marii gareetti. Mata-dureen Mariis Gorsa kennudha, kaayyoon sana hirmaataf waa'ee gorsaa kennu hubanna laachuufi. Garee ijaaruun gaaffii armaan gaditti kennamee marii'adha itti aansuu moo kutaa leenjiif waan marii'atan dhiyyeessa.

Garee tokkoffaa: Hiikaa Gorsaa kennuu fi sababa qabeessumma sagantaa gorsaa kennu Muxxannoo qabatamaa kaasun marii'adha akkasumas Bu'aa gaariin gorsaa kennun namoota dhunfaa, Garee, Dhaabbataafi hawaasaaf kennuu irratti dubbadha.

Garee lammaffaa: Adeemsa waltaawa Gorsaa kennuuf Dandeettii ijoo tajaajila gorsaa kennuu bu'aa qabeessaa ta'ee irratti dubbadha.

Garee sadaffaa: Rakkowwan sagantaa Gorsaa kennuu irratti mul'attan fi tooftalee itti sagantaa gorsa kana nama barbaachiisuf dhiyyeeffamu.

Marii Gareef Seeroota barbaachisoo

1. Leenjiitonni hundii carraa yaada isaanii dubbachuu kennamuuf qaba
2. Sodaa malee guutummaa guututti hirmaanna taasisuu qabu.
3. Hirmaattonni dhimma dhuunfaa irratti yaada kennuu irraa of qusachuu qabu
4. Yeroo tokkotti nama tokko qofatu dubbata
5. Yeroo hirmaattan tokkoo haasa'uu addaan kutuun dhorkaadha.
6. Jechoota gadhee dubbachuun dhorkadha
7. Yeroo/sa'atti haala itti fayyadamuu
8. Odeeffannoowwan hundaa iccittidhaan qabu.

Kutaan Marii eerga dhumee kabajamma hirmaatta gara yaada marii'anne calaqqisiisutti adeemna gaaffiiwwan armaan olitti ka'an ni ibsamu,kanaaf xiyyeeffannoo dhaggeeffadha.

Dhiyyeessu fi calaqqisisuu

- Marii garee armaan oliirraa maal ilaaltee ykn hubattee?
- Adeemsa marii irraa wantota ijoo fi bu'uuraa sadan baratte maal fa'i?
- Yaada mariif dhiyyatee irratti wanti/muxxannon dabalataa nuuf qooduu jira?
- Karoora hojii Gorsaa kennuu dargaggoota Shammarranii gaggeessitoota ta'aniifi dargaggoota shammarraniif qopheessite qabdaa?
- Sagantaa Gorsaa kennuu keessatti Akkamiin hirmaanna Shammarraniifi dubartoota guddisu dandeenyu maal karoorsite?

Kabajamaa Hirmaatta, Hoggannsaa Dargaggoota irratti waan hedduu akka gumaachittan hin shakkinu. Itti Aansuun gara Shaakala yaada calaqqisiisutti adeemna.

Shaakallii kun kan fuuleffatu miira hirmaatta kutaa kan booda qabu hubachuudhaf

Gilgaala/Shaakala

1. Sagantaa Gorsaa kennuu qabda? Eeyyee yoo ta'ee, caasaan isa akkamii?
2. Jaarmiiyaan kee karooraa sadarkallee qaba? Eeyyee yoo ta'e, kooriinyaa ofiitti hammaatadha?
3. Aadaan Dhaabbataa kee akkamiin hogganntoota shammarranii gara hoggaansa olaanatti guddisa?
4. Rakkowwan fi carraawwan yeroo Gorsaa hogganntoota shammarraniif kennamuu jiruu maalfaadha?
5. Sagantaa gorsaa darbuu fi karoora walduraa duubaa fedhii hoggantoota dubartoota dargaggootaa of keessatti hammatee fi hoggantoonni olaanoo maal gochuu akka danda'an irratti hoggantoota ga'eessotaa waliin hojjechuu keessatti qormaanni fi carraan dargaggoota dubartootaa maal fa'a?
6. Ciminaa walitti dhufeenya hogganntoota shammarran dargaggoo fi hogganntoota duraanii akkamiin ilaalta?
7. Hogganntoota shammarran dargaggoo jajjabbeessu irratti maal akka godhamuu gorsiita?

Erga Ijoo

- Maal barattee? Akkamiin jireenya kee keessatti hojii irraa olchita? Hoggansaa keessatti bakka wal-buusuun maalidha?
- Karaa itti gahee hojii itti gaafatamummaa fi hoggansa waliin gara hordoftootaatti sagantaa guutuu humneessu waliin osoo sa'attii fi humnaa hin fiixin dabarffamuudha.
- Akka Qabiyyee leenjii kanatti, hogganntoonni shammaran dargaggoo hogganntoota duraanii hordoffuun bakkaa bu'aanii hoggannsa milkaa'a akka godhan jajjabbeessufi leenjiisudha.
- Ilaalchi/hubannan gadhee hogganntoonni muxxannoo qaban sadarkaa hawaasa kaam keessattiyyuu hirmaanna dargaggoota shammarranii gufachiisa.
- Dandeetti/ogummaa shammarrannii cimaa fi lallaafa ta'ee dagaggsufi foyyeessun baay'ee barbaachisadha. Naannoo hojii bu'aa qabeessa fi aadaa dhaabbata fayya-buleessa uumuuf gahee hogganntoota shammarranii dhiibba uumanii baay'ee barbaachisa.
- Milkaa'nni of guddisuu fi garaagarumma ogummaa jaarmiiyaa keessa jiru irratti hundaa'a

Yaadannoo Haala Mijeessitootaa

- Hirmaattoota hundaa baga nagaan dhuftanii fi galata guddaan qabdun eegaluu.
- Naannoo leenjii nama simaatufi mijaata uumuu
- Dammaqinaan hirmaachu tokkon tokkoon hirmaatta baay'ee barbaachisa ta'uusa hubbachuu
- Hirmaattonni hundii dandeettifi muxxannoo qabatamaa qabu.
- Adeemsa leenjii hundaa keessatti Humneessu/jajjabbeesuu
- Tooftalee adda addaa leenjiichaf haala mijeessan fayyadamuu
- Hoggansa dargaggootaa kan irra caalaa gama koorniyaa irratti xiyyeeffate irratti xiyyeeffachuu.

Kutaa 3: Gahee hojii tola ooltummaa fi hirmaanna hiika qabeessa jaarmiiyaa dubartoota keessatti qaban

Kaayyoo Barnootaa:

- Dargaggoota shammarran tola oolaniifi jaarmiiyaa dubartootattif waa'ee hirmaanna dubartoota hubannoo kennu.
- Hogganntoonni jaarmiiyaa dubartootaa sanganta fi piiroojeektii dargaggoota shammarranii tola ooltummaa irratti hojjettan waliin akka qindaa'inan hojjettaniif hubbannoo isaanii guddisu
- Tajaajila tola ooltummaa hirmaattota agarsiisuun dhaabbilee dubartootaa fi tola ooltotaaf faayidaa waliinii ti.
- Jaarmiiyaaleen dubartoota tajaajila tola-ooltummaa akka karoora hojii rawwii isaanitti fi Bakka bu'aa jijjiiramaatiif hogganntoota jaarmiiyaa dubartootatiit fi hawaasaatti fayyadaama hubbanna kennuf

Qabiyyee Leenjii

Tola-ooltummaan hojjiiwwan hirmaanna lammummaa dargaggootaf ta'uu keessaa isa tokkoffaa dha.Yeroo baayyee tola ooltummaa dargaggoonni dursa ofii isaanii akka murteessan, ajandaa mataa isaanii akka kaa'anii fi dargaggoota ykn qooda fudhattoota biroo waliin akka bobba'aniif bakka seensaa ni kenna. Tola ooltummaan keessumaa dargaggoonni damee siyaasaa irratti akka hirmaatan kaka'umsa ta'uu danda'a.Biyyoota humni dargaggeessa itti baayyatu fi iddoo jijjiiramni hawaasumma gara godaansa, hojii-dhabdhummaa fi Caasaa aadaa mancaa'u jirutti tola-ooltummaan gaheen isaa akka salphaatti hin ilaalamuu.Dargaggoonni of kennuu fi abdii addunyaa fooyya'aa ta'e irraa kan hafe, tola ooltummaaf sababoota hedduudhaan kan oofan yoo ta'u, kunis hojii gara fuula duraatiif, hojiin dhaan qabamuuf ykn boqonnaa itti dabarsuuf fi ogummaa argachuu barbaaduu dhaaf.

Akkasumaas dargaggoon rakkoowwan fi dhimmota adda addaa hojii tola-ooltummaa hawaasaa isaanii keessatti muddaatan gabaasu.Tola-ooltummaan hawaasa fi namoota dhunfaaf fayyida hedduu qaba.Tola-ooltonnii dinaagdee hawaaasa gumaacha ammas hin jedhamne taasiisu.

Tola Ooltootaf:

- Miira kaayyoo uumuu
- Miira Hawaasummaa akka dagagguu taasiisu.
- Dandeettiwwan hawaasummaa guddisu
- Dandeettiwwan gatii-qabeessaa ta'aan argaachu

Faayidaa hojiin tola ooltummaa dhaabbilee dubartootaaf qabu.

- Dandeettii rakkoo hiikuu/furuu fooyyeessu
- Bulchiinsa hojii fooyyeessu
- Qarshiifi Qabeenya qusaachu
- Keenniinsa qulqullina tajaajila ol-guddisu
- Dandeettii adda ta'ee argachuuf

Meeshaalee Barbaachisaan: gabatee garagaltuu,Kaardii

Adeemsa: Muuxannoo kanaan duraa yeroo hoggantoonni ammaa tola ooltummaa keessa darban ibsa isaanii hirmaattootaaf kennaniin akka ibsan qopheessuu.

- Hirmaattoota yaada isaanii waa'ee dhaabbata isaaniif ala akka ibsaataniif gaaffii humna qabu gaafachuu.
- tola -ooltoota dhugummaan ni jajjabbeesita?
- Tola-ooltummaan sagantaa fi hojiiwwan jaarmiiyaa dubrtoota ni gargaara jette yaada?
- Tola-ooltummaa jechuun Jaarmiiyaa dubartootaf maal jechuudha?
- Gahee Tola-ooltummaa dhaabbataa dubartootaf taasiisu akkamiin madaalta?
- Dhaabbilee dubartootaa keessatti tola ooltota akkamitti hirmaachisuun danda'ama?
- Tola-ooltoonni yeroo tajaajila isaanni barnonni barattan maali?
- Tola-ooltonnii jijjiirama kan fidaniidha jette amantaa?
- Dhaabbanni kee tola-ooltoota ni jajjabbeessa jette amantaa?

Keezii 1: Gamtaan dubartoota Itiiyoophiaa aaliyaansii dhaabbata miti-mootummaa/bu'aaf hin hojjenne abukkaatumma fi hoggannsa dubartoota irratti xiyyeeffatudha. Jaarmiiyaan kun sagantaawwan adda addaa gidduu gala neetwoorkii dubartootatti admeesisa. Gidduu-galii kun tola-ooltootan kan admeesifammu leenjii diijitaala mijeessu. Leenjii diijitaala kun karaa meediyaa teeleegiramii torbeetti 3 sa'aatti tokkoof gaggeeffama. Waggaa1 keeessatti ji'oota 7 keesssatti dhimmoota hedduu ka'anii irratti mar'iattum. Leenjiistoonni tola-ooltoota naannoo mana barumsaa,dhaabbataa miti-mootummaa,dhaabbata mootumma, namoota daldaala dhunfaafi hogganntoota amantii irraa itti hirmaattu. Tola-ooltoonni daammaqinnan hirmaattan sadarkaallee addaa irra gahan ni jiru kanneen akka qindeessa sagantalee, namoota xiyyeeffannoo qaban fi ambaasaaddaroota ta'aniiru. Adeemsi kun hogganntoota haaraa dargaggoota shammarranifiis akkasumaan itti fufa. Dhaabbatichi akka hojjetoottati ,akka piiroojeektoota adda addaa akka hoggannanifi miseensa boordii akka ta'an eera

Calaqqisiisu:

1. Keezii armaan olii irraa maal hubbatta?
2. Dhaabbattoota keessatti waltajjiiwwan wiirtuu shammarran dargaggoo hirmaachisaan mirkaneessuu fi guddisuun faayidaan isaa maali?
3. Jaarmiiyaan keessan hoggantoota shammarranni teeknooloojii irratti hirmaachisuun sirna walqixxummaa koorniyaa giddu-gala godhate irratti hundaa'e gara dhaabbata keessaniitti fiduu muxxannoo qaba?
4. Rakkoowwan dijitaalaayizeeshiinii dubartootan durfamuu uumuu keessatti muddattu maali jette yaada?

Tooftalee Leenjii

- Muxxaannoo guutuu waliif qooduun
- Hojii/shaakala dhunfaa
- Marii hiriyaa waliin
- Qorannoo keezii

Erga Ijoo

- Tola ooltonnii baay'ee barbaachisoodha sababiin isaa kaayyoo galmaan gahuu barbaadnef karaa nutti agarsiisu.
- Tajaajila tola-ooltummaa haala qabeessan yoo bulchiine waan gaariifi bareedda arganna
- Jaarmiyaallee dubartoota saganta tola ooltumma of keessa qabu hoggannoota dargaggoo shammarraniif tajaajila ogummaa,hoggannsaa fi hawaasaaf akka hojjettan waltajjii qopheessa/ dhiyyeessa.

Kutaa 4: Akkaataa/tarsiimoo turtii shaakalaa hammataa ta'eefi dhaabbilee dubarttota giddu galeessa ta'an irratti guddisuu fi hojiitti hiikuun danda'amurratti

Kaayyoo Barumsichaa:-

- Sagantaale turtii-shaakalaa koorniyaa irratti hundaa'ee hirmaachisaa fi hammataa ta'e dhabbilee dubartoota giddu galeessa godhatani fi dhaabilee dhimmamoo ta'an waliin qopheessu
- Aadaa dhaabbilee fi hoggantoota buleeyyii karaa turtii shaakalaa foyyessuu fi jijjiruu.
- Dhaabbille dubartootaa dhimma imaammata turtii shaakalaa guddisuu irratti gargaaru
- Tooftaalee leenjifamtootaa qacaruu fi kaa'uu akkasumas dandeetti dhokataa dargaggootaa akkasumas hoggantoota dubartootaa gadi lakkisuu irratti hubbannaa dhaabilee dubartootaa cimsuu

Yaada -rimee waliigalaa yeroo turtii shaakalaa waliin wal qabatee:- Turtii shaakalaa jechuun barumsa muuxannoo beekumsaa fi ti'oorii daree keessattii baratamee walitti fiduun hojirra oolmaa qabatamaa fi ogummaa hawaasa kessattii guddisuu jeechudha.Turtii shaakalaa dhaabbilee miti-motummaa(NGO) ykn dhaabbatta bu'aaf hin hundoofne waliin shaakaluun gahe dhaabbaticha keessatti leenjifamtootaaf kennamuu hin dandeenye akka aragamu nama dandeesisa.Dhaabbilee bu'aaf hin hundoofne baay'ee keessatti leenjitoonni amanamummaa guddaa qabu.kutaalee adda addaa keessatti muxannoo namaaf keenna akkasumas dandeetti fooyyessa

Faayidaa turtiin shaakalaa dhaabbilee dubartootaan durfamaniif qabu:

- Ilaalcha kalaqaa haaraa. Leenjitoonni gara dhaabbata keessani muuxannoo qabatamaa argachuuf dhufu, garu isaanis waanta keennan tokko qabu: akkaataa ilaalcha isaani
- Maqaa qacartoota keessani guddisu.
- Ogummaa hojjeettotaa jabeessu.
- Dhaabbataaf dandeetti haaraa gumaachu.

Leenjitootaa turtii shaakalaf:-

- Barumsa ti'oorii baratan hojiirra akka oolchan isaan gargaraa.
- Miira naannoo hojii jiruu baru.
- Offitti amanamummaa olkaasa.
- Neetwoorkingii uuma
- Kaka'umsa olkaasa.
- CV keessan fooyyeessa.
- Hojii kallattidhaan argachuu.
- Xalayaa deggarsaa argachuu.

Imaammata/Tarsiimoo turtii shaakalaa qoopheessu irratti wantootni armaan gadii ilaalcha keessa galuu qabu:

1. Kaayyoo sagantaa turtii shaakalaa.
2. Ulaagaa ittin Leenjitoonni filataman.
3. Turtii sagantaa shaakalichaa.
4. Adeemsa galmee
   - Madaalli fi adda baasuu
   - Gaaffii seeraa ykn sirnaa
   - Beeksiisa maxxansuu
   - Iyyannoo fi filannaa
   - Madaalli kanneen akka barreefamaa,af-gaaffi ,amala nama dhunfaa ilaaluun
5. Filannoo fi ramaddii
6. Ibsa duraa(orientation),indukshiniifi lenjii
7. Faayidaa kannen akka qarshii, warqaa beekamtii ,tajaajila kuufama wal qunnamtii
8. Itti gaafatamummaa kanneen akka Humna namaa, to'ataa jeenjistootaa, hojjettota hunda
9. Hooggansa raawwi hojii
10. Haala ramaddi
11. Naamusa badaa fi xumura sagantaa turtii shaakalaa

Meeshaalee barbaachisan:-kompiiteera, Gabatee garagaltuu,Maarkeera, sticky nootti

Adeemsa

- Gaaffilee jajjaboo ta'an hirmaattota gaafachuu akka isaan muxxannoo turtii shaakalaa dhaabbata isaani kessaafi alatti qaban ibsaniif.

1. Dhaabbannii keessan imaammata turtii shaakalaa qabaa?
2. Eyye yo ta'e, akkamitti hoojirra oolchitu?
3. Gahe leenjitoonni dhaabbata keessatti qaban akkamitti ilaaltu?
4. Akkamitti sagantaan turtii shaakalaa dhaabbattas leenjitootas fayyadu danda'a?
5. Rakkooleen leenjitoota dhaabbata keessan waliin wal simsiisu irratti isiin mudatee maal fa'ii.
   - Ibsa Islaayidii paaworpooyintii akkaataa qoophii imaammata turtii shaakalaa irrattii
   - Qorannoo keezii fi callaqqisiisu

Qoorannoo keezii:- Itoophiyan dhaabbata addunyaa irrattii dandeetti dhokataa dargaggootaa,shamarraniifii dubbartootaa baasuu fi guuddisuu irratti karaa carraa isaan ittiin ogummaa isaanii guddisuu danda'an kanneen akka daldala,jireenya ,hoggansa, teekinoolojii kennu irratti hojjechaa jirtu dha.Dhaabileen kun muxannoo dhaabbata biraa irraa adda isaan godhu tokko qabu.sagantaa turtii shaakalaa waggaa waggaan raawwatamu barttoota univeersitii/koollejjii 30 ol fudhatee ramadu dhaabbata isaani keessaa qabu. Barattonni ramadaman dhaabbaticha keessatti waggaa tokkof leenjii miseensa haawaasaaf kennamu i qoopheessu irratti gahe mataa isaani gumaachu.Gahee isaan gumaacha keessaa leenjii indaakshinii fi familarizationi ji'a tokko,leenjii walakkeessa ji'a hundaa irratti, walitti dhufeenya dargaggootaafi dhabbatta biroo biyya keessaf alaa wajjiin uumuu,kilaboota baruumsaa kanneen akka kilabii M fi E , kilabii koorniyaa, deeggarsa qarshii ji'a ji'aan fi boonasii dhuma waggaa irratti.

Harka biraan immoo,dhaabbatichi karaa dargaggoonnii ittiin dijitaalayzeeshinii kanneen akka meeshaalee barumsaa biloogii gochuu fi walqunnamtii namoota biroo wajiin karaa marsaritii hawaasummaa akka uumaniif carraa uumaa jira.

Kanarraa kan ka'e dhaabbatichi leenjitoota ebbifamoo tahan 3000 ol ramadu dand'era akkasumas dhaabbilee dargaggootaan durfaman waliin shiirka hangafaa tahu danda'eera.

Callaqqisiisuu;

1. Qoranno keezii irraa maal barattan?
2. Dhaabbata keessan dhaabbata caqasame wajjiin karaa leenjitoota fudhachuun qabeenya dhaabatichaa gochu irratti akkamiin wal bira qabdu?
3. Yeroo dhufutti sagantaa turtii shaakalaa dhabbatta keessan irrattii maal yaaddan?

Tooftaalee leenjii

- Marii karooraanifi calaqqisisuu
- Guddina Imaammata turtii shaakalaa garee giddu galeessa godhate
- Ibsa turtii shaakalaa irratti

Ergaa ijoo

- Barabaachusummaa imaammata turtii shaakalaa koorniyaa dabalatee, sagantaa dhaabbata duubartootaan duurfaman jabeessu hubbachuu.
- Immaammanni turtii shaakalaa akka guuddina dhaabbatichaa fi adeemsa wal harkaa fuudhinsaa akka fooyyessu baru
- Muuxannoo adda addaa dandeetti dhaabbatichaa guuddisuu danda'u fiida
- Dhaabbatichi bakkewwan baay'ee gatii xiqqootiin yeroo gabaabaa kessaatti gahu danda'a
- Humna namaa dorgomaa ta'e karaa sagantaa turtii shaakalaa umuu danda'a
- Walqixxummaan koorniyaa karaa sagantaa turtii shaakalaa dhufuu danda'a

Yaadni dhaabbilee dubartootaa shiirka ta'an kanneen waltajjii Moojulii hooggansa dubartootaa irrattii ibsa qophaa'ee irratti hirmaatan irraa ni fuudhatama

Waltajjiin orrenteeshinii kun guyyaa lamaaf gaggeffama ture,dhiimmoota Moojulii keessatti ka'an irratti dhaabbilee shiirkaa idiil-addunyaa duubartootaan duurfaman waliin mari'achuuf yaalameera .Kaayyoon waltajjichaa inni guddaan mata dureewwan ijoo ta'an moojulicha jalatti dhiyeessu fi yaada galtee ta'u

danda'an tokko tokko akkaataa ilaalcha isaanii irraa fuulduratti itti fayyadama maanuwaalii kanaaf fudhachuu ture.

Yaadoleen fuudhataman baay'een Moojulii rimee jalatti hammatamaniiru.dabalataan qaphxileen marii tokko tokko kanaa gaditti jiru:

A. Tooftaan hooggansa dargaggootaa bu'aa qabeessi maal ta'u danda'a

- Gorsaa fi leenjii
- Dandeettii ijaaruu kanneen akka: dandeettiwwan adda addaa,hooggansa ,beekumsa teekinikaa
- Itti gaafatamummaa fi carraa keennu:angoo waliif qooduu,murtee kennu .
- Muxannoo waliif qoduu dhaloota gidduutti
- Haalota umuu fi cimsuu
- Waldoota ciccimmoo sadarkaa addunyaati uumuu
- Giddu gala oomishaa heeddu qabaachuu
- Carraa turtii shaakalaa
- Deeggarsa ICT

B. Muuxannoon goorsaa fi leenjii dhaabileen, hooggantoota duubartoota dargaggoof kennan maal fakkaata?

Dhaabbileen baay'een waltajji gorsaa fi leenjii hooggantoota dargaggoo dubartootaaf kennamu hin qaban. waltajji kana qoopheessuuf hanqiina qabu

- Hanqiina feedhii leenjiistotaa fi leenjitoota giddu jira
- Hanqiina dandeettii
- Adeemsa gorsaa irratti beekumsa dhabu
- Haanqiina haaloota mijatoo
- Rakkoolee qajeelfama gorsaa qabaachuu
- Hanqiina karoora hojii qoheessu
- Dhiimmoota ijaarsa amanamummaa
- Hanqiina kaka'umsaa
- Jabiinaa fi daddhabiina hooggantoota dargaggoo duubartootaa adda baasuu
- Hanqqina feedhii qabaachuu

C. Fooyya'insa

i. Dhaabbata irraa kan eegamu

- Piroojeektii dargaggoota irratti xiyyeeffatan
- Hoggantoota dargaggoo duubartootaf carraa kennu
- Tookkummaa irratti xiyyeeffachuu
- Waldhabbii karaa aaadaatiin hiikuu kanneen akka siinqee irraatti hoggantoonni dubartootaa darggagoon akka bobba'an gochu.
- Sagantaa dargaggoonni irratti muuxannoo waliif qoodan qopheessu
- Yeroo gorsaa gaggeessu
- Karoora hojii gorsaa fi leenjii qopheessu
- Sirna fooyya'insa raawwi hojii hooggantoota dubartootaa dargaggoof uumuu
- Sirna hordoffi fi madaalli qindaa'aa ta'e qopheessu
- Gorsa ibsa hojii jalatti galchuu fi aadaa dhabbatichaa gochuu
- Haalota siimatoo ta'an dubartoota dargaggoof qopheessu

ii. Hooggantoota dubartoota dargaggoo irraa kan eegamu

- Feedha
- Muxanno nama muxannoo qaburraa fuudhachuuf feedha qabaachu
- Dhaabbatichaaf amanamoo ta'u
- Tajaajiluuf kan oonnate
- Ogummaa aragachuuf qophee kan ta'e
- Kaka'umsa, itti gaafatamummaa qabaachuu qabu
- Mul'ata qabaachu qabu

Karoora Hojii

lakk.	Mata duree	Eenyuuf mata dureen beeksisfama	Bakka/iddo	Baajata	Nama itti gaafatamummaa qabu	Yeroo/yoom	yaada
1	ICT						
1.1	Leenjii ogummaa ICT Hojjettota dhimmamoo ta'an hundaaf	Hojjettoota haaraa fi kan biroo hubannoo hin qabneef	Leenjii hojii irraa,giddu gala leenjii fi bakka hojii	Baajeta ICT dhaabbatichaa irratti kan hundaa'e	Hojjettoota buleyyii fi hoggantotaaf	Karoora humna namaa kurmaanaan hundaa'ee	
2	HR & OD						
2.1	Leenjii feedhii irratti hundaa'ee hojjettotaaf	Hojjettoota hundaa, hoggantotaaf miseensa boordii	Giddu gala leenjii, warkishoppi wajjira kessaa fi alatti	Sagantaa Baajeta humnessaa dhaabbatichaa irratti kan hundaa'ee	Hojjettoota buleyyii fi hoggantotaaf	Feedhii leenjichaa irratti kan hundaa'ee	
2.2	Gorsaa fi leenjii hoggantoota dubartootaa dargaggoof dhaabbata keessatti	hoggantoota dubartootaa dargaggoo	Qaamaan argamuu fi qaamaan osoo hin argamin(virtual),hojii irraa fi hojiin ala	Sagantaa ramaddi baajetaa hojjettotaa humnessu irratti kan hundaa'ee	CEOs,Humna namaa, hogganaa/ supparvaayizara	Waggaa gutuu	
3	Sagantaa/Buulchiinsa piroojektii						
3.1	Mul'ata, eergamamala Karoora tarsiimo guddisu	Hojjettota haaraa, shiirka qaamoleemotummaa, fayyadamtoota, miseensa, miseensa boordii haraa	Waajjiraa isaanitti, weebsaayitii,marsaritii haawaasummaa,bakka warkishoppiifi walgahii	Baajeta beeksisaa fi abukaatummaa irratti kan hundaa'ee	Hojjettoota buleyyii fi hoggantotaaf	Hojjettota haaraa, shiirka arjomaa walgahii/ walgahi boordii waggaa waggaan,walgahii miseensaa,walgahi fayyadamtootaa,yeroo shiirkumaa uumuu	
3.2	Sagantaa/pirojektii bulchiinsa balaa,madaalli fi tarsiimo salphisuu	Hojjettota, CEO, Hoggantoota.	wajjira , hoteelal warkishoppi fi leenjii	Baajeta dandeettii dhaabbatichaa ijaaruu irratti kan hundaa'ee	Leenjitoota kessaa fi alaa	Jalqabbii waggaa baajataa irraatti , yeroo barbaadame	
3.3	Hammachisoofi sagantaa dargaggotaaf mijatoo ta'an dhaabbaticha keessatti	Hojjettota, CEO, Hoggantoota. Qooda fudhattota, fayyadamtoota	Bakka leenjii adda addaa jaarmiyaa addunyaatiin qindaa'ee walgahii wajjiraa, mar ii,miseens boordii, walgahii	Rammaddi baajataa pirojektii hundaaf	Goorsitoota, ogeessota dhabbata qaama midhamtootaa irraa & dhaabilee dargaggotaa	alqabbii waggaa baajataa irraatti ,yeroo barbaadame	
4	Baajeta/Bulchiinsa Faayinaansi						
4.1	warkishoppi/akkaata buulchiinsa itti fayyadama baajataa irratti muxannoo waliif qoodu	Sagantaa/hoojjettota piroojektii,kutaa faayinaansii	Qaamaan argamuunifi otoo hin argamiin	Baajeta kutaa faayinaansii fi kutaa sagantaaf	Baajataa waljijjiruuDhaabbata biroo wajjiin waljijjiruu	Kurmaanaan,karoora baajataa dhaabbatichaarratti hudaa'uun	
4.2	Mala bu'aa gabaasa oodiitii fudhachuu fi akka galteetti fudhachuun sagantaa/piroojeektii ittiaanuuf akka galteetti fayyadamuu	Hojjettoota sagantaa/ piroojektii,kutaa faayinaansii	Qaamaan argamuunifi otoo hin argamii	Baajataa karaa ooditii/madda biroo irraa	Walgahii/marii	Waggaattii si'a tokko	

Tarree Sakatta’insaa

Lakk.	Gaaffii	Cimsee walii gala	waliigalaa	Xinnessen waligala	Cimsee nan morma	Nan morma	Yaada	Tarkaanfii fudhatame
1	ICT							
1.1	Sirni dhaabbata ICT sirridha							
1.2	Hojjettonni hundii beekumsa ICT bu’uraa wabu				*			
1.3	Itti fayyadama ICT dhabbatichaa yeroo yeroon dabala(gabaasa otoomaatikii walgahii varvhuwalii, Bulchiinsa daataabeeziifi.k.k.f)							
1.4	Dhaabbatii keessan eergama isaa teekinolojii fayyadamuun ummataaf beeksisa(Biloogii, weebsaayitii qoophessu, Marsariitii haawasumaaakkasumas midiyaa)							
2	Humna namaa fi OD							
2.1	Sirni buulchiinsa hojjettotaa dhaabbatichaa ga’umsa hojjettotaaf gaariidha (Maanuwaalii humna namaa)							
2.2	Adeemsi qacarri fi filannoo seera qabessaa fi banaadha							
2.3	Adeemsi kanfaltii seera qabeessa dha							
2.4	Leenjii feedhii irratti hundaa’ee hojjettotaaf					*		
2.5	Ga’umsii hojjettotaa qubsaa dha							
2.6	Walgahii/Yeroo duubdeebii/yeroo dhageetti yoo xinnaate si’a tokko							
2.7	Yeroo bashannanaa hojjettotaa jira							
2.8	Yeroo wal baru hojjettota haaraaf jira							
2.9	Hoojjetaan duubatti deebi’u hinjiruu/xinno dha							
2.10	Yeroon gorsaa fi leenjii hoggantoota dargaggoo honnachiisuu jira				*			
2.11	Dhabbatichi tola ooltummaafi turti shaakalaaf banaadha							
3	Bulchiinsa piroojektii/sagantaa							
3.1	Sagantooleen jiran koorniyaa irratti hundaa’uu							
3.2	Piroojektoonni baajetaa fi yeroo karoorfameetiin hojiirra oolu							
3.4	Sagantaan/pirojeektiin dhaabbatichaa hirmaachisoo fi hammatoo akkasumas dargaggootaaf mijatoo dha				*			
3.5	Adeemsi neettorkingii/shirkummaa cimaa fi jijjiramaadha							
3.6	Gareen bulchiinsaa hirmaachisoo fi cimoodha							
3.7	Dhaabbatichi tarsiimo hundagaleessa yeroo dheeraa fi hammatoo ta’an qaba							
3.8	Mul’ata,eergamamala Karoora tarsiimo guddisu akkasumas qooda fudhattotaaf banaa kan ta’e					*		
3.9	Sirna walqunnamtii cimaa jira							
3.10	Madaallii balaa fi tarsiimoo salphistu seeraan katabame jira							
3.11	Hordoffi fi madaallin hirmaachisaa dhaabbata keessanitti dhiyaatu jira				*			
3.12	Sagantaan M FI E qaamolee sagantaa hunda waliin sadarkaa olaanaadhaan kan walsimedha							
4	Baajata/Buulchiinsa faayinannsii							
4.1	Baajatii pirojektii/sagantaa dhaabbata keessanii yeroo ammaa wanta akeekameef raawwachaa jira							
4.2	Sirni gali walitti qabu cimaan dhaabbata keessan kessa jira							
4.3	Maddi baajataa isponsaraa biyya kessaati							
4.4	Maddi baajataa piroojektii/sagantaa kan biroon itti fufinsaan jiru							
4.5	Rakkoon buulchiinsa baajataa jira				*			
4.6	Dhaabbatti keessan ga’umsa sirna faayinaansii foyyessuuf meeshaalee dijitaalaa ni fayyadama							
4.7	Raawwii wajiin gaafa ilaalamu karoora baajataa dadhabaatu jira							
4.8	Maanuwaalii bitaa sirritu jira							
4.9	Imaammata faayinaansi cimaatu jira							
4.10	Dhaabbatichii gabaasa ooditii ni raawwata bu’aa isa irraa argamuunis piroojektoota isaa foyyessuf itti fayyadama				*			

Wabiilee

Ayman, R. and K. Koranik, (2010).Leadership: Why gender and culture matter. *American*

Psychologist. 65(3), 157–170.

Callahan, C. and N. Grunberg.(2016) Military Medical Leadership.In Medical Practice.E.B. Schoomaker, & Smith, D.C., (Eds.).Fundamentals of Military.Washington, DC: Borden Institute.

World Health Organization. Gender, women and health: What do we mean by “sex” and“gender”? (2016) [cited 2016 August 6]; Available from:http://apps.who.int/gender/whatisgender/en/.

Leenjii hoggansaa dubartoota dargaggootaa

Unka madaallii leenjii duraa Maqaa gutuu ----------Magaalaa irraa dhuftan----------

Bilb---------- Imeelii----------

Pilaan Itoophiyan deebii dabalataa,qorannoo gaggeessuf ykn odeeffannoowwan faayidaa qabu jedhe amanu erguuf odeeffannoo kennitan itti fayyadamu danda'a

Yaadannoo: Iddo dandeetti/beekumsii hin jirretti qaphxii 1; bakka dandeetti/beekumsii olaanaan jiruttii qaphxii 5

Leenjii dura						Qabxilee tarreeffaman irratti sadarkaa beekumsaa fi dandeetti kessani
1	2	3	4	5	6	A/ waa'ee Hoggansaa(Leadership) hubannaa qabdu?
1	2	3	4	5	6	B/ Gosoota hoggansaa hammam beektu
1	2	3	4	5	6	C/ Hojii fi namoota hogganuuf dandeetti qabu?
1	2	3	4	5	6	D/ Hubannoo hoggansa hammataa irratti qabu
1	2	3	4	5	6	E/ hogganaa ta'uuf kaka'umsa ani qabu
1	2	3	4	5	6	F/ Akka shammarre dargaggettii tokkootti dhaabbata haala hoggansa uffateen tajaajilu irratti maal beekta?
1	2	3	4	5	6	G/ waa'ee mul'ataa(vision) maal beektu

Leenjii hoggansaa dubartoota dargaggootaa

Unka madaallii leenjii boodaa

Maqaa guutuu ----------Magaalaa irraa dhuftan----------

Bilb---------- Imeelii----------

Leenjii booda						Qabxilee tarreeffaman irratti sadarkaa beekumsaa fi dandeetti kessani
1	2	3	4	5	6	A/ waa'ee Hoggansaa(Leadership) hubannaa argadheera
1	2	3	4	5	6	B/ Gosoota hoggansaa adda baasera
1	2	3	4	5	6	C/ Hojii fi namoota hogganuuf dandeetti qabu guddiseera
1	2	3	4	5	6	D/ Hubannoo hoggansa hammataa irratti hubanna caalu qaba
1	2	3	4	5	6	E/ hogganaa ta'uuf kaka'umsa fi dandeetti argadheera
1	2	3	4	5	6	F/ Akka shammarre dargaggettii tokkootti dhaabbata haala hoggansa uffateen tajaajilu irratti hubannaa argadheera
1	2	3	4	5	6	G/ waa'ee mul'ataa(vision) maal akka ta'e hubadheera

Yaadannoo: Iddo dandeetti/beekumsii hin jirretti qaphxii 1; bakka dandeetti/beekumsii olaanaan jiruttii qaphxii 5

Leenjii keenya akka fooyyessinuf yaada kamiyyuu qabdaa?

Leenjii kana booda maal jijjiruuf ykn hojjechuuf yaaddanittu

Baay'ee Galatoomaa

Pilaanii Intarnaashinaal-Itoophiya

Piroojektii sagalee dubartootaa hoggansa irratti

Unka gaaffii marsaa lammaffaa leenjii duraa

Bakka irraa dhuftan: Naannoo_____Goodina _____Aanaa/magaalaa_____

1. Umurii
2. Sadarkaa barnootaa: barnoota sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaal Barataa/ttu yuunivarsitii/kollejjii, yuunivarsitii/kollejjii irraa kan ebbifame/te
3. Mata dureewwan armaan gadiitti tarrefaman kessaa is kam irratti hirmaattetta;

Gosa Leenjii	Mallatto(√)Kaa'i
Leenjii Hoggansaa	
Dndeetti jireenyaa	
Leenji sirna Koorniyaa	
Leenjii Hojii Umuu	
Leenjii Xinsammuu	
Kan biroon yoo jiraate	

4.Leenjii hoogansaa,dandeetti jireenyaa fi leenjii xinsammu madaaluf gaaffiwwan taa'an

Madaalli armaan gadiitti tarreffaman keessaa beekumsaa fi dandeetti qabdan	1, Baay'ee gad aanaa 2.Gad aanaa 3.Giddu galeessa 4.Olaanaa 5. Baay'ee olaanaa 6. Hin beeku					
1. Yaadota kalaqaa qaba						
2. Dandeettii mala tarsiimawaa qopheessuu nan qaba	1	2	3	4	5	6
3. Dandeettii murtii kennuu nan qaba	1	2	3	4	5	6
4. Rakkoo hiikuuf malootaa fi haalota jiran nan ilaala	1	2	3	4	5	6
5. Bal'isee yaaduu nan danda'a	1	2	3	4	5	6
6. Amantii, aadaa, amalaa fi duudhaa walii hubachuun akka barbaachisu cimseen hubachiisa	1	2	3	4	5	6
7. Namoonni amala, duudhaa fi amantii gara garaa akka qaban nan amana.	1	2	3	4	5	6
8. Waldhabdee haala gaarii fi mala fooyya'aa dhiheessuun nan hiika.						
9. Gareen yeroon hojjedhu hunda hirmaachisuu fi yaadni hundaa haammatamuu nan mirkaneessa	1	2	3	4	5	6

Baay'ee Galatoomaa

Pilaanii Intarnaashinaal-Itoophiya

Piroojektii sagalee dubartootaa hoggansa irratti

Unka gaaffii marsaa lammaffaa leenjii Boodaa

Bakka irraa dhuftan: Naannoo_____Goodina _____Aanaa/magaalaa_____

1. Leenjii hoogansaa,dandeetti jireenyaa fi leenjii xinsammu madaaluf gaaffiwwan ta'an

Madaalli armaan gadiitti tarreffaman keessaa beekumsaa fi dandeetti qabdan	1, Baay'ee gad aanaa 2.Gad aanaa 3.Giddu galeessa 4.Olaanaa 5. Baay'ee olaanaa 6. Hin beeku					
1. Yaadota kalaqaa qaba	1	2	3	4	5	6
2. Dandeettii mala tarsiimawaa qopheessuu nan qaba	1	2	3	4	5	6
3. Dandeettii murtii kennuu nan qaba	1	2	3	4	5	6
4. Rakkoo hiikuuf malootaa fi haalota jiran nan ilaala	1	2	3	4	5	6
5. Bal'isee yaaduu nan danda'a	1	2	3	4	5	6
6. Amantii, aadaa, amalaa fi duudhaa walii hubachuun akka barbaachisu cimseen hubachiisa	1	2	3	4	5	6
7. Namoonni amala, duudhaa fi amantii gara garaa akka qaban nan amana.	1	2	3	4	5	6
8. Waldhabdee haala gaarii fi mala fooyya'aa dhiheessuun nan hiika.	1	2	3	4	5	6
9. Gareen yeroon hojjedhu hunda hirmaachisuu fi yaadni hundaa haammatamuu nan mirkaneessa	1	2	3	4	5	6

2 Akka hubannaa keetti dargaggeettiin tokko rakkoo furuuf kallattii adda addaa ilaaluun eenyuuf fayyada; _____

_____

3 Dubartiin tokko nama mul'ataa ta'uun ishee maaliif barbaachisa_____

_____

4 Dargaggoota dubaraatiif yaadaan guddachuu fi jijjiiramuun maaliif fayyada_____

_____

5 Yaadota, ilaalcha sammuu fi gareen hojjechuu har'a waliin ilaalle irraa maal argatte?_____

_____

_____

Baay’ee Galatoomaa

Pilaan Intarnaashinaal-Itoophiyaa

Piroojektii sagalee dubartootaa hoggansa irratti

Unka madaalli leenjii hooggansaa dubartotaaf

Bakka irraa dhuftan: Naannoo----------aanaa/magaalaa---------- umurii--------

Sadarkaa barnootaa: barnoota sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaal Barattu yuunivarsitii/kollejjii, yuunivarsitii/kollejjii irraa kan ebbifame/te

1. Madaalli gama gorsa, leenjii, neettorkingii , itti fayyadama teekinolojii fi bulchiinsa jijjiramaa sadarkaa hoggansa dargaggootaa baruuf seensa duraafi booda

Gaaffilee Leenjii Duraa

Maqaa gutuu ----------Magaalaa irraa dhuftan----------

Leenjii dura						Tarree Gaaffilee
Baay’ee gadi bu’aa	Gadii bu’aa	giddu galeessa	Baay’ee olaanaa	olaanaa	Hin beeku	
1	2	3	4	5	6	A/ waa’ee yaada rimee gorsaa fi leenji maal beekta
1	2	3	4	5	6	B/ sadarkaan nettorkingii ke ammaa maal fakkaata
1	2	3	4	5	6	C/ sadarkaan hirmaannaa fi itti fayyadamni teeknolojii kee mala hoggansa kee guddisuuf akkami
1	2	3	4	5	6	D/ Adeemsi guyyaaa guyyaa jijjirama jireenya dhunfaa fi hawaasummaa ke bulchuu irratti maal fakkaata
1	2	3	4	5	6	E/ Umamni jijjirama adda addaa hammami

Gaaffilee Leenjii Bodaa

Maqaa gutuu ----------Magaalaa irraa dhuftan----------

Leenjii booda						Tarree Gaaffilee
Baay'ee gadi bu'aa	Gadii bu'aa	Giddu galeessa	Baay'ee olaanaa	olaanaa	Hin beeku	
1	2	3	4	5	6	A/ Yaadni keessan leenjii hoogganttoota dargaggootaa irratti hammam jijjirameera
1	2	3	4	5	6	B/ Guddina hoggansa keessaniiff neetworkingi kessan foyyessuf hammam qophiidha
1	2	3	4	5	6	C/ Guddina hoggansa keessaniif meeshaale teeknoolojii fayyadamuuf hammam qophii dha
1	2	3	4	5	6	D/Jijjirama guyyaa guyyaan jireenya dhunfaa fi hawaasummaa mudattu irratti barnoonni walgahi kanarraa argaman
1	2	3	4	5	6	E/Hubbannoo Koorniyaa, Hooggansaa fi walta'insa irratti

F. Guddinahoggansa keessaniif akkaataa gorsaa fi leenjii irratti wanta barattan irraa haala kamiin hojiirra oolchuuf yaadan?

G. **J**ireenya dhunfaa, hawaasummaa akkasumas guddina hoggansaaf nettorkingii kessan fooyyessuf maal hojjettu?

H. Haala gilobaalaayzeeshinii irraa humna hoggansa keessan foyyeessuuf meeshaalee teeknooloojii fayyadamu fi hojirra oolchuuf maal hojjettu?

I. Akkaa hooggansa dargaggoo tokkotti jijjirama jireenyaa guyyaa guyyaa addatti haala qabatamaa dubartotaaf hoggansa irratti bulchuuf maal karoorsita?

PILAAN INTARNAASHINAAL

Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaaan dhaabbata mirga shamarranii ti. Kaayyoon keenyas jireenya shamarran miliyoona 100 gutummaa adunyaatti argaman jijjiiruun kanaanis nageenyii isaanii kan eegame, kan baratan fi dinagdeen anga'an gochuun addunyaa caalmaatit wal qixummaan keessatti mirkanaa'ee uumuu dha. Kanaafis danqaawwan shamarran fi dubartootni dargaggeeyyiin dandeetti isaanii gutummaatti akka hin fayyadamne taasisan qulqulleessaa jirra.

Bara 1995 A.L.A irraa eegalee Pilaan Intarnaashinaal shamarran, dubartootni dargaggeeyyi, fi michootni isaanii mirga fi egeree isaaniif akka dhaadheessan gargaaruuf Itiyoophiyaa keessatti hojjechaa turera. Dhimmootni dhaabbatichi dursa keennuufis loogii shamarran irratti raawwatamuf sababoota hundee ta'an akka furamaniif daa'imman fi dargaggoota deggeruu, fi sadarkaa bulchiinsa gad aanaa irraa hanga biyyaattis jijjiirama imaammataa fi hojmaata adeemsisuu dha. Hojiin pirograamoota keenyaas, danqaawwanii fi hariroo angoo wal qixa hin taanee kan saxilamummaa dargaggootaaf sababa hundee ta'an kan furani dha. Hojii keenyaafis maloota adda aaddaa fayyadamna. Kunneenis, hirmaannaa hawwaasaa; dhiiroota dargaggeeyyi fi ijoollee wajjin hojjechuu; gahee hirmaannaa dargaggootaa guddisuu; dandeettii qooda fudhattootaa ijaaruu; akkasumas sadarkaa dhaabbileetti jijjiirama imaammataa dhaadheessuu dha.

Pilaan Intarnaashinaaliin Itiyoophiyaa keessatti hojii bal'aa kan qabu yoo ta'u, naannoowwan Oromiyaa, Amaaraa, Kibba Itiyoophiyaa, Gaambeellaa, Beenishaangul Gumuz, Affaar, fi Magaalaa Finfinnee dabalatee naannolee 11 keessatti hojjeta. Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaan Rakkoo Kaaba Itiyoophiyaatti mudateef deebii kennuuf waajjira isaa Tigraayitti hundeessees hojetaa jira.

Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaa
Teessoon Waajjira Muummee
Kutaa Bulchiinsa Magaalaa Qiirqoos; Kompleksii
Ziquwaalaa dudduuba Riil Isteetii Adaamaa irra
L.S.P 5696 Finfinnee, Itiyoophiyaa
L.B. 251-115571916

/planinternationalethiopia
/planethiopia
@planethiopia